BARNOOTA LAMMUMMAA KITAABA BARATAA



KUTAA 7FFAA

BIIROO BARNOOTA BULCHIINSA MAGAALAA FINFINNEE

BARNOOTA LAMMUMMAA
KITAABA BARATAA
KUTAA 7FFAA

Qindeessummaa Ministeera Barnootaa Federaalaa Itoophiyaatiin kan Qophaa'e Madaqsuun Gara Afaan Oromootti Kan Hiikan:

Eebbisaa Nugusee (MA)
Habtaamuu Tafarraa (BA)
Baqqalaa Iddattoo (MA)
Bulii Taammiruu (MA)
Faqqadaa Waaqjiraa (MA)
Jabboo Hassuu (MA)

Gulaalaan:

Birhaanuu Kabbabaw Baayyee (MA)

Madaalaa:

Mallasaa Zallaqaa Fufaa (MA)

Saxaxa: Kolleejjii Pooliiteekinikaa Inxooxxoo

Bara 2014/2022
Finfinnee, Itoophiyaa

OF-EEGGANNOO KITAABA KANAAF TAASIFAMUU QABU

☞ Kitaaba kana haala gaariin qabuu qabda.
☞ Kitaabni kun qabeenya mana barumsa keeti.
☞ Kana gochuuf qabxiilee armaan gaditti tarreeffaman qalbeeffadhu.

1. Kitaaba kana wantoota akka pilaastikii, gaazexaafi k.k.f uwwisuu qabda.
2. Yeroo hunda kitaaba kana bakka gogaa kaa'uu qabda.
3. Kitaaba kanattii yeroo fayyadamtu harki kee qulqulluu ta'uu qaba.
4. Qola kitaaba kanaafi fuula isaa irratti barreessuun dhorkaadha.
5. Kitaaba kana mallattoo itti godhachuu yoo barbaadde waraqaa xiqqoo yookaan kaardii fayyadami.
6. Fakkii fuula kitaaba kana irra jiru kutuun yookiin irratti barreessuun dhorkaadha.
7. Kitaabni kun akka tasaa yoo tarsa'e battalumatti hapheedhaan qabsiisuu qabda.
8. Kitaaba kana erga fayyadamteen booda haala gaariin bakka mijataa kaa'uu qabda.
9. Kitaaba haaraa kana yeroo jalqabaaf yeroo fayyadamtu fuula jalqabaa suuta saaquu qabda.
10. Erga saaqxeen booda akka hin cinnetti suuta jedhii dugda isaa gadi qabi.

© Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee, 2014/2022

Kitaabni kun qindeessummaa Ministeera Barnootaa Federaalawaa Itoophiyaan kan qophaa'e yoo ta'u, Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin bara 2014/2022 madaqfamee gara Afaan Oromootti hiikame. Mirgi maxxansaa guutumaan guutuutti seeraan eegamaadha. Guutuu ykn qaama maxxansa kanaa haalaafi bifa kamiiniyyuu, jechuun eletirooniksiidhaan, footokoppiidhaafi waraabuun eeyyama dhaabbata maxxansiisee malee haala biroon dabarsuun dhorkaadha.

BAAFATA

Qabiyyee Fuula

SEENSA WALIIGALAA.....VI
BOQONNAA 1.....1
LAMMUMMAA.....1
1.1 Lammummaa.....2
1.1.1 Maalummaa Lammummaa.....2
1.1.2 Amaloota Lammummaa Gaarii.....5
1.1.3 Barbaachisummaa Lammummaa Gaarii.....12
1.2 Karaalee Lammummaan Ittiin Argamuufi Mulqamu.....15
1.3 Seerota Lammummaa Itoophiyaa.....20
Gudunfaa.....24
Hiika Jechootaa.....25
Gaaffilee Keessa Deebii.....26
BOQONNAA 2.....28
BIYYAAFI MOOTUMMAA.....28
2.1 Yaad-rimee Biyyaa.....29
2.2 Qabiyyeewwan Biyyaa.....31
2.3 Dalagaalee Mootummaa.....36
2.4 Akaakuuwwan Mootummaa.....41
2.5 Garaagarummaa Biyyaafi Mootummaa Gidduu Jiru.....43
Gudunfaa Boqonnaa.....46
Hiika Jechootaa.....47
Gaaffilee Keessa Deebii Boqonnaa.....48
BOQONNAA 3.....50
DIMOKIRAASII.....50
3.1 Hiika Dimokiraasii.....51
3.2 Madda Dimokiraasii.....53
3.2.1 Dimokiraasii Ateensi.....53
3.3 Akaakuuwwan Dimokiraasii.....56
3.3.1 Dimokiraasii Walabaa.....56
3.3.2 Dimokiraasii Hawaasaa.....57

3.4 Karaalee Hojiirra Oolmaa Dimokiraasii.....57
3.4.1 Dimokiraasii Kallattii.....58
3.4.2 Dimokiraasii Al-kallattii(Bakka Bu'iinsaa).....59
3.5 Dimokiraasii Adeemsaafi Seeraa 61
3.6 Sonaawwan Dimokiraasii Xabboo 62
Gudunfaa Boqonnichaa.....65
HiikaJechootaa.....66
Gaaffilee Keessa Deebii.....67
BOQONNAA 4.....69
OLAANTUMMAASEERAA.....69
4.1. Yaad-rimee Olaantummaa seeraa.....70
4.1.1 Maddoota seeraa.....75
4.2 Barbaachisummaa Olaantummaa Seeraa 79
4.3 Ibsitoota Kabajamuu Seeraa.....83
4.4 Olaantummaa Seeraafi Olaantummaa Hooggantootaa.....85
4.5 Wantoota Cabuu Olaantummaa Seeraatiif Sababa Ta'an.....86
Gudunfaa Boqonnichaa.....89
Hiikajechootaa.....90
Gaaffilee Gilgaala Boqonnaa.....91
BOQONNAA 5.....93
MIRGOOTA NAMUMMAA 93
5.1 Yaad-rimee Mirgoota Mamummaa.....94
5.2 Amaloota Mirgoota Namummaa 96
5.3 Barbaachisummaa kabajamuu Mirgoota Namummaa 98
5.4 Itti Gaafatamummaa Safeeffannaan Mirgoota Namummaa Irratti Qabu.....101
5.5 Tooftaaleefi Jaarmiyaalee Mirgoota Namummaa.....102
5.5.1 Tooftaalee Mirgoota Namummaa Kabachiisan.....102
5.5.2 Jaarmiyaalee Mirgoota Namummaa Itoophiyaa.....105
5.6 Gahee Mootummaan Mirgoota Namummaa Kabachiisuu Keessatti Qabu.....106
Gudunfaa.....108
Hiika Jechootaa.....109
Gaaffilee Keessa Deebii.....110

BOQONNAA 6.....112
DHIMMOOTA HAWAASUMMAA KEESSATTI HIRMAACHUU.....112
6.1. Hiika Hirmaannaa Hawaasaa.....113
6.2. Faayidaalee Tola ooltummaan Hirmaannaa Hawaasaa Keessatti Qabu.....120
6.3 Haalota Hirmaannaa Hawaasaa.....126
6.3.1 Dhimmoota Hawaasummaa.....127
6.3.2 Dhimmoota Siyaasaa.....128
6.3.3 Dhimmoota Dinagdee.....129
Gudunfaa Boqonnaa.....131
Hiika Jechootaa.....132
Gilgaala Xumura Boqonnaa.....133
BOQONNAA 7.....135
GADI FAGEENYAAN YAADUU.....135
7.1 Hiika Gadi Fageenyaan Yaaduu.....136
7.2 Barbaachiisummaa Gadi fageenyaan Yaaduu.....140
7.3 Dandeettiiwwan Gadi Fageenyaan yaaduu.....143
7.3.1 Xiinxaluu.....144
7.3.2 Gamtaan Hojjechuu.....146
7.3.3 Kalaqa.....149
7.3.4 Rakkoo Hiikuu.....151
Gudunfaa.....153
Hiika Jechootaa.....154
Gaaffilee Keessa Deebii.....155

SEENSA WALII GALAA

Waggoottan darban keessatti, mootummaan RDFI lammilee beekumsa, dandeettiifi ilaalchota lammummaa qaban oomishuudhaaf sadarkaalee barnootaa hundatti Barnoota Lammummaafi Amala Gaarii diriirsee turuun isaa ni yaadatama. Kunis, ilaalcha lammiileen imaammata mootummaa irratti qabaniifi akkaataa imaammata mootummaa irratti dhiibbaa uumuu danda'an irratti kan xiyyeeffatedha. Itoophiyaa keessatti BLAG'n hanqina isaa waliinuu, hubannoo lammiileen mirga isaanii irratti qaban dagaagsuuf baay'ee gumaacheera. Keessa deebii sirna barnootaa hedduun booda jijjiirama amalaafi ilaalchaa irratti xiyyeeffachuun sammuu barattoota keessa yaada bu'uuraa kaa'eera.

Dabalataanis, argannoon qorannoowwanii akka agarsiisutti hiriyummaan, qindoominniifi miirri waliin hojjechuu barattootaa akka laafaa dhufedha. Kanaafis, yeroo ammaa midiyaaleen miirri itti gaafatamummaa itti hin dhaga'amne dhaloota ol-adeemaa irratti dhiibbaa hamaa uumuu isaaniiti. Kanaafuu, yeroo ammaa barattoonni baay'een kallattiidhaan faallaa duudhaafi sonaawwanii dalagaa jiraachuun isaanii ifadha. Haaluma kanaan, argannoowwan qorannoofi hanqina hojirra oolmaa sirna barnoota lammummaafi amala gaarii irratti hundaa'uun BLAG irra deebiin ilaaluun dirqama ta'ee jira. Sirna barnootaa kana irra deebiin ilaaluun kan ka'e BLAG'n bakka lamatti qoodameera. Isaanis; Barnoota Safuufi Barnoota Lammummaati.

Barnoonni Safuu ga'uumsawwan jaarraa 21^{ffaa}fi bu'aawwan barachuu barattotaa irratti xiyyeeffata. Kanaafuu, Kutaa 1^{ffaa} hanga 6^{ffaa}tti, barattootni amaloota kana barachuutu irraa eegama. Gama birootiin, barnoonni lammummaa sadarkaa barnoota giddugaleessaafi sadarkaa 2^{ffaa} tti barattootni dammaqinaan dhimmoota hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee biyya isaanii keessatti akka hirmaachuu danda'an hubachiisuuf ni barsiifama.

BOQONNAA 1

LAMMUMMAA

Seensa

Akkuma beekamu barnoota kutaa gadii keessatti waa'ee barnoota safuufi sonaawwan lammii gaarii oomishuu danda'an barachuun kee ni yaadatama. Sadarkaa kanatti immoo hariiroo barnoota safuufi barnoota lammummaa ni hubatta. Sadarkaa barnootaa kana keessatti barnoonni lammummaa boqonnaan tokko; lammummaa, maalummaa lammummaa, amaloota lammummaa gaariifi barbaachisummaa lammummaa gaarii irratti xiyyeeffata. Akkasumas, boqonnaan kun karaalee lammummaan ittiin argamuufi mulqamuu danda'u ni qorata. Xumura irrattis, amaloota seerota lammummaa Itoophiyaa gadi fageenyaan ni mariisisa.

JECHOOTA IJOO

- Heera
- Itti Gaafatamummaa
- Jaalala Biyyaa
- Lammii
- Lammummaa
- Lammummaa gaarii
- Seerota Lammummaa
- Wal-danda'uu

Xumura Boqonnaa Kanaan Booda:

- Maalummaa lammummaa ni hubatta.
- Amaloota lammummaa adda ni baasta.
- Barbaachisummaa lammummaa ni ibsita.
- Karaalee lammummaan iitin argamuufi mulqamu ni beekta.
- Elementoota(caacculee) Seera lammummaa Itoophiyaa kanneen ijoo ta'an ni ibsita.

1.1 Lammummaa

Kutaa kana keessatti maalummaa lammummaa, amaloota lammummaa gaariifi barbaachisummaa lammummaa gaarii ni baratta. Haata'u malee, mata dureewwan kana osoo hin eegaliin dura beekumsa kee kutaalee darbanii irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii irratti ni mari'atta.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Jecha lammummaa jedhu irraa maal hubatta?
- ✓ Lammiifi lammummaa gidduu garaagarummaan jiraa?

1.1.1 Maalummaa Lammummaa

Xumura Barannoo Kanaan Booda:-

- Lammii jechuun maal jechuu akka ta'e ni ibsita.
- Mirgootaafi itti gaafatamummaa lammiilee ni mirkaneeffatta.
- Maalummaa lammiifi lammummaa adda ni baasta.

Waa'ee maalummaa lammummaa mari'achuun dura hiika jecha lammii jedhu beekuun murteessaadha. Lammii jechuun nama mirgootaafi itti gaafatamummaa seeraan kennameef qabudha. Lammiileedhaaf, mirgoonniifi faayidaawwan seeraan murtaa'aan biyya isaaniitiin ni kennamuuf.

Lammiileen seera biyya isaanii hordofuu (kabajuu)fi biyya isaanii diina irraa eeguun irraa eegama. Akka lammii Itoophiyaatti, mirga yaada ofii ibsachuu, mirga eegumsa seera argachuufi itti gaafatamummaa kanneen akka seera kabajuufi gibira kaffaluu ni qabaanna. Haaluma kanaan lammii jechuun nama mirga lammii jedhamee waamamuu qabudha.

Yaadadhu: Lammii jechuun nama seeraan mirga "lammii" jedhamee waamamu qabudha.

Gama biraatiin immoo lammummaa jechuun itti gaafatamummaafi miseensummaa guutuu biyya tokkoo qabaachuudha.

Haaluma kanaan miseensummaa jechuun hawaasa siyaasaa adeemsa lammiileen biyya isaanii keessatti dirqama ittin bahataniifi biyyi immoo dirqama eegumsa miseensotaaf ittiin taasiftu agarsiisa. Kanaafuu, lammummaan adeemsa eenyummaafi seerummaa kan of keessatti qabatuudha.



Fakkii 1.1 Nama Eegumsa Seeraa Qabu

Yaadadhu: Lammummaan adeemsa seerummaafi mirga eenyummaati.

Caayaa Qo'achuu:

Ganda xiqqoo tokko keessa ijoollee lamatu turan. Ijoolleen kun maatii isaanii dalagaawwan adda addaan kan gargaaraniifi jaalala maatiifi hawaasaa kan qabaniidha. Barsiisonni akkuma ganda kana gahaniin yeroon isaa yeroo barattootni gara mana baruumsaa deemuu qaban akka ta'e mirkaneeffatan. Haaluma kanaan, barsiisonni kun gara maatii ijoollee kanaatti dhiyaachuun bara barnootaa itti aanutti ijoollee isaanii gara mana baruumsaatti akka erganiif gaafatan. Maatiin ijoollee kanaas yaada barsiisota erga haalaan dhaggeeffataniin booda yaada barsiisonni dhiyeessan irratti akka walii hin galleefi ijoollee isaanii mana baruumsaatti erguu akka hin feene ibsaniif. Sababni maatiin kun dhiyeessanis daa'imman kana mana baruumsaatti erguu irra jireenya isaanii guyyaa guyyaa kessatti deeggarsa ijoollee kana akka filataniidha.



Fakkii1.2 Marii Maatiifi Barsiisotaa

Qo'annaa caayaa armaan olii irratti hundaa'uun garee barattoota shan of keessaa qabuun gaaffilee armaan gadii irratti mari'adhaa.

- Xumurri seenessa armaan olii maal ta'a jettee yaadda?
- Sababni maatiin ijoollee isaanii mana barumsaatti erguu dhiisuuf dhiyeessan hagam amansiisaadha?
- Mirgi barachuu daa'immanii fedha maatii isaa yookiin ishee qofa irratti hundaa'a jettee yaaddaa?
- Akka yaada keetti mirgiifi dirqamni daa'immanii maal fa'a?

1.1.2 Amaloota Lammummaa Gaarii

Xumura Barannoo Kanaan Booda:

- Amaloota lammummaa gaarii ni tarreessita.
- Amaloota addaa lammummaa gaarii ni ibsita.
- Amaloota lammummaa gaarii adda ni baasta.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Lammii gaarii jechuun haala sirrii ta'een maal agarsiisa? Hiriyoota kee waliin mari'adhu, yaada kee barruulee kee irratti barreessuun daree barnootaa keessatti dhiyeessi.
- ✓ Naannoo jiraattutti namoota lammii gaariidha jettee yaaddu sadii amala isaanii waliin tarreessi.

Yaad-rimee lammummaa keessatti namni kamiyyuu lammii badaa yookiin lammii gaarii ta'ee dhalatu hin jiru. Amalootni lammummaa gaarii maatiidhaan, hawaasaan, hiriyaafi barsiisotaan ni barsiifama.

Lammii gaariin amaloota armaan gadii qabaata. Isaanis;

- ❖ Namoota biroo kabajuu
- ❖ Kanneen biroo gargaaruu
- ❖ Yaada namoota biroo dhaggeeffachuu
- ❖ Namoota of gargaaruu hin dandeenye gargaaruu
- ❖ Miseensota hawaasaa waliin jiraachuu
- ❖ Wanta haaraa barachuudhaaf eeyyamamaa ta'uufi
- ❖ Mirgaafi dirqama hawaasummaa ofii bahachuu yookiin hubachuudha.

Caayaa Qo'achuu:

Xumura bara barnootaatti kabajni ayyaana maatii barattootaa yommuu gaggeeffamu barattootni qabxii olaanaa galmeessuun sadarkaa duraa qabatan, ragaa beekamtii; maatiifi barattoota fulduratti ni fudhatu. Guyyaa beekamtii kanatti ragaan yaadannoo kan kennamu barattoota qabxii olaanaa galmeessan qofaaf miti. Dabalataanis, manneen barnootaa xumura bara barnootaatti barattoota hirmaannaa barnoota wal-maddeessaa keessatti fakkeenyummaa gaarii qaban onnachiisuun waan baratameedha. Mana barnootaa keessatti barattootni baay'een badhaasa addaa fudhachuun maatii isaanii waliin gammachuu isaanii qooddachuu ni fedhu. Sababa kanaaf, namni kamiyyuu bara barnootaa hundatti kabaja ayyaana maatii barattootaa irratti eenyuu akka badhaafamu beekuu ni hawwu.

Yeroon barattoonni badhaasa addaa itti fudhatan waan gaheef sagantaa mana barumsichaa irratti gaggeessaan waltajjichaa gumaacha badhaafamtoota addaa kana; barattootaaf, maatiif akkasumas keessummoota guyyaa sanaaf beeksisu eegale. Haaluma sagantaa waltajjichaatiin badhaafamtoonni seera ittiin bulmaata mana barnootichaa kabajuutu irra jiraata. Badhaafamtoota irraa kan barbaadamu seera ittiin bulmaataa kabajuu qofa osoo hin taanee, waa'ee barbaachisummaa seera ittin bulmaataa mana barumsaa kabajuu barattoota birootiif hubannoo uumuudha. Haaluma kanaan badhaafamtootni kun qabxii olaanaa galmeessuun cinaatti; gumiilee mana baruumsaa keessatti si'aayinaan hirmaachuu, gumii farra malaammaltummaa hundeessuufi hoogganuudha. Akkasumas, barattootni badhaasa addaa fudhatan kun umurii, amantii, afaaniifi saba garaa garaa irraa dhufan gidduutti aadaa waliin jiraachuu gaarii uumuudhaan daree barnootaa keessaafi alatti waldhabdee hir'isuuf gumaacha guddaa kan taasisaniidha. Dabalataanis, badhaafamtoonni kun miira jaalala biyya isaanii kan qabaniifi akkuma atileet Qananiisaa Baqqalaafi Daraartuu Tulluutti alaabaa biyya isaanii sadarkaa idil-addunyaatti olkaasanii mul'isuu kan fedhaniidha.

Badhaafamtoonni kun mul'ata isaanii dhugoomsuuf cimanii kan hojjetaniifi dorgommii atileetiksii manneen barnootaa sadarkaa aanaatti gaggeeffame irratti meedaliyaa warqee kan argamsiisanidha. Haaluma kanaan gaggeessaan waltajjichaa gumaacha badhaafamtoota kanaafi kanneen biroo erga beeksiseen booda maqaa badhaafamtoota waamuu eegale. Yeroo kanattis, barattoonni hundi waliin ta'uudhaan maqaa barattoota kanaa altokko yaamuun baay'ee iyyaa turan. Xumura irrattis, gaggeessan waltajjichaa gumaacha addaa badhaafamtoonni kun bara barnootaa kanatti taasisan erga keesssummootaaf ibseen booda keessummaa kabajaa guyyichaa affeeruun badhaafamtootaaf badhaasa addaa kennuun saganticha goolabe.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Seenessa armaan olitti dhiyaate irraa maal hubatte?
- ✓ Barattootni seenessa armaan oliitti gumaachi isaanii dhiyaate, lammii gaariidhaa? Deebiin kee 'eeyyen' yoo ta'e, ulaagaa badhaasichaaf isa yookiin ishee qopheesse tarreessi.
- ✓ Gumaacha barattootni seenessa armaan olitti ibsame keessatti taasisan ati immoo akka hin gumaachineef maaltu si danqe?

Haaluma kanaan seenessa armaan duraa irratti hundaa'uun amaloota lammii gaarii kanneen armaan gadii ni qoranna. Isaanis;

A. Seera Kabajuu: Dirqama lammii gaariin qabuufi baay'ee barbaachisaa ta'e keessaa tokko seera kabajuudha. Seera jechuun tuuta dambiiwwan ittiin bulmaataa uummataan hundaa'eefi akkaataa lammiileen ittiin buluu qaban ibsuudha. Lammii gaarii jechuun, seera biyyaa, maatii, barsiisota, gaggeessitoota akkasumas qajeelfamoota dimokiraasii kan kabajuudha. Dabalataanis, lammii gaariin seerota biyya isaa yookiin ishee kanneen akka gibira kaffaluu, naannoo kunuunsuufi namoota biroo kabajuuf dirqama ni qaba. Bu'uuruma kanaan, seenessa armaan duraa irratti hundaa'uun gumaachi barattootaa inni ijoon taasifame; seera ittiin bulmaataa mana barumsa isaanii kabajuu isaaniti. Haaluma kanaan, barataan yookiin barattuun kamiyyuu

seera ittiin bulmaata mana barumsa isaanii kabajuuf itti gaafatamummaa olaanaa qabu.



Fakkii 1.3 Barattoota seera ittiin bulmaata mana barumsaa kabajan

B. Itti Gaafatamummaa: Amaloota lammummaa gaarii murteessoo ta'an keessaa tokko miira itti gaafatamummaati. Itti gaafatamummaan amaloota lammummaa gaarii nu gonfachiisuu danda'an ijoo kan of keessatti hammatuudha. Itti gaafatamummaan jalqabaa ijoon barattootni qaban barumsa barachuudha jettee yaaduu malta. Barattoonni manatti hojii manaa hojjechuu, mana barumsaatti immoo barattoota daree isaaniifi barsiisota isaanii kabajuun irra jiraata. Akkasumas, dogongora yookiin badii hojjetame qabatamaatti yommuu argituu saaxiluuf itti gaafatamumaaa guddaa qabda. Fakkeenyaaf, akka lammii gaariitti diddaa kaffaltii gibiraafi saamicha(waliin dha'iinsa) gibiraa yommuu argitu gabaasuuf itti gaafatamumaa qabda. Hunda'ol, qulqullina naannoo eeguuf, barnoota barachuun biyya jijjiiruufi tajaajiloota hawaasaa keessatti qooda fudhachuuf akka lammii gaariitti itti gaafatamummaa guddaa qabda.

Seenessa armaan duraa keessatti gumaachi badhaafamtoonni addaa barnoota idileefi sochiiwwan barnoota wal-maddeessaa keessatti gadi fageenyaan taasisan haala ifa ta'een ibsameera.



Fakkii 1.4 Barattuu hojii manaa ishii hojjettu

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Ati barataa yookiin barattuu miira itti gaafatamummaa qabdudhaa?
- ✓ Miira itti gaafatamummaa qabaachuufi dhabuu kee maaliin beekta?

C. Wal-danda'uu: Wal-danda'uun amaloota ijoo lammii gaarii keessaa isa tokkoofi nagaan waliin jiraachuu kan nu dandeessisudha. Akkasumas, namoonni biroo mirga yaada isaanii tarkaanfachiisuu, yaadaafi ilaalcha mataa isaanii qabaachuufi gita nurraa adda ta'e qabaachuu akka danda'an nu barsiisa. Aadaan wal-danda'uu dandeettiifi eyyamummaa garaagarummaa yaadaa, ilaalchaafi ejjennoo namootaa kabajuu agarsiisa.

Dabalataaniis, lammii gaariin amantiiwwan, aadaawwan, afaanootaafi sonaawwan namoota biroo kabajuun irraa eegama. Qajeelfamni kun barattoota seeneessa armaan oliitti gumaachi isaanii daree barnootaafi alattii miira waldanda'uu dagaagsuun haala waliin jireenyaa mijataa afaan, amantii, umuriifi saboota gidduutti uumuun beekamtii olaanaa argatan waliin hidhata qaba.



Fakkii 1.5 Namoota wal-danda'uun yaada wal- jijjiiraa jiran.

Gaaffilee Yaalii:

✓ Daree barnootaa keessatti hiriyoonni kee afaan wal-fakkaataa, sanyii wal-fakkaataafi yaada wal-fakkaataa yoo qabaatan moo, garaagarummaan yoo jiraate bu'aa qabeessa jettee yaadda?

D. Jaalala Biyyaa: Ulaagaalee lammii gaariin qabaachuu qabu keessaa isa tokko ta'ee, namni biyya isaa jaalatu wareegama addaa biyya isaaf yookiin isheef kan qabuufi dhimmoota hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee keessatti miira hirmaattummaa kan bahatu ta'u qaba. Lammii gaariin faayidaa biyya isaa yookiin isheef aarsaa barbaachisaa taasisuuf fedhii olaanaa kan qabudha. Fakkeenyaaf; biyya keenyaaf gootonni hedduun lubbuu isaanii qaalii aarsaa taasisuun birmadummaa biyya isaanii kabachiisaniifi nagaan akkasumaas kabajaan waliin jiraachuu keessatti shoora olaanaa kan taphatanidha.




Fakkii 1.6 Gootota Injifannoo Adda Waraana Adawaa

Yaadadhu: Lammii gaarii jechuun nama faayidaa biyya isaaf yookiin isheef wareegama kaffaluuf fedhii qabudha.

Jaalalli biyyaa tajaajila dirree waraanaatiin alattis karaa baay'een ibsamuu danda'a. Fakkeenyaaf, jaalalli biyya keenyaaf qabnu; walitti dhufeenya biyyoota ambaa(alaa), barnoota, qoricha, qonna, daldalaafi sochiiwwan adda addaa keessatti hirmaachuun ibsamuu danda'a. Artistootni, atileetootniifi hayyoonni biroo maqaafi alaabaa biyya kenyaa olkaasuun sadarkaa addunyaatti agarsiisan namoota miira jaalala biyyaa olaanaa qabanidha. Sababni isaas isaan kun madda sabboonummaa keenya waan ta'aniifidha.

Seeneessa armaan duraa irratti barattootni gumaachi isaanii eeramee bara barnootichaatti barattoota filatamoo maaliif akka ta'an xinxaluun salphaadha. Barattoonni kun badhaasa kan fudhataniif sababa biyya isaanii jaalataniif qofa osoo hin taanee, kutannoo mul'ata isaanii dhugoomsuuf qabaniifi sadarkaa idil-addunyaatti akkuma atileetota Qananiisaa Baqqalaafi Daraartuu Tulluutti alaabaa biyya isaanii olkaasanii mul'isuuf hojii guddaa hojjetaniinidha.



Fakkii 1.7 Atileetota Fageenya Dheeraa: Qananiisaa Baqqalaafi Daraartuu Tulluu

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Amaloota miira jaalala biyyaa ibsuu ni dandeessaa?
- ✓ Miira jaalala biyyaa wantoonni miidhuu danda'an maal fa'a?
- ✓ Akka yaada keetti, miira jaalala biyyaa keenyaa dabaluuf maaltu hojjetamuu qaba jettee yaadda?

Walumaagalatti, ulaagaaleen lammii gaarii armaan olitti ibsaman lammii gaarii mirgaafi itti gaafatamummaa isaanii beekuun raawwatan oomishuu keessatti shoora olaanaa taphatu. Kanaafuu, akka lammii biyya kanaatti yeroo hundumaa ulaagaalee lammummaa gaarii horachuufi shaakaluun dirqama ta'a.

1.1.3 Barbaachisummaa Lammummaa Gaarii

Xumura barnoota kanaan booda:

- Amaloota lammummaa gaariif gumaachan adda ni baasta.
- Barbaachisummaa lammummaa gaarii ni ibsita.
- Bu'aa jiraachuu lammummaa gaariifi dhabamuu isaa walbira qabuun ni madaalta.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Mana barnoota kee xiyyeeffannoo keessa galchuun osoo barattoonni,barsiisonniifi hooggantoonni hundi amala lammummaa gaarii hin qabaanne ta'ee maaltu uumama jettee yaadda?
- ✓ Hariiroon barattootaafi barsiisotaa, barattootaafi hooggansa mana barnootaafi barsiisota gidduutti uumamuu danda'uu maali?

Amalootni lammummaa gaarii lammiileen sona safeeffannaa cimaa akka dagaagfatan qofa osoo hin taane, sirna dimokiraasii keessatti hawaasa wal-deeggaruufi waliin jiraachuuf haala mijataa uumu horachuudha. Hawaasni bu'uura sirna dimokiraasii cimaa qabuufi tasgabbiin jiraatu lammummaa gaarii irratti hundaa'a. Lammummaa gaariin naannoo waliin jireenyaa mijataa ta'e uumuudhaan biyya ni fayyada. Lammiileen hundinuu milkaa'inaafi dagaagina biyya isaanii mirkaneessuu keessatti itti gaafatamummaa murteessaa ta'e qabu.

Gaaffii Yaalii:

✓ Itti gaafatamummaa kee sirnaan bahachuun hawaasa keessattidhiibbaa gaarii uumuu nan danda'a jettee yaadda?

Dabalataanis, lammummaa gaariin marii ijaarsa qabu namoota yaada garaa garaa qaban gidduutti gaggeessuufis ni oola. Lammummaa gaariin akkaataa barattoonni garaagarummaa keessatti ejjennoo waloo qabaachuu danda'an ni barsiisa. Amalootni lammummaa gaarii wal kabajuufi wal hubannaan galma waliinii dhugoomsuu keessatti yaada bu'uuraa ni kaa'a. Kunis, barattoonni ilaalcha gadi fagoo qabaachuudhaan loogummaa hawaasaafi cunqursaa akkasumas marii ijaarsa qabuun mankaraarsummaa gosa hundaa irratti qabsa'uu akka qaban hubachiisa.



Fakkii 1.8 Barattoota Barbaachisummaa Lammummaa Gaarii irratti mari'atan

Yaadadhu: Wal kabajuufi wal hubannaan amaloota lammummaa gaarii ni dagaagsa.

Loogummaa irratti qabsaa'uufi haqummaa dagaagsuun amaloota lammummaa gaarii keessaa isa ijoodha. Fakkeenyi gaarii kanaas, namoota matta'aa fudhataniifi baala sammuu namaa hadochu daddabarsan qaama dhimmi ilaaluutti saaxiluudha. Faayidaan gocha kanaa, nageenya hawaasaafi haqummaa sirna haqaa mirkaneessuu keessatti gumaacha olaanaa qaba. Lammummaa gaariin itti fufiinsaan yaad-rimeewwan haqummaaafi wal qixxummaa deeggaruufi kanneen biroos akka raawwatan jajjabeesssuudha. Lammileen hundinuu haqummaa yoo dagaagsaniifi loogummaa irratti yoo qabsaa'an wal dhabdeen ni xiqqaata. Sababni isaas, namni kamiyyuu waliin jiraachuu waan filatuuf wal qoqqoodinsiifi loogiin ni hafa.



Fakkii 1.9 Barattoota waraqaa tarsaasanii daree barnootaa keessatti darbachaa jiran.

Gaaffii Yaalii:

✓ Barattootni daree barnootaa keessatti waraqaa tarsaasanii osoo darbatanii yoo argite maal gochuu dandeessa?

Lammummaa gaariin miira wal kabajuufi waliif dhimmuu akkasumas, miira itti gaafatamummaa horachuuti. Lammiileen hundinuu kana yoo raawwatan wal danda'uufi wal ajaa'ibsifannaan waan dagaaguuf wal dhabdeen garaagarummaa amantii, afaan, sabummaafi kanneen biroo irratti uumamu ni hir'ata. Haaluma kanaan, barbaachisummaa lammummaa gaarii keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

- ❖ Safeeffannaa cimaa lammiilee dagaagsuu.
- ❖ Hawaasa wal deeggaruufi waliin jiraachuuf mijaawaa ta'e uumuu.
- ❖ Biyya keenya bakka waliin jireenyaaf mijaawaa taasisuu.
- ❖ Namoota ilaalcha waliif faallaa qaban gidduutti marii ijaarsaa adeemsisuu.
- ❖ Wal kabajuufi wal habannaa dagaagsuu
- ❖ Galma walootiif hojjechuu
- ❖ Barattoonni ilaalcha gadi fagoo akka qabaatan jajjabeessuu.
- ❖ Loogummaafi cunqursaa hawaasa irra gahu saaxiluu.
- ❖ Loogummaa irratti qabsaa'uun haqummaa mirkaneessuu.
- ❖ Miira wal-kabajuu, waliif dhimmuufi itti gaafatamummaa barattoota gidduutti dagaagsuu dha.

1.2 Karaalee Lammummaan Ittiin Argamuufi Mulqamu

Xumura barannoo kanaan booda:

- Karaalee lammummaan ittiin argamu ni tarreessita.
- Lammummaa bakka dhalootaafi hariiroo dhiigaan(maatiin) argamu wal bira qabuun ni madaalta.
- Karaalee lammummaan seeraa ittiin keennamu ni barreessita.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Namni tokko haala kamiin lammii biyya murtaa'e tokkoo ta'uu danda'a?
- ✓ Akka yaada keetti, namni tokko yeroo barbaadetti biyya barbaade deemuun lammii biyya sanaa ta'uu danda'a jettee yaadda?

Lammummaan ulaagaa seeraa guutuun miseensummaa biyya tokkoo kan ittiin argatanidha. Namni kamiyyuu haaldureewwan seeraa guutee yoo argame miseensa(lammii) biyya tokkoo ta'uu ni danda'a. Lammummaa jechuun amala gaarii lammiin biyya tokkoo qabaachuu qabu kan agarsiisudha. Akka waliigalaatti, seerri idil-addunyaa biyyoonni hundinuu; ulaagaalee lammummaa isaanii akka murteeffataniif kallattii kaa'a. Haaluma kanaan, biyyootni garaa garaa seerootaafi dambiiwwan lammummaan ittiin keennamuufi mulqamu danda'u garaa garaa qabu. Kutaa kana keessatti, akkaataa namni tokko lammummaa biyya tokkoo ittiin argatuufi haala kamiin lammummaa isaa dhabuu yookiin irraa mulqamuu akka danda'u irratti xiyyeeffata.

A. Karaalee Lammummaan Ittiin Argamu

Akkuma seensa irratti eerame lammummaan karaa seera biyyattii bu'uura godhateen keennamuu danda'a. Bu'uuruma kanaan, adeemsi biyyoonni lammummaa kennuuf hordofan garaagarummaa qaba. Haa ta'u malee, karaaleen lammummaan ittiin argamu ijoon kanneen armaan gadiiiti.

1. Lammummaa Bakka Dhalootaan Argamu:

Lammummaan bakka dhalootaan argamu bal'inaan kan mul'atuufi biyyoonni hedduun kan hojiirra oolchaa jiraniidha. Mirgi bakka dhalootaa(dachee irratti dhalataniis) isuma kana agarsiisa. Akkaataa yaada kanaatiin namni kamiyyuu lammummaa daangaa biyya keessatti dhalatee argachuuf mirga ni qabaata. Hub: mirgi kunis kan kennamuu danda'u biyyattiin seera lammummaa bakka dhaloota yoo hojiirra oolchitedha. Gabaabaadhumatti, namni kamiyyuu mirga lammummaa bakka dhaloota isaa yookiin ishii argachuu ni qaba.



Fakkii 1.10 Daa'ima Reefu dhalate yookiin dhalatte.

2. Lammummaa Hariiroo Dhiigaan Argamu:

Namni tokko mirga lammummaa biyya abbaa yookiin harmee isaa yookiin kan lamaan isaaniyyuu argachuu qaba. Yaadni kunis, mirga lammummaa hariiroo dhiigaan argamu agarsiisa. Qajeelfama lammummaa kana keessatti wanti irratti xiyyeeffatamu bakka dhaloota osoo hin taanee lammummaa maatii isaa yookiin ishii irrattidha.



Fakkii 1.11 Maatii mucaa durbaa reefuu dhalatte waliin jiran

3. Lammummaa Seeraan Argamu:

Lammummaa seeraan argamu jechuun namni biyya alaa tokko adeemsa seeraa guutuun karaa lammummaa(miseensummaa) biyya tokkoo ittiin argatudha. Namni adeemsa seeraan lammii biyya tokkoo ta'uu barbaadu, ulaagaa barbaachisu erga guuteen booda lammummaa argachuuf adeemsa seeraan iyyata dhiyeeffachuutu irra jiraata.

Lammummaan adeemsa seeraan kennamu karaalee hedduudhaan ta'uu danda'a. Garuu, kutaan barnootaa kun lammuummaa adeemsa seeraa kallattii lamaan argamuu danda'u irratti xiyyeeffata. Isaanis; lammummaa seeraa gama gaa'elaan argamuufi lammummaa seeraa gama guddifachaan argamuudha.

a. Lammummaa Gaa'elaan Argamu: Iyyata dhiyaatu bu'uura godhachuun lammiin biyya alaa tokko lammii biyya biraa yoo fuudhe yookiin itti heerumte; lammummaa biyya abba manaa yookiin haadha manaa gama gaa'elaan argachuuf mirga qaba yookiin qabdi.



Fakkii 1.12 Hadha manaafi abbaa manaa

b. Lammummaa gama guddifachaan argamu: Namni yookiin maatiin tokko daa'ima biyya biraa keessatti dhalate yookiin dhalatte adeemsa seeraatiin fudhachuudhaan guddifatan lammummaa biyya ofii isaa/ishii/isaanii godhachuuf seeraan mirga guutuu qabu. Haata'u malee, mirga kana gaafachuun duratti haaldureewwaan seeraa gutamuu qaban ni jiraatu. Ulaagaalee jiran keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti;

Namni yookiin maatiin daa'ima guddifachaan fudhatu kun lammummaa biyya sanaa gama dhalootaan ykn seeraan qabaachuu qaba.

- ❖ Daa'imni guddifachaan fudhatamu sun umurii 18(kudha saddeeti) gadi ta'uu qaba.
- ❖ Daa'imni sun biyya guddifachaan irra fudhatamu keessatti dirqama; lammummaa seera qabeessa qabaachuu qaba.



Fakkii 1.13 Daa'ima guddifachaan fudhatame

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Karaalee lammummaan ittiin argamu tarreessuu ni dandeessaa?
- ✓ Garaagarummaan lammummaa gama dhalootaafi adeemsa seeraan argamuu maalinni?

B. Karaalee Lammummaan Ittiin Mulqamuu Danda'u

Xumura Barannoo Kanaan Booda:

- ➢ Karaalee mirgi lammummaa ittiin mulqamuu(dhabamuu) danda'u adda ni baasta.
- ➢ Garaagarummaa lammummaa fedhaafi fedhaan ala dhabuu adda ni baasta.
- ➢ Ulaagaa mirgi lammummaa fedhaan ala ittiin mulqamu ni xiinxalta.

Lammummaan akkuma karaalee hedduun argamuu danda'u, karaalee hedduudhaanis dhabamuu/mulqamuu ni danda'a. Haalli namni tokko

beekamtii seera qabeessaan lammii biyya tokkoo ittiin ta'uu hin dandeenye lammummaa dhabuu jedhama. Adeemsi namni tokko lammummaa biyya tokkoo ittiin dhabuu danda'u, akkuma karaalee lammummmaan ittiin argamuu danda'uu seeraa biyya keessa jiraannuu irratti hundaa'a. Nama lammuummaa isaa yookiin ishii dhabe/de tokko wanti walfakkeessuu fedhiidhaan ykn immoo fedha isaanii malee dirqamaan lammummaan irraa mulqamuu isaati.

1. Fedha Ofiitiin Lammummaa Dhiifamu: Adeemsi eeyyama ofiitiin lammummaa biyya tokkoo dhiisuu lammummaa fedhiidhaan dhabamu jedhamee beekama. Kana irratti dhimmi xiyyeeffannoo ijoon murtii namni tokko lammmummaa fedha(eeyyama) ofii isaatiin dhiisuuf(dhaabuuf) taasisuudha. Biyyoonni baay'een ulaagaalee seeraa ofii isaanii gama namni barbaade lammummaa biyya sanaa ittiin dhiisuu(dhaabuu) danda'u raggaasisanii qabu.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Sababoota namni tokko lammummaa fedha isaan/ishiin dhiisu/stu tarreessuun deebii hiriyyoonni kee tarreessaan waliin walbira qabi.
- ✓ Bakka jiraattu keessatti nama lammummaa biyya tokkoo feedha ofiin dhiise/ste argitee/dhageesse beektaa?

2. Lammummaa Dirqamaan Nama Irraa Mulqamu: Hojiirra oolmaa waa'ee lammummaa ilaalchisee biyyoonni hundumtuu seeraa mataa isaanii ni qabu. Mirgi lammummaa lammii tokkoo ulaagaa barbaachisu yoo hin hordofne mulqamuu/irraa fudhatamuu ni danda'a. Kunis; sababoota hedduudhaan ta'uu mala. Haata'u malee, lammii tokko irraa eeyyama(fedha) isaa/ishii malee lammummaa biyya tokkoo mulquun ariitiidhaan kan raawwatu osoo hin taane gulaantaalee seeraa barbaachisu hordofeeti.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Akkaataa lammiin biyya tokkoo dirqamaan(fedhii malee) lammummaa ittiin dhabuu danda'u irratti sababoota qabatamoo ta'an tarreessuudhaan hiriyoota kee waliin mari'adhu.
- ✓ Akka naannoo keettiyookiin biyyoolessaatti, nama lammummaan dirqamaan irraa fudhatame(mulqame) beektaa/dhageessettaa?

1.3 Seerota Lammummaa Itoophiyaa

Xumura Barannoo Kanaan Booda:

- Karaalee Itoophiyaa keessatti lammummaan ittiin kennamuufi mulqamu ni qoratta.
- Ulaagaalee Itoophiyaa keessatti adeemsa seeraan lammummaan ittiin kennamu yookiin argamu ni ibsita.
- Itoophiyaa keessatti karaalee lammummaan ittiin dhabamuu yookiin mulqamuu danda'u ni hubatta.


Gaaffii Yaalii:

- ✓ Ati lammii biyya Itoophiyaati? Yoo deebiin kee 'Eeyyeen' ta'e, akkamiin lammii biyya Itoophiyaa taate?

Itoophiyaan seera lammummaa barreeffamaan yeroo jalqabaaf A.L.A bara 1930tti tumte. Seerri lammummaa kun osoo hin qophaa'iniin dura, ibsi lammummaa gama aadaafi duudhaa irratti kan hundaa'edha. A.L.A heerri mootummaa RDFI bara 1995tti qophaa'e, yaad-rimee bu'uura lammummaa Itoophiyaa yeroo ammaa kana hojiirra oola jiru raggaasise.

Akkaataa heera mootummaa RDFI, keeyyata 6'tiin namni kamiyyuu dhiirri yookiin dhalaan maatiin isaa/ishii lamaan ykn lamaan keessaa tokko lammii biyya Itoophiyaa yoo ta'an lammummaa biyya kanaa argachuu ni danda'a/ssi. Haaluma kanaan, heerri RDFI, gama hariiroo dhiigaan lammummaan Itoophiyaa kan kennamu ta'uu isaa beekamtii ni kenna.

Heera RDFI, keessatti labsiin waliigalaa lammummaan gama adeemsa seeraatiin kennamuu akka danda'u ni kaa'a. Labsiin lammummaa Itoophiyaa Lakk. 378/2003, akkaataa hojiirra oolmaa lammummaa ifatti ni kaa'a.



የኢትዮጵያ ፌዴራላዊ ዲሞክራሲያዊ ሪፐብሊክ

ፌዴራል ነጋሪት ጋዜጣ

FEDERAL NEGARIT GAZETA

OF THE FEDERAL DEMOCRATIC REPUBLIC OF ETHIOPIA

አሥረኛ ዓመት ቁጥር ፲፫ አዲስ አበባ-ታኅሣሥ ፲፫ ቀን ፲፱፻፺፮ ዓ.ም

በኢትዮጵያ ፌዴራላዊ ዲሞክራሲያዊ ሪፐብሊክ የሕዝብ ተወካዮች ምክር ቤት ጠባቂነት የወጣ

10th Year No. 13
ADDIS ABABA-23rd December, 2003

ማውጫ

CONTENTS

አዋጅ ቁጥር ፫፻፸፰/፲፱፻፺፮ ዓ.ም የኢትዮጵያ ዜግነት አዋጅ ..... ገጽ ፳፭፻፭

Proclamation No. 378/2003 Ethiopian Nationality Proclamation..... .....Page 2505

አዋጅ ቁጥር ፫፻፸፰/፲፱፻፺፮ በዕለኢትዮጵያ ዜግነት የወጣ አዋጅ

PROCLAMATION NO. 378/2003. A PROCLAMATION ON ETHIOPIAN NATIONALITY

ከሕገ መንግሥቱ ድንጋጌዎች ጋር የተጣጣመና የተሟላ አዲስ የዜግነት ሕግ ማውጣት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

WHEREAS, it has become necessary to promulgate a comprehensive new nationality law which is consistent with the provisions of the Constitution;

በኢትዮጵያ ፌዴራላዊ ዲሞክራሲያዊ ሪፐብሊክ ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፶፭(፩) መሠረት የሚከተለው ታውጇል::

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 55 (1) of the Constitution of the Federal Democratic Republic of Ethiopia, it is hereby proclaimed as follows:

ክፍል አንድ ጠቅላላ

PART ONE GENERAL

Fakkii 1.14 Qola labsii lammummaa Lakk.378/2003

Jalqaba irratti akkaataa labsii lammummaa Itoophiyaa lakk. 378/2003tiin lammummaan kan kennamu/argamu karaa hariiroo dhiigaa yookiin hariiroo maatiinidha. Itoophiyaa keessatti, lammummaan gama bakka yookiin dachee dhalootaan kennamu baay'ee hin deeggaramu. Dabalataanis, labsichi ulaagaa lammummaan adeemsa seeraa ittiin argamu ni ibsa.

- Lammiin biyya ambaa(alaa) tokko lammummaa biyya Itoophiyaa argachuu yoo fedhe ulaagaalee seera lammummaa armaan gadii guutuu qaba. Isaanis;
- Akkaataa seera biyyattiitiin umurii barbaadamuufi isaa ol ta'uu qaba.
- Seera qabeessaan osoo hin iyyatiin dura, biyyattii keessatti yoo xiqqaate waggoota afuriif jireenya isaa kan gaggeeffate/tte ta'uu qaba.
- Afaan saboota, sablammootaafi uummattoota biyyatti keessaa yoo xiqqaate tokkoon walii galuu kan danda'u ta'uu qaba.
- Ofiifi maatii isaa deeggaruuf madda galii seera qabeessaafi gahaa ta'e qabaachuu qaba.
- Nama naamusaafi amala gaarii qabu ta'uu qaba.
- Nama galmee yakkoota addaa addaa hin qabne/yakka irraa walaba ta'e

yookiin taate ta'uutu irra jiraata.

- ❖ Lammummaa Itoophiyaa argachudhaaf, lammummaa duraan qabu gadhiisuu isaatiif ykn lammummaa kan hin qabne ta'uu isaa ragaa kan dhiyeeffatu ta'uu qaba/qabdi.
- ❖ Bu'uura labsii lammummaa Itoophiyaa lakk.378/2003, keeyyata 12 tiin nama kakuu /waadaa galu ta'uu qaba.

Akkasumas, labsichi lammummaa adeemsa seeraan kennamu cinaatti karaa adda ta'een gumaacha addaa lammiileen biyya alaa/ormaa taasisan giddu galeessa taasifachuun lammummaan kennamuufi akka danda'u ni ibsa.

Haaluma kanaan, ulaagaalee armaan duratti caqasamaniin qofa osoo hin taane; lammiin biyya alaa kamiyyuu bu'aafi faayidaa biyya keenyaa karaa adda ta'een yoo kabajeefi kabachiise lammummaan Itoophiyaa karaa seera qabeessa ta'een ni kennamaaf.

Yaadadhu: Lammiilee biyya alaa gumaacha addaa biyya Itoophiyaaf gumaachaniif; bifa beekamtii addaatiin lammummaan biyya keenyaa ni kennamaaf.

Dabalataanis, labsiin lammummaa Itoophiyaa kun adeemsa mirgi lammummaa ittiin fudhatamu/mulqamus ni ibsa. Labsiin lammummaa kun fedhii nama lammummaa dhiisuu barbaadeen ykn seera irratti taa'een alatti murtiifi fedhii qaama mootummaatiin akka ta'uu hin dandeenye haalaan kaa'a. Heerri RDFI, keeyyatni 33(1), lammiin biyya Itoophiyaa tokko fedhii isaa yookiin ishii malee lammummaa isaa/ishee dhabuu akka hin dandeenye ni labsa. Kana jechuun, biyya keenya keessatti fedhiidhaan ykn eeyyama ofiitiin malee lammummaan irraa mulqamu/ fudhatamuu hin danda'u jechuudha.

Caayaa Qo'achuu:

Harmeen lammiin ishee biyya Itoophiyaa taate tokkoofi abbaan lammiin isaa biyya Ameerikaa ta'e tokko mucaa maqaan isaa Boonsaa jedhamu biyya Faransaayitti godhatan haa jennu. Yaada armaan olii irratti hundaa'uun bu'uura seera lammummaa Itoophiyaatiin gaaffilee armaan gadii deebisi.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Lammummaan daa'ima kanaa kan biyya kamiiti jettee yaadda?
- ✓ Seerri lammummaa Itoophiyaa daa'ima reefu dhalate kana lammummaaf ni keessummeessaa? Deebiin kee 'Eeyyeen' yoo ta'e, akkamittiin argachuu danda'a? Deebiin kee yoo 'Lakkii' ta'e immoo maaliif argachuu akka hin dandeenye sababa isaa dhiyeessi.

Gudunfaa

Lammii jechuun bu'uura seera biyya tokkootiin mirgaafi dirqama seeraan murtaa'ee kan qabudha. Lammiileen mirgaafi faayidaawwan addaa addaa mootummaa biyya isaanirraa ni argatu. Lammiileen seeraafi heera biyya isaanii kabajuuf dirqama ni qabu; akkasumas, mootummaan immoo mirgaafi dantaa lammiileef eegumsa ni taasisa. Lammummaan gulantaa seerummaafi eenyummaati. Maatiin, hawaasni, hiriyoonniifi barsiisonni lammummaa gaarii barsiisuun gahee isaanii ni bahatu.

Lammii gaariin amaloota bu'uuraa kanneen akka; namoota biroo kabajuu, kanneen biroo gargaaruu, yaada namoota biroo dhaggeeffachuu, namoota of gargaaruu hin dandeenye gargaaruu, miseensota hawaasaa waliin jiraachuu, wanta haaraa barachuudhaaf eeyyamamaa ta'uufi mirgaafi dirqama hawaasummaa ofii bahachuu ykn hubachuu kan danda'udha. Haaluma kanaan, hawaasaafi mana barnootaa keessatti haalaafi bakka jireenyaa mijaawaa uumuudhaan lammii gaarii ta'uun murteessaadha.

Lammummaan ulaagaa seeraa guutuun miseensummaa biyya tokkoo kan ittiin argatanidha. Namni kamiyyuu haaldureewwan seeraa guutee yoo argame miseensa(lammii) biyya tokkoo ta'u ni danda'a. Karaa salphaa ta'een, lammummaa jechuun: gaarummaa lammii biyya tokkoo nama taasisuu danda'u guutanii argamuudha. Akka waliigalaatti, seerri idil-addunyaa biyyoonni kamiyyuu; ulaagaalee lammummaa isaanii akka murteeffataniif kallattii kaa'a. Haaluma kanaan, biyyootni garaagaraa seerootaafi dambiiwwan lammummaan ittiin keennamuufi mulqamu danda'u garaa garaa qabu. Itoophiyaan seera lammummaa barreeffamaan yeroo jalqabaaf A.L.A bara 1930tti tumte. Seerri lammummaa kun osoo hin qophaa'iniin dura, ibsi lammummaa gama aadaafi duudhaa irratti kan hundaa'edha. A.L.A heerri mootummaa RDFI bara 1995tti qophaa'e, yaad-rimee bu'uura lammummaa Itoophiyaa yeroo ammaa kana hojiirra oolaa jiru raggaasise. Akkaataa heera mootummaa RDFI, keeyyata 6'tiin namni kamiyyuu dhiirri yookiin dhalaan maatiin isaa/ishii lamaan ykn lamaan keessaa tokko lammii biyya Itoophiyaa yoo ta'an lammummaa biyya kana argachuu ni danda'a/ssi. Haaluma kanaan, heerri RDFI, gama hariiroo dhiigaan lammummaan Itoophiyaa kan kennamu ta'uu isaa beekamtii ni kenna.

Hiika Jechootaa

Heera: Seera yookiin sanada olaanaa biyyi tokko ittiin qajeelfamtu ta'ee mirgaafi walabummaa lammiilee, daangaa aangoofi akkasumas itti gaafatamummaa lammiileefi gaggeessitoota kan ibsudha.

Itti Gaafatamummaa: Miira dirqamaafi gahee seeraan murtaa'ee namaaf kenname raawwachuuf taasifamudha.

Jaalala Biyyaa: Miira biyya ofii jaalachuufi daantaa/fedhii biyyoolessaa biyya ofii kabachiisuuf wareegama qaalii kaffaluuf taasifamu jechuudha.

Lammii: Nama seera biyya tokkootiin beekamti seeraa qabuufi miseensa biyya tokkoo ta'edha.

Lammummaa: Jechuun sirna siyaasaa biyya tokko keessatti karaa namni tokko beekamtii seeraa qabaachuun miseensummaa guutuu biyya sanaa ittiin argatu jechuudha.

Seera Lammummaa: Seera biyyootni birmadummaafi daangaa mataa isaanii qaban mirgaafi itti gaafatamummaa lammummaa murteessuuf baafatan jechuudha.

Wal-danda'uu: Wal-danda'uun amaloota ijoo lammii gaarii keessaa isa tokkoofi nagaan waliin jiraachuu kan nu dandeessisu akkasumas garaagarummaa waliif kabajuudha.

Gaaffilee Keessa Deebii

I. Gaaffilee armaan gadii sirrii yoo ta'e 'Dhugaa', sirrii yoo hin taane immoo 'Soba' jechuun deebisi.

1) Lammii jechuun nama mirga malee, dirqama hin qabnedha.

2) Lammiileen seera biyyaan buluufi biyya isaanii diina irraa eeguun irraa eegama.

3) Namni tokko lammii gaarii ta'uuf miira itti gaafatamummaa qabaachuun dirqama miti.

4) Biyyoonni hundinuu mirga lammummaa kennuufi mulquu irratti adeemsa wal-fakkaataa hordofu.

5) Lammummaan ejjennoo seeraa karaa namoonni ittiin miseensa guutuu biyya tokkoo ta'anidha.

II. Gaaffilee armaan gadii kanneen 'A' jala jiran deebii sirrii kanneen 'B' jala jiruun walitti firoomsi.

'A'	'B'
1) Karaa lammummaan ittiin argamu	A.Guddifachaa
2) Lammuummaa adeemsa seeraa	B. Eeyyama ofiin dhiisuu
3) Lammummaa	C.Miseensummaa guutuu qabaachuu
4) Lammii	D.Lammummaa bakka dhalootaa
5) Karaa lammummaan ittiin mulqamu	E. Nama mirgaafi dirqama qabu

III. Gaaffilee armaan gadiitiif qubee deebii sirrii ta'e qabatee jiru filachuun deebisi

1) Kanneen armaan gadii keessaa lammummaa ilaalchisee kamtu sirriidha?

A. Beekamtii seerummaati.

B. Miseensummaa guutuufi itti gaafatamummaa qabaachuudha.

C. Lammii jechuun nama beekamtii lammummaa qabudha.

D. Hunduu deebiidha.

2) Kanneen armaan gadii keessaa kamtu amala lammii gaarii miti?

A. Dogongora argan saaxiluu.

B. Faayidaa biyya ofiif aarsaa kaffaluu.

C. Namoota biroo kabajuu dhiisuu.

D. Qajeelfamoota dimokiraasii deeggaruu.

3) _____hawaasa garaagarummaa qabu keessatti nagaan waliin jiraachuuf murteessadha.

A. Wal-hubannaa dhabuu

B. Wal-danda'uu

C. Wal-kabajuu dhiisuu

D. Seeraan wal-tajaajiluu dhiisuu

BOQONNAA 2

BIYYAAFI MOOTUMMAA

SEENSA

Akkuma yaadattu, kutaalee barnootaa darban keessatti maalummaa, amalootaafi barbaachisummaa lammii gaarii ta'uu mari'attee jirta. Akkasumas, haala lammummaan ittiin argamuufi dhabamu baratteetta. Hundaa'ol, seerota lammummaa Itoophiyaa qo'attee turte. Itti aansuun, lammiin tokko mirgaafi itti gaafatamummaa isaa hubachuufi bahachuuf, hubannoo biyyaafi mootummaa qabaachuu akka qabu ni hubatta. Kanaan wal qabatee, boqonnaa kana keessatti yaad-rimee biyyaafi qabiyyee mootummaa ni mari'anna. Isa hordofuun, hiika, dalagaaleefi akaakuuwwan mootummaa ni qoranna. Xumura irrattis, boqonnaan kun garaagarummaa biyyaafi mootummaa mariisisuun ni goolaba.

JECHOOTA IJOO

- Birmadummaa
- Biyya
- Daangaa
- Dimokiraasii
- Mootummaa
- Sirna bulchiinsa hayyootaa
- Sirna mootummaa abbaa irree
- Sirna Mootummaa Gonfoo
- Uummata

Xumura boqonnaa kanaan booda:-

- Yaad-rimee biyyaa ni beekta.
- Qabiyyeewwan biyyaa ni xiinxalta.
- Dalagaalee mootummaa ni baratta.
- Garaagarummaa biyyaafi mootummaa ni hubatta.

2.1 Yaad-rimee Biyyaa

Kutaan barannoo kun kan barsiisuu waa'ee yaad-rimee biyyaa akkasumas qabiyyeewwan biyyaati.


Xumura barannoo kanaan booda:-

- Jecha biyya jedhu ni ibsita.
- Itoophiyaa akka biyya seenaa baroota dheeraa qabduutti ni ajaa'ibsiifatta.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Biyya yoo jennu maal hubatta?
- ✓ Maqaa biyyoota Afrikaa muraasa yaadattuhimuu dandeessaa?

Jechi biyya jedhu, hawaasa siyaasaa gurmaa'aa ta'eefi qaama anga'aa ta'e tokkoon buludha. Gama kanaan, biyya jechuun hawaasa siyaasaa seera qabeessaan gurmaa'eefi mootummaadhaan hoogganamudha. Haaluma kanaan, biyyi garee hawaasaa xiqqaatus baay'atus; dhaabbiidhaan iddoo murtaa'aa ta'e jiraatu, mootummaa ofii isaa kan uummanni biyya tokkoo itti of kennuufi giddugaltummaa qaama kam irraayyuu walaba ta'edha. Jiraachuun biyyaa barbaadamaadha sababni isaas, dhimma jiraachuu lammiilee irraa kan maddudha. Galmi hundeeffama biyyaa, wal-dhabdee namoota dhuunfaafi garee gidduutti uumamu seeraan to'achuufidha. Yeroo ammaa kanaa biyyoota 200 ol ta'antu addunyaa kana irraa jiru.



Fakkii 2.1 Biyyoota Addunyaa

Yaadadhu: Biyya jechuun hawaasa siyaasaa gurmaa'eefi mootummaa mataa isaa jalatti buludha.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Biyyi maaliif nu barbaachisa?
- ✓ Itoophiyaa biyyoota biroo irraa maaltu adda godha?

2.2 Qabiyyeewwan Biyyaa


Xumura barannoo kanaan booda:-

- Qabiyyeewwan bu'uura biyyaa ni tarreessita.
- Qabiyyeewwan bu'uuraa biyyaa kun jiraachuu biyyaatiif hagam barbaachisoo akka ta'an ni iyyaafatta.
- Qabiyyeewwan bu'uuraa biyyaa keessaa tokkoo osoo hir'ate, maaltu uumamu akka danda'u ni xiinxalta.

Gaaffii Yaalii:

- ✓ Itoophiyaan biyyadhaa?Maaliif?

Biyya qabiyyee bu'uuraatiin adda baasuun waan beekamaadha. Isaanis; akkuma armaan olitti hiika irratti ilaalle; uummata, daangaa, mootummaafi birmadummaadha.



Fakkii 2.2 Qabiyyeewwan Biyyaa

Uummata: Uummanni qabiyyee biyyaa isa barbaachisaadha. Baay'inni uummataa biyya tokko hundeessuuf murteessaa miti. Uummanni biyya tokkoo dirqama sanyii, amantii, afaaniifi aadaa wal-fakkaataa qabaachuu hin qabu. Biyyi ammayyaawaan, dandeettii fedhii garee garaagaraa lammiilee walitti araarsuu qabaachuu qabdi. Haaluma kanaan, jiraachuu biyyaatiif uummanni murteessaadha.

Yaadadhu: Uummanni biyya tokkoo dirqama sanyii, amantii, afaaniifi aadaa wal fakkaataa qabaachuu hin qabu.

Gaaffii Yaalii:

✓ Sab-daneessummaan biyya keenyaa hagam akka ta'e quba qabdaa?



Fakkii 2.3 Sabaafi Sablammoota Itoophiyaa

Daangaa:

Daangaa murtaa'aan qabiyyee ijoo biyya tokkooti. Biyyi kamiyyuu daangaa murtaa'aa malee jiraachuu hin dandeessu. Uummanni tokko hawaasummaafi siyaasaan gurmaa'ee jiraachuuf daangaan murteessaadha. Bal'inni daangaa akkuma baay'ina uummataa jiraachuu biyyaatiif ulaaga miti.

Biyyoonni daangaa xiqqoo qaban kan akka magaalaa vaatikaan(Vatican City), bai'inni daangaa ishii heektaara 110 uwwisu, akkasumas biyyoonni

daangaa bal'aa qaban kanneen akka biyya Raashiyaa bal'inni ishii kilomeetir iskuweerii 17,098,242 uuwwisu arganna. Argamni biyya tokkoo kan murtaa'u daangaa biyya biraa irraa adda baasuu qabachuudhaan, sochii hariiroo hawaasummaatiin, maallaqaafi wal-jijjiirraa meeshaalee daangaa biyya sana qaxxaamuruni. Kanaafuu, daangaa murtaa'aa qabaachuun akka seera idil-addunyaatti qabiyyee biyyaa keessaa isa murteessaadha.

Yaadadhu: Biyyi daangaa murtaa'aa hin qabne hin jirtu.

Gaaffii Yaalii:

✓ Biyyoota kallattii kaabaan, kibbaan, bahaafi dhihaan Itoophiyaa daangessan tarreessuu dandeessaa?

Biyyi Itoophiyaa, kaabaan Eritiriyaa, kaaba bahaan Jibuutii, bahaan Somaliyaa, kibbaan Keeniyaafi lixaan Sudaaniifi Sudaan Kibbaatiin daangeffamtee argamti.



Fakkii 2.4 Itoophiyaafi biyyoota ishii daangessan

Caayaa Qo'achuu:

Ganda tokko keessa ollaa lamatu waliin jiraatu ture. Namoonni kun bakka sanatti beekamoofi yeroo dheeraaf waliin jiraachaa kan turanidha. Haata'u malee, adeemsa keessa wal-hubannaa dhabuun isaan gidduutti uumame.

Wal-dhabdeen isaaniis dhimma lafaa irraa madde. Ollaawwan kun irra deddeebiidhaan daangaa natti dabarte kan jedhuun wal-mormu. Wal-dhabdee isaanii ofii isaaniif furuuf yaalaa turanis garuu, hin dandeenye. Maanguddoon biyyaa yommuu wal-dhabde isaanii dhaga'anitti araarsuuf waan danda'an godhanis garuu, wal-dhabdeen isaanii ittuma fufe. Sababni isaas gareewwan lameen kun furmaata jaarsoliin dhiyeessan irratti waliigaluu hin dandeenye.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Gareen lameen kun ofii isaanitiin yookiin deeggarsa maanguddootiin wal-dhabdee isaanii hin furre yoo ta'e maal gochuu qabu jettee yaadda?
- ✓ Wal-dhabdee kana irratti eenyutu yaada furmaataa dhiyeessuu danda'a?

Mootummaa:

Qabiyyeen biyyaa inni ijoofi barbaachisaa sadaffaan mootummaadha. Mootummaa malee biyyi jiraachuu hin danda'u. Mootummaan qaama dhimma biyyaa raawwachiisu akkasumas qaama siyaasaa qindaa'aa aangoo olaanaa qabudha. Mootummaan aangoo kennameefiin dalagaalee biyyaa raawwachuun dirqama isaati. Dabalataanis, mootummaan seera biyyaa ni baasa, ni raawwachiisa akkasumas ni hiika.

Yaadadhu: Mootummaan qaama dhimma biyyaa raawwachiisu akkasumas qaama siyaasaa qindaa'aa aangoo olaanaa qabudha.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Biyya dimokiraatawaa keessatti; aangoon seera baasuu, raawwachiisuufi hiikuu kan eenyuti?
- ✓ Biyyi tokko mootummaa yoo hin qabaanne yookiin mootummaan aangoo irra jiru itti gaafatamummaa isaa hin bahatu yoo ta'e maaltu uumama jettee yaadda? Fakkeenyaaf, barattoonni akka keetii baruumsa gaarii argatu jettee amantaa?

Birmadummaa:

Gaaffii Yaalii:

- ✓ Birmadummaan biyyaa maaliif fayyada?

Akka waliigalaatti, yaadni birmadummaa jedhu wantoota lama of keessatti haammata: Kan keessaafi kan alaati. Birmadummaan keessaa birmadummaa aangoo bulchiinsa biyyaati. Biyyi birmadummaa keessaa qabdu aangoofi dandeetti uummataa ishii irratti ajaja raawwachuu qabdi. Birmadummaan alaa hariiroo biyyi birmadummaa qabdu tokko biyya biroo waliin taasiftu agarsiisa.

Birmadummaan alaa, biyyi tokko hariiroo biyyoota of danda'oo biroo waliin akka taasiftuuf gargaara. Kunis, olaantummaa biyyi tokko fedhii dhuunfaa yookiin biyya alaa irratti qabdu kan dhorkuuf ooludha. Kanaafuu, birmadummaan akka qabiyyee ijoofi barbaachisaa biyyaatti ilaalama. Itoophiyaan biyya birmadummaa ofii ishee, alaabaafi faaruu mata ofii ishii qabaachuun beekamtudha.

Yaadadhu: Birmadummaan yaada waliigalaa wantoota lama of keessatti hammatudha; kunis birmadummaa keessaafi kan alaati.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Halluu alaabaa biyyolessaa Itoophiyaafi hiika isaanii tarreessi.
- ✓ Faaruu biyyoolessa Itoophiyaa ni beektaa?

Yeroo dheeraaf, birmadummaan Itoophiyaa seera idil-addunyaa qofaan kan eegame osoo hin taane; aarsaa abboonniifi harmoonni keenya duraa, akaakiileewwan akkasumas abaabileewwan keenya taasisaniinidha. Seenaa keessatti, gootonni Itoophiyaa weerartoota alaa birmadummaa biyya keenyaa jeequufi qabachuu barbaadan irratti injifannoo adda waraanaa hedduu irratti argamsiisaniin birmadummaa biyya keenyaa kabachiisaniiru. Bu'aa aarsaa isaanii irraa ka'uun, biyyi keenya birmadummaa ishii kan eeggatteefi baruma baraan guyyaa ayyaana injifannoo kan kabajachaa jirtudha.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Gootota Itoophiyaa birmadummaa biyya isaanii eegsisuuf jecha wareegaman yoo xiqqaate sadi maqaa dhahuu dandeessaa?
- ✓ Akka yaada keetti, birmadummaa Itoophiyaa kabachiisuu keessatti itti gaafatamummaan dhaloota haaraa maal fa'a?

2.3 Dalagaalee Mootummaa

Xumura Barannoo kanaan booda:-

- ➢ Dalagaalee mootummaa ni dhiyeessita.
- ➢ Tasgabbii hawaasaa itti fufsiisuuf, barbaachisummaa mootummaa dimokiraatawaa ni mirkaneeffatta.
- ➢ Barbaachisummaa mootummaan dimokiraatawaa lammiilee isaaf qabu ni dinqisiifatta.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Kaayyoon jiraachuu mootummaa maalii?
- ✓ Itti gaafatamummaan mootummaa isaanjalqabaa maal fa'a?

Biyya kamiyyuu keessatti, lammiileen mootummaa isaanii irraa dalagaalee eegan ni qabaatu. Dalagaaleen mootummaa biyyaa gara biyyatti garaa garaa. Haata'u malee, isaan keessaa beekamoon kanneen armaan gadiiti;

- ◆ Nageenya hawaasaa eegsisuu.
- ◆ Tajaajila hawaasummaa dhiyeessuu.
- ◆ Nageenya biyyoolessaa kabachiisuu.
- ◆ Murtiiwwan dinagdee kennuu.

Haaluma kanaan, itti gaafatamummaa kana bahachuuf mootummaan murtii lammilee hundumaan hojiirra oolu danda'u kennuu qaba. Barannoo itti aanuu keessatti, dalagaalee mootummaa armaan olitti caqafaman gadi fageenyaan ni ilaalla.

1. Seeraafi Qajeelfama Eegsisuu

Gaaffii Yaalii:

- ✓ Tasgabbii hawaasaa eegsisuu keessatti gahee mootummaan dimokiraatawaan taphatu maali?

Dalagaafi galmi mootummaa dimokiraatawaa inni ijoon seeraafi qajeelfama biyyattii eegsisuudha. Kanas mootummoonni kan raawwatan, seerota gochaawwan miseensota hawaasaa hunda to'atan baasuuni. Kanuma irraa ka'uun, mootummaan maloota ittiin wal-dhabdee garee garaa garaa furuufi tasgabbii hawaasaa eegsisu ni dhiyeessa. Seeronni mootummaa kan barbaachisaniif; nageenya akkasumas mirga, qabeenyaafi jireenya uummataa eegsisuuf kan oolanidha.

Hundaa'ol, mootummaan maloota ittiin wal-dhabdee lammiilee yeroo sirrii ta'eefi adeemsa seeraan furuuf gargaaran kanneen akka manneen murtii ni dhiyeessa. Akkasumas, mootummaan wal-dhabdeewwan namoota dhuunfaa gidduutti uumamu malu to'achuuf, namoonni dhuunfaan maal gochuu akka qabaniifi maal gochuu akka hin qabne irratti dangeeffama ni kaa'a.

Yaadadhu: Dalagaafi galmi mootummaa dimokiraatawaa inni ijoon seeraafi qajeelfama biyyattii eegsisuudha.



Fakkii 2.5 Poolisii uummataa tasgabbii hawaasaa eegsisu

2. Tajaajila Hawaasaa Kennuu

Gaaffii Yaalii:

✓ Tajaajiloota mootummaa naannoo keetti argaman maqaa dhahuu ni dandeessaa?

Dalagaalee mootummaa ijoo keessaa inni biroon, tajaajila hawaasummaa bu'uura ta'an, jireenyaafi nageenya uummata hundaaf dhiyeessuudha. Tajaajilli hawaasaa, kan lammiilee daangaa biyyatti keessa jiraniif mootummaadhaan dhiyaatu; kallattumaan baasii mootummaan ykn alkallattiin deeggarsa maallaqaa dhaabbilee dhuunfaatiin kennamudha. Tajaajilonni hawaasummaa dhiyeessii waliigalaa jireenyaafi sababoota namoomaatiif baay'ee murteessoo akka ta'etti amanama. Tajaajilonni hawaasummaa, dandeettii mirgoota namummaa bu'uuraa waliin hidhata qabaachuu qabu. Tajaajiloota hawaasummaa keessaa muraasni; balaa abiddaa ittisuu, seera

raawwachiisuu, eegumsa naannoo, dhiyeessii manneenniifi tajaajila geejjiba uummataati.

Yaadadhu: Tajaajilli hawaasaa, kan lammiilee daangaa biyyatti keessa jiraniif mootummaadhaan dhiyaatudha.



Fakkii 2.6 Tajaajila fayyaa naannootti uummataaf kennamu

3. Nageenya Biyyoolessaa Kabachiisuu

Gaaffii Yaalii:-

✓ Osoo Itoophiyaan biyya biraatiin weeraramtee, eenyutu irraa ittisuu danda'a jettee amanta?

Dalagaalee mootummaa keessaa inni baay'ee barbaachisaan nageenyaafi tasgabbii waloo lammiilee eegsisuudha. Mootummaan dhiibbaa keessaafi alaa ittisuuf waardiyyaa dhaabbachuu qaba. Haaluma kanaan, biyyoota birmadummaa qabaniif nageenya biyyoolessaa eegsisuun dhimma dursi kennamuuf isa olaanaadha.

Bu'uuruma kanaan, mootummaan humna ittisa biyyoolessaa hundeessuufi eegsisuun; raayyaa ittisaa, meeshaalee waraanaafi hoj-maata isaanii akkasumas ergama nageenya kabachiisuun biyya isaa ni eega. Kana malees, mootummaan nageenya biyyoolessaa mirkaneessuun cinaatti, biyyoota ala wajjin hariiroo gaarii uumuu qaba.

Yaadadhu: Dalagaalee mootummaa keessaa inni baay'ee barbaachisaan nageenyaafi tasgabbii waloo lammiilee eegsisuudha.



Fakkii 2.7 Humna Ittisa Biyyoolessa Itoophiyaa

4. Murtiiwwan dinagdee kennuu

Biyyi fedhiifi hawwii lammiilee ishii hunda guutuu dandeessu hin jirtu. Akkuma beekamu, mootummaan qaala'iinsa jireenyaa to'achuu, daldala jajjabeessuufi guddina qabeenya uumamaa to'achuun; guddinni dinagdeefi tasgabbiin akka jiraatu ni taasisa. Dabalataanis, mootummaan immaammata dinagdee biyya tokkoo to'atan ni baasa. Kanuma irraa ka'uun, dalagaan mootummaa inni murteessaa biroon murtii dinagdee kennuudha.



Fakkii 2.8 Hidha Guddicha Haaromsa Itoophiyaa

2.4 Akaakuuwwan Mootummaa

Xumura Barannoo Kanaan Booda:-

- Akaakuuwwan mootummaa bu'uuraadda ni baasta.
- Garaagarummaa sirna mootummaa gonfoofi sirna bulchiinsa hayyotaa ni ilaalta.
- Maalummaa bu'uuraa,mootummaa dimokiraatawaa ni mirkaneeffatta.

Mootummoonni akaakuu baay'eetu jiru. Sadarkaa barnootaa kanatti akaakuuwwan mootummaa garaa garaa hubachuuf akka ulaagaatti kan irratti xiyyeeffannu baay'ina uummataa aangoo birmadummaa eegsisan irrattidha. Haaluma kanaan, baay'ina uummataa aangoo birmadummaa qaban irratti hundaa'uun akaakuuwwaan mootummaa akka armaan gadiitti qoodamu:

I. Sirna Mootummaa Gonfoo(Monarchy): Akaakuun mootummaa kun sirna namni dhuunfaa mootii yookiin mootittii jedhamu/ttu biyya bulchuuf mirga dhaaltummaatiin aangoo gonfatudha. Dhaaltummaan kun kan darbu ilma angafaatti yookiin dhiira itti dhiyeenyaan mirga dhaaltummaa qabuttidha.

Gaaffii Yaalii:

- ✓ Fakkeenya biyyoota hanga ammaatti sirna mootummaa gonfootiin bulan kennuu dandeessaa?
- ✓ Waa'ee sirna mootummaa gonfoo Itoophiyaa dhageessee beektaa? Yoo dhageessee beekta ta'e, hiriyoota keetti himi.

II. Sirna mootummaa Hayyotaa(Aristocracy): Akaakuun mootummaa kan biroon kan itiin birmadummaan aangoo garee filatamoofi olaanoo jedhamanii yaadamanitti kennnamu sirna mootummaa hayyotaa jedhama. Aangoon mootummaa kun kan dhuunfatamu harka namoota muraasaan yoo ta'u, bulchiinsi mootummaa kan gaggeefffamu faayidaa namoota hedduutiifi jedhamee tilmaamama.

III. Sirna Mootummaa Abbaa Irree(Dictatorship): Akaakuun mootummaa kun namni tokko yookiin gareen namoota muraasaa aangoo daangeffamaa hin taaneen kan biyya bulchanidha. Irra caalaan sirna bulchiinsa mootummaa abbaa irree namni dhuunfaa guutummaatti kan aangootti cichuun waan hunda murteessuufi namoonni garee muraasaa cunqursaa guddaa kan uummata irraan geessisanidha.



Fakkii 2.9 Mootummaa abbaa irree

IV. Dimokiraasii(Democracy): Dimokiraasiin sirna mootummaa ta'ee kan gaggeessaan lammiileen filatamudha. Amaloonni mootummaa dimokiraasii dhugaa, mootummoota biroo irraa adda isa taasisa. Sirna dimokiraasii keessatti, mootummaan wal-qixxummaa dagaagsuuf ni yaala; kanaafis, namni hundinuu guddachuuf carraa wal-qixa qaba. Filannoon bilisaafi banaa ta'e sirna dimokiraasii dhugaa keessatti ni gaggeeffama. Lammiileen ulaagaa seeraa guutan hundumtuu akkaataa biyyi hoogganamtu irratti saagalee isaanii gama bakka buu'ota isaanitiin ni dhageessifatu. Mata dureen kun seensa waa'ee dimokiraasii qofa dha garuu, boqonnaa itti aanuu keessatti bal'inaan ni ilaalama.



Fakkii 2.10 Hooggansa Dimokiraatawaa

2.5 Garaagarummaa Biyyaafi Mootummaa Gidduu Jiru

Xumura barannoo kanaan booda:

- Garaagarummaa mootummaafi biyyaa adda ni baafatta.
- Mootummaan qaama barbaachisaa biyyaa ta'uu ni mirkaneeffatta.

Gaaffii Yaalii

- ✓ Garaagarummaa biyyaafi mootummaa muraasa ibsuu ni dandeessaa?

Yeroo baay'ee, jechoota biyyaafi mootummaa jedhu namoonni bakka wal-jijjiiruun itti fayyadamu. Haata'u malee, biyyaafi mootummaa akka jecha wal-fakkaataatti fayyadamuun sirrii miti. Qaamni biyyi ittiin gaggeeffamtu mootummaa yoo ta'u, mootummaan immoo qabiyyee(elementoota) biyyaa keessaa isa tokkodha. Fakkeenyaaf, Itoophiyaan biyya yommuu jennuu, guutummaa biyyattii waamuu keenyadha. Faallaa kanaatiin, yeroo waa'ee mootummaa Itoophiyaa kaasnu qaamolee mootummaa sadan jechuu keenyadha. Isaanis, qaama seera baastuu, seera raawwachiistuufi seera hiiktuudha.Wantoonni armaan gadii garaagarummaa biyyaafi mootummaa gidduutti argamu kan ibsanidha.

1. Mootummaan elementii biyyaa keessaa tokko qofadha.

Akkuma asiin dura ibsametti, biyyi elementoota gurguddoo afur of keessatti qabdi. Isaanis; uummata, daangaa, mootummaafi birmadummaadha. Kanarraa ka'uun mootummaan elementii bakka biyya bu'uun dalagaalee addaa addaa raawwatu qofadha.

2. Biyyi sadarkaa yaadaatti yoo hubatamu, mootummaan immoo qabatamaadha.

Biyyi yaad-rimee dhokataa ijaan hin mul'annedha. Karaa biraatiin mootummaan wanta qabatamaa mul'atu ta'ee; garee namootaa gurmaa'uun aangoo biyyatti hojiirra oolchanidha. Mootummaan filannoo uummataatiin, uummata keessaa kan argamudha. Mootummaan akaakuufi caasaa ifa ta'e qaba.

3. Mootummaan qaama uummata biyya tokkoon gurmaa'u qofadha.

Biyyi kan uummata bal'aa(hunda) of keessatti hammatudha. Gama biraatiin immoo, mootummaan kan hundaa'u namoota bakka bu'oota uummmataa ta'aniinidha. Mootummaan kan hundaa'u namoota xiqqaa uummata tajaajiluuf bakka bu'oota uummataa ta'anii filatamaniinidha.

4. Miseensummaan biyyaa dirqama yoo ta'u, miseensummaan mootummaa garuu dirqama miti.

Namni kamiyyuu biyyaan akka lammiitti ilaalama. Lammiileen uummata biyyichaa guutuu of keessatti kan hammatudha. Yeroo baay'ee, namni kamiyyuu miseensummaa yookiin lammummaa battalaa biyya sanaa ni argata. Gama biraatiin, miseensummaan mootummaa kan battalaa miti. Namni kamiyyuu qaama biyya bulchutti dabalamuuf hin dirqisiifamu. Kana irraa darbees, namni tokko ulaagaa biyyaa guutee yoo argame aangoo qabachuu, bakka bu'aa uummataa ta'ee filatamuu akkasumas mootummaa fedhii isaanitti dabalamuu ni danda'a/ssi.

Gaaffii Yaalii

✓ Mat-duree boqonnaa tokko keessatti barattee yaadachuudhaan, lammummaa Itoophiyaa akkamitti argachuun akka danda'amu hiriyoota kee waliin mari'adhu.

5. Biyyi Kamiyyuu elementoota murteessoo wal-fakkaataa ta'e yoo qabaattu, akaakuufi amaloonni mootummaa garuu, biyyaa gara biyyaatti garaa garaa.

Biyyoonni hundinuu amaloota wal-fakkaataa kanneen akka uummataa, daangaa murtaa'aa, mootummaafi birmadummaa qabu. Karaa biraatiin, mootummoonni sirnoota garaa garaa kanneen akka sirna mootummaa paarlamaa, sirna mootummaa pirezidaantiifi makaa lamaan isaanii hordofuu danda'u. Akkasumas, uumama isaatiin sirnoonni mootummaa; sirna dimokiraatawaa, sirna mootummaa gonfoo, sirna mootummaa hayyotaa yookiin abbaa irree ta'uu ni mala.

6. Biyyi dhaabbataa yoo taatu, mootummaan garuu kan yerooti.

Yeroo hundumaa mootummaan ni dhufa, ni darba. Filannoonis ta'ee warraaqsaan mootummaan guutummaatti jijjiiramuu danda'a. Biyyi garuu, yeroo hin murtoofneef itti fuftee jiraatti. Biyya taatee itti fufuun ishii haga birmadummaan ishee eegamuufittidha.

Gabateen armaan gadii garaagarummaa ijoo biyyaafi mootummaa gidduu jiru cuunfatti ni ibsa.

T.L	Garaagarummaa Biyyaafi Mootummaa	
	Biyya	**Mootummaa**
1	Biyyi uummata, daangaa, mootummaafi birmadummaa irraa uumamti.	Mootummaan elementii biyyaa keessaa tokko qofadha.
2	Yaad-rimeen biyyaa dhokataafi qabatamaa kan hin taanedha.	Mootummaan mul'ataafi qabatamaadha.
3	Miseensummaan biyyaa dirqamadha.	Miseensummaan mootummaa fedha irrattidha.

4	Biyyi aangoo bu'uuraa yookiin jalqabaa qabdi.	Aangoon mootummaa kan biyyaa irraa madda yookiin fudhatama.
5	Biyyi kamiyyuu elementoota ijoo wal-fakkaatoo afur waliin qabu.	Akaakuufi amaloonni mootummaa biyyaa gara biyyaatti garaa garaa.
6	Biyyi dhaabbataadha yookiin itti fufiinsa qaba.	Mootummaan kan yerooti/ni dhufa, ni darba.

Gudunfaa Boqonnaa

Biyyi hawaasa siyaasaa seera qabeessaan gurmaa'ee, mootummaa ofii isaatiin buludha. Biyyi ammayyoofte elementoota murteessoo afur: uummata, daangaa, mootummaafi birmadummaa of keessatti hammatti. Mootummaa dimokiraatawaan seeraafi qajeelfama eegsisuu, nageenya uummataafi qabeenyaa mirkaneessuu, dinagdee hoogganuufi biyya dhiibbaa alaa irraa eeguuf itti gaafatamummaa qaba. Haaluma kanaan, dalagaaleen bu'a qabeessa mootummaa jiraachuu nageenyaatiif murteessaadha.

Akaakuu mootummaa garaa garaatu jiru. Akaakuuwwan mootummaa garaa garaa hubachuuf, itti fayyadamni birmadummaa aangoo uummataa akka ulaagaatti fudhatama. Kanuma irraa ka'uun, gosoota mootummaa hanga uummataa birmadummaa aangoo isaatti fayyadamuu irra dhaabbannee: aangoo mootummaa gonfoo, sirna bulchiinsa hayyootaa, mootummaa abbaa irreefi dimokiraasii jennee qoodu dandeenya. Dhugaadhumaan, namoonni biyyaafi mootummaa bakka wal-jijjiiruun akka yaad-rimee wal-fakkaataatti haa fayyadaman iyyuu malee, hiikni isaanii garaagara. Biyyi sadarkaa yaadaatti kan hubatamu yoo ta'u, mootummaan immoo qabatamaafi garee namootaa waliin ta'uun taayitaa biyyaa hojiirra kan oolchudha. Irra caalaatti, biyyi kan hundooftu uummata biyyattii hundaan yoo ta'u, mootummaan garuu, bakka bu'oota uummataatiini. Namni kamiyyuu biyya isaa keessatti akka lammii biyyattiitti ilaalama. Lammiileen uummata biyya tokko keessa jiraatan hunda hammata. Miseensummaan mootummaa dirqama battalatti kan kennamu miti. Lammiin kamiyyuu miseensa qaama biyya bulchuu ta'uuf dirqama hin qabu. Hundaa'ol, biyyi itti fufiinsaan jiraatti. Itti fufiinsi biyyummaa ishii hanga birmadummaan ishii eegameefittidha.

Hiika Jechootaa

Birmadummaa:- Aangoo olaanaa dhimmoota biyya keessaafi alaa, biyya tokkooti.

Biyya:-Dhaabbata siyaasaa hawaasaa ta'ee; kan aangoo olaanaafi cimaa qabudha.

Daangaa:- Jechuun qaama yookiin dachee fuula lafaa ta'ee, akka idil-addunyaatti uummatni murtaa'e tokko dhaabbiidhaan irra qubatee jiraata jedhamee beekamudha.

Dimokiraasii:- Akaakuu mootummaa kan aangoo olaanaan harka uummata biyyattii keessa jirudha.

Mootummaa Abbaa Irree: Akaakuu mootummaa kan bulchaan biyyaa yookiin garee xiqqoon aangoo daangaa hin qabne humnaan qabachuun biyya bulchanidha.

Mootummaa:-Mootummaa jechuun qaama fedhiin biyyaa ittiin ibsamuufi dhugoomudha.

Sirna Bulchiinsa Hayyotaa-Akaakuu mootummaa ta'ee, aangoo olaanaan garee namoota; dhalootaan, carraadhaan yookiin dhaaltummaa hidda dhigaatiin filatamoo jedhamanii yaadamaniif kan kennamudha.

Sirna Mootummaa Gonfoo: Akaakuun mootummaa kun karaa ittiin namni dhuunfaa mootii yookiin mootittiijedhamu/mtu biyya bulchu/tudha.

Uummata:- Hawaasa dhaabbiidhaan daangaa murtaa'aa biyya tokkoo keessa qubatee jiraatu jechuudha.

Gaaffilee Keessa Deebii Boqonnaa

I. Gaafilee armaan gadiitiif sirrii yoo ta'e 'Dhugaa', yoo sirrii hin taane immoo 'Soba' jechuun deebisi.

1. Biyyi hawaasa siyaasaa seeraan hundaa'eefi aangoo mootummaa jalatti buludha.
2. Uummanni biyya tokkoo dirqama; sanyii, amantii, afaaniifi aadaa walfakkaataa qabaachuu qaba.
3. Biyyi mootummaa malee jiraachuu hin dandeessu.
4. Mootummaa biyya irraa kan adda isa taasisu yeroo hin murtoofneef itti fufee jiraachuu isaati.
5. Akkuma biyyi birmadummaa ishii turfattu, mootummaanis aangoo isaa yeroo hin murtoofneef ni tursiifata.

II. Gaaffilee armaan gadiitiif filannoo arfan dhiyaatan keessaa deebii sirrii ta'e filachuun deebisi.

1. Kanneen armaan gadii keessaa qabiyyee biyyaa kan hin taane kami?

   A. Uummata C. Paartii siyaasaa

   B. Daangaa D. Birmadummaa

2. _____ akaakuu mootummaa ta'ee birmadummaan aangoo harka garee uummataa olaanoofi filatamoo jedhamuun yaadamanii harka kan jirudha.

   A. Mootummaa Goonfoo C. Mootummaa Abbaa Irree

   B. Mootummaa Hayyotaa D. Mootummaa Dimokiraatawaa

3. Himoota armaan gadii keessaa kamtu sirriitti biyya ibsuu danda'a?

A. Uummata bal'aa irraa ijaarama

B. Miseensummaan battalatti hin kennamu

C. Biyyi qabatamaadha

D. Bakka bu'oota uummataa irraa ijaarama

III. Gaaffilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta'e barreessi.

1. Dalagaaleen arfan mootummaa ijoon maal fa'a?

2. Elementoota biyyaa keessaa tokko yoo hir'ate maaltu uumamuu danda'a?

BOQONNAA 3

DIMOKIRAASII

Seensa

Boqonnaan kun yaada dimokiraasii irratti kan xiyyeeffatedha.Yaad-rimeen dimokiraasii irra caalaatti mata duree jireenya keenya guyyaa guyyaa keessatti calaqqisiifamudha. Sababni isaas galmi bu'uuraa boqonnaa kanaa kan ittiin ibsamu yaad-rimee dimokiraasii gadi faageenyaan beekuudhaan waan ta'eefi. Haaluma kanaan, boqonnaa kana keessatti akaakuuwwaan dimokiraasii baay'een isaa haala gaariin ibsameera. Dabalataanis, tooftaalee hojii irra oolmaa sirna dimokiraasii ilaalchisee bal'inaan kan irratti mari'atamedha. Kana malees boqonnaan kun ibsa bal'aa ilaalchaawwan dimokiraasii ni kenna. Xumura irrattis, sonaawwan dimokiraasii xabboo irratti xiyyeeffata.

JECHOOTA IJOO

- Dimokiraasii
- Dimokiraasii hawaasaa
- Dimokiraasii kallattii
- Dimokiraasii walabaa
- Dimokiraasii adeemsaa
- Dimokiraasii al-kallattii
- Dimokiraasii seeraa

Xumura boqonnaa kanaan booda:

- Hiika dimokiraasii ni ibsita.
- Akaakuuwwan dimokiraasii ni tarreessita.
- Karaalee hojii irra oolmaa dimokiraasii adda ni baasta.
- Sonaawwan dimokiraasii xabboo ni ajaa'ibsiifatta.
- Dimokiraasii adeemsaafi seeraa adda ni baasta.

3.1 Hiika Dimokiraasii

Xumura barannoo kanaan booda;

- Akkaataa dhufaatii dimokiraasii ni ibsita.
- Maalummaa dimokiraasii ni ibsita.
- Waa'ee bulchiinsa uummataa ni ibsita.

Gaaffilee yaalii:

- ✓ Waa'ee dimokiraasii maal beekta? Yaada kee dareef dhiyeessuu ni dandeessaa?
- ✓ Qajeeltoowwan dimokiraasii irratti hundaa'uun murtee kennitee beektaa? Yoo akkas ta'ee muuxannoo kee hiriyoota kee waliin wal jijiiruu dandeessaa?



Fakkii 3.1: Jechoota dimokiraasiin waliin wal-qabatan

Jechi dimokiraasii jedhu jechoota Giriik lamaan "diimoos"fi 'kiraatoos" jedhu irraa madde. Diimoos jechuun uummata yoo ta'u, kiraatoos jechuun ammoo bulchiinsa jechuudha. Jechoonni lamaan kun gaafa walitti dhufan bulchiinsa uummataa jecha jedhu uumu. Dimokiraasiin sirna bulchiinsaa; uummanni kallattiifi al-kallattiidhaan bakka bu'oota isaanii ittiin filatanidha.

Yaadadhu: Dimokirasiin sirna bulchiinsa mootummaa maddi aangoofi abbaan aangoo olaanaa uummata ta'eefi kallattiin yookiin al-kallattiin karaa bakka bu'oota ummataatiin hojii irra ooluudha. Kanaafuu, dimokiraasiin sirna uummata giddu galeeffate ta'ee, uummatni hundee, giddugalaafi firii ta'uudhaan kan ibsamudha.

Akkaataa pirezidaantiin Ameerikaa duraanii Abiraahaam Liinkoon ibsetti; "dimokiraasii jechuun bulchiinsa uummataa; uummataanifi uummataaf" jechuudha. Haaluma kanaan, bulchiinsi uummataa madda seeraa qabeessummaa angaa'oota; mootummaan uummata qofaan akka filatamu ibsudha. Akkasumaas, bulchiinsa uummataa jechuun immoo; hirmaannaa uummataa, adeemsa bulchiinsaafi sirna ofiin of bulchuu uummataa agarsiisa. Bulchiinsa uummataa jechuunis akkasuma yaada angaa'oonni mootummaa akkaataa fedhii uummataatiin wanta tokko hojii irra oolchan jechuudha.

Caayaa Qo'achuu:

Daree barnootaa ati barattuu keessa barattoota 35tu jiraa haa jennuu. Dareen barnootaa hundi bakka bu'aa qabaachuun dirqamadha. kanaaf, akkuma barattoota kutaa kaanii isinis bakka bu'aa qabaachuun murteessaadha. Kanaafis, akka daree keetiitti kaadhimamtoota sadii eeruu qabda. Yommuu bakka bu'oota kana eertu barattoota dhiiraafi dubaraa gidduu galeeffachuun barbaachisaadha. Kaadhimamtoota bakka bu'aa daree sanaa keessa dhiira tokkoofi dubara tokko filachuun dirqama haa jennuu. Bakka bu'oota lama bakka buusuun kan barbaachiseef, yoo lamaan isaanii keessaa tokko sababa adda addaatiin hin jiraannee inni yookiin isheen lammataa bakka bu'ee yookiin buutee akka hojjetuuf yookiin hojjettuuf yaadameeti. Filannoon bakka bu'oota kanaa hirmaannaa barattoota 35'niin murtaa'e. Dabalataanis, adeemsi filannichaa bilisa yookiin walabaafi haqa qabeessa ture.

Akkaataa caayaa armaan olii keessatti eerameen barattoonni hundi adeemsa filannoo walabaafi haqa qabeessa ta'e keessatti hirmaataniru. Kanaaf caayaa olitti dhiyaate keessatti maal hubatte? Namoonni tokko tokko dimokiraasiin halkan tokkotti kan ijaaramuu osoo hin taane, adeemsa yookiin turtii yeroo keessatti kan dagaagudha jedhanii falmu. Kun maaliif ta'e jettee yaaddaa?

3.2 Madda Dimokiraasii

3.2.1 Dimokiraasii Ateensi

Xumura barannoo kanaa booda:

- Bakka madda dimokiraasii adda ni baasta.
- Amaloota dimokiraasii Ateensi ni ibsita.
- Hanqinoota dimokiraasiin Ateensi qabu ni tarreessita.
- Gumaacha dimokiraasii Ateensi ni eerta.

Gaaffii Yaalii:

✓ Bakka ka'umsaa yookiin madda dimokiraasii ni beektaa?

Hubannoon waa'ee dimokiraasii Dh.K.D jaarraa 5ffaa keessa biyya Giriikii magaalaa Ateensitti jalqabe. Waa'ee dimokiraasii Giriikii yoo ilaallu dimokiraasii Ateensi ibsuu ta'a. Sababni isaas yeroo sanatti Ateensi magaalaa mootummaa sirna dimokiraasii hordoftu qofa osoo hin taane magaalaa baay'ee beekamtuufi humna qabeettii turte. Ateensi keessatti dhiironni ga'eessa ta'an hundumtuu dhimmota murteessoo magaalatti irratti sagalee ni kennu. Kanaaf dimokiraasiin kallattii Giriiki keesatti eegale jedhama. Walumaagalatti, dimokiraasiin Ateensi caaccuulee dimokiraasii yeroo ammaa wajjin wal fakkaatu hedduu qaba. Isaanis:-

- Hirmaannaa uummataa kallattiin taasifamu.
- Wal-qixxummaa siyaasaa(walabummaa lammiilee ga'eessota dhiiraa) kan kabachiisuudha.
- Yaada bulchiinsi uummataaf itti gaafatamuu qaba jedhu kan ibsu.
- Yaada lammiilee jedhu jabeessuun kan garboota jedhu ni falleessa.

Gama biraatiin, dimokiraasiin Ateensi durii hanqinoota armaan gadii qaba. Isaanis:-

- Ilaalcha ammayyaawaa keessatti dimokiraatawaa ta'uu dhiisuu isaa; kana jechuun immoo Ateensi keessatti lammileen lakkoofsaan xiqqoo ta'aniifi ga'eessootni dhiiraa muraasni qofti filannoo irratti kan hirmaatan waan ta'eefi.
- Lammummaan hayyoota muraasa qofaaf kan kennamuu ta'uu; Kunis, lammummaan dhirootaaf kan kennamu dhalootaan maatiin isaanii lamaanuu Ateensi kan ta'aniif qofa yommuu ta'u, ga'eessootni hedduun, dubartootni, garboonnifi jiraattotni biyya alaatii dhufani Ateensi keessa jiraataniif lammuumma argachuuf kan mirga hin kenninedha.

- Himaannaan lammilee akkaataa warri Ateensi barbaadaniin hojiirra hin ollee. Fkn; walga'ii irratti kaffaltiin yoo jalqabeeyyuu, lammileen baay'een akka walga'ii irratti hin hirmaannee taasifamaniru.

- Adeemsi sochii dimokiraasii Ateensi seera maleessa ta'uu isaa; Kunis, Yeroo dheeraa kan fudhatu, baasii olaanaaf kan saaxilu, hojiirra olmaan isaa irra caalaatti magaalaafi namoota muraasa irratti kan xiyyeeffatudha. Adunyaa si'anaa keessatti dimokiraasiin Ateensi hojiirra olchuuf rakkisaadha. Sababni isaas, uummanni irra jireessaan yeroo isaanii walga'ii siyaasaa hirmaachuu irra hojii irratti waan dabarsaniifidha.

- Sirni ofiin of bulchuu yeroo sanaa adeemsa murtii kennuufi imaammata mootummaa yeroo sanaan wal hin qabatu. Kunis, adeemsa bulchiinsaa walfakkaataa waan hin qabneef mootummaan yeroo adda addaatti waraanaan akka injifatamuu taasiseera. Haa ta'uu malee, Ateensi madda dimokiraasii taatus, akka waliigalaatti Ateensi dimokiraatawaadha jechuu miti. Haaluma kanaan dura ibsameen warri Ateensi irra jireessaan sirna bulchiinsa mootummaa keessatti kan hin hirmaanneefi yeroo itti garbummaan babal'atee turedha. Fakkeenyaaf, bu'uura qajeeltoowwan dimokiraasitiin lammileen hundumtuu adeemsa sirna bulchiinsa mootummaa keessatti ni hirmaatu. kanaafis, lammileen kunniin garboomfamuu hin qaban. Lammileen Itoophiyaa hundumtuu mirga dimokiraasii isaaniif kenname qoodinsa tokko malee bakka jiraataaniifi sadarkaa biyyaatti mirga fayyadamuu qabu. Lammiin Itoophiyaa kamiyyuu sirna bittaa garbummaa jalatti kufuu hin qabu.

- Garbummaan, sirna mirgi lammilee keessatti sarbamu ta'ee, keessumaattu, adeemsa mirgoonni dimokiraasii lammilee kanneen akka mirga filuufi filatamuu mulqamuudha. Dimokiraasiin Ateensi durii guutummaatti sirri ta'uu baatus, guddina dimokiraasii ammayyaa yeroo ammaaatiif bu'uura ta'eera.

Yaadadhu: Ateensi madda yookiin bakka ka'umsaa dimokiraasiiti.

3.3 Akaakuuwwan Dimokiraasii

Xumura Barannoo kana booda:

- Garaagarummaa dimokiraasii walabaafi hawaasaa ni ibsita.
- Amaloota dimokiraasii walabaa ni tarreessita.
- Amaloota bu'uuraa dimokiraasii hawaasaa adda ni baasta.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Dimokiraasiin walabaa maalii?Amaloota bu'uuraa dimokiraasii hawaasaa ibsu dandeessaa?

3.3.1 Dimokiraasii Walabaa

Qooda fudhannaa mootummaan dhimmoota dinagdeefi siyaasa keessatti qabu irratti hundaa'uun dimokiraasiin akaakuu adda addaa qaba. Dimokiraasii walabaa keessatti giddu seentummaan mootummaa dhimmoota dinagdee hawaasaa keessatti taasisuu hin jajjabeeffamu. Dimokiraasii walabaa keessatti gaheen mootummaan dhimmoota jireenyaafi dinagdee hawaasaa keessatti qabu xiqqaadha. Gama biraatin, mootummaa osoo hin taanee, qooda fudhattoonni sirna gabaa dhimma dinagdee murteessuuf bakka olaanaa qabu. Akkasumas, gosti dimokiraasii kun sirna gabaa bilisaa irratti hundaa'a. Kunis kan agarsiisuu, gaheen mootummaa daanga'aa ta'uufi kanneen akka tasgabbii mirkaneessuu, galteewwan dhiyeessuufi qajeelfamoota qopheessuu akkasumas haala mijeessuudha. Mootummaan wixinee qopheessuun qooda fudhattoonni gahee isaanii akka bahatan haala mijeessuufi hojii wal madaalchisuu raawwata. Kana irraa ka'uun yaadni ijoon dimokiraasii walabaa siyaasa dhuunfaafi wal-qixxummaa seeraa mirkaneessuu irratti kan xiyyeeffatuu yoo ta'ees garuu, wal-qixxummaa dinagdee jechuu miti. Dimokiraasii walabaaa keessatti wal-qixxummaa dinagdee dhuunfaa osoo hin taanee, walqixxummaa seeraafi walabummaa siyaasaa irratti hundaa'a. Yaada ijoo kana irraa ka'uun dimokiraasiin walabaa sirna dinagdee walabaa(kaappitaalizimii) biyyoonni dhihaa baay'een fayyadaman waliin wal-fakkaata.

Yaadadhu: Dimokiraasiin walabaa akaakuu dimokiraasii mootummaan seektaroota dinagdeefi hawaasummaa keessatti osoo gidduu hin galiin hojiirra ooludha. Mootummonni dimokiraasii walabaa hojiirra oolchan seektaroota dhuunfaafi sirna gabaa bilisaa jajjabeessuu irratti xiyyeeffatu.

3.3.2 Dimokiraasii Hawaasaa

Mootummoonni dimokiraasii hawaasaa hojiirra oolchan dhimmoota dinagdeefi hawaasaaf dursa kennu. Galmii dimokiraasii hawaasaa wal-qixxummaa mirkaneessuufi qoqqoodamiinsa hawaasaa hambisuu ta'ee, kunis kan raawwatu karaa sirna kaappitaalizimii haaromsuun ta'a. Haaluma kanaan, dimokiraasiin kun haala jireenya dhunfaa kanneen akka seen-dubee, dandeettii, carraaqqiifi k.k.f fooyyeessuu irratti xiyyeeffata. Kunis, namni kamiyyuu dandeettii isaa yookiin ishii guutuu fayyadamuuf carraa akka argatu taasisa. Gama birootiin, dimokiraasiin hawaasaa kan irratti xiyyeeffatu; haqa hawaasaa mirkaneessuufi hiyyeessi dinagdeen akka of danda'u taasisuu irrattidha. Kana mirkaneessuuf immoo nageenya hawaasaaf eegumsa taasisuu, dhiyeessi manneeni, carraa barnoota tolaa, tajaajila eegumsa fayyaafi k.k.f taasisa.

Yaadadhu: Dimokiraasiin hawaasaa akaakuu dimokiraasii mootummaan yeroo tokko tokko dhimma hawaasaafi dinagdee keessa galuun hojii irra ooludha.

3.4 Karaalee Hojiirra Oolmaa Dimokiraasii

Xumura barannoo kana booda:

- Hiika dimokiraasii kallattii ni ibsita.
- Hiika dimokiraasii alkallattii ni addeessita.
- Garaagarummaa dimokiraasii kallattiifi alkallattii adda ni baasta.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Dimokiraasii kallattii jechuun maal jechuudha?
- ✓ Dimokiraasiin alkallattii hoo?

Adeemsa sirna dimokiraasii keessatti hirmaannaa lammileen taasisan irratti hundaa'uun karaaleen hojiirra oolmaa dimokiraasii lamatu jiru. Isaanis, dimokiraasii kallattii (qulqulluu)fi dimokiraasii alkallattii (bakka bu'iinsaa)ti.

3.4.1 Dimokiraasii Kallattii

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Murtee siyaasaa hunda keessatti dimokiraasii kallattii hojiirra oolchuun ni danda'amaa?

Dimokiraasii kallattii jechuun akaakuu dimokiraasii lammileen ga'eessota ta'an hundi adeemsa murtii kennuu keessatti gidduu seentummaa anga'oota irraa walaba ta'uun akka taasisan qajeelchudha. Akka yaada kanaatti lammiileen umuriin isaanii seeraan eeyyamameef mirga walga'ii siyaasaa irratti hirmaachuu, marii taasisuun sagalee kennuu, murtii sagalee caalmaa(wayyabaa) fudhachuufi yoo murtiin sagalee wayyabaatiin darbe seeraan hojiirra oole namni dhunfaa fudhachuu dhiisuu danda'a. Yaadni kun gama biraatiin namni kamiyyuu fedhii aangoo kan qabu yoo ta'e dorgoommii siyaasaa keessatti hirmaachuuf mirga qaba. Fakkeenyaaf, daree barnootaa keessatti kallattiidhaan bakka bu'aa barattootaa filachuun dimokiraasii kallattii agarsiisa.



Fakkii 3.2 Barattoota bakka bu'aa daree isaanii filatan

Dimokiraasii kallattii ilaalchisee hanqinaaleen beekamoon ni jiru. Fakkeenyaaf, uummanni walitti qabamuun murtii murteessuu yoo hin dandenyee, dimokiraasii kallattii hojiirra oolchuun bakka bu'oota uummataa bakka buusuun hin danda'amu. Haa ta'u malee, dimokiraasiin kallattii bakka itti sirna dimokiraasiif gumaacha taasisuus ni jira. Dimokiraasiin kallattii hojiirra kan oolu hawaasa naannoo tokko keessa jiraatuun, mana barnootaafi waldaaleen hawaasaa waliin mari'achuun sagalee yommuu kennanidha. Dhimmoonni baay'ee walxaxoofi waligalaa marii barbaadan waan jiraniif salphaatti hojiirra oolchuun rakkisaadha. Fakkeenyaaf, akka heerootni biyyoota addaa addaa eeranitti murtoon uummataa(Rifirandamiin) murtoofi marii lammilee hundaa kallattiidhaan kan gaafatudha. Murtoo ummataa(Rifirandamii) dhimmoota murta'aa irratti gaggeessuuf dhimma murtoon irratti kennamu sirriitti ibsuun barbaachisaadha. Kanaafuu, murtoo uummataa sadarkaa gandaa, naannoofi biyyooleessaa irratti adeemsisuun ni danda'ama.

Gahee Taphachuu:

Jiraattoonni ollaa keetti argaman bulchiinsa sadarkaa godinaa irraa naannootti ol-guddachuu irratti sagalee kennan haa jennuu. Itoophiyaa keessatti namni kamiyyuu ulaagaalee boordii filannoo biyyooleessaa guutee yoo argame mirga sagalee isaa kennuu qaba. Atis akka lammii tokkootti murtoo uummataa kana irratti sagalee hirmaatta haa jennuu. Murtoo kana irratti gariin bulchiinsa godinaatiin akka itti fuftu, kaan immoo sadarkaa naannootti akka ol-guddattu murteessitan. Yeroon kun yeroo ati murtoo tokko itti kennitudha. Barsiisaan kee murtoo sagalee keessanii ni lakkaa'a. Xumura irrattis, barsiisaan kee bu'aa murtoo filannoo keessanii kan ibsan yoo ta'e, kana keessatti adeemsi qooda fudhannaa murtee keetii haala

3.4.2 Dimokiraasii Al-kallattii(Bakka Bu'iinsaa)

Gaaffii Yaalii:

✓ Yeroo ammaa kana dimokiraasiin alkallattii maaliif dimokiraasii kallattii caalaatti filatamaa ta'e?

Gosti dimokiraasii kun dimokiraasii ammayyaawaafi yeroo ammaa hojiirra oolaa jirudha. Dimokiraasii alkallattii keessatti lammileen biyyattii qaama bakka isaanii bu'ee murtee kennu adeemsa ittiin filatanidha. Kana jechuun, dimokiraasii bakka bu'iinsaa keessatti uummanni martinuu dhimma isaa irratti kallattiidhaan kan hirmaatu osoo hin taane, filannoo marsaadhaan gaggeeffamuun uummaticha bakka bu'aniin ta'a. Fakkeenyaaf, biyya keenya keessatti, uummanni waggaa shan shaniin bakka bu'oota mana maree keessatti isaan bakka bu'an carraa filachuu qabu. Miseensonni mana marii bakka bu'oota uummataa dhimmoota irratti erga mari'ataniin booda wixineen dhiyaatee raggaasifamee seera biyyatti akka ta'u tuuma. Mana maree bakka bu'oota uummataa keessatti tokkon tokkoon miseensotaa lammilee hundumaa bakka bu'u. Akkasumaas, itti gaafatamummaan seera baasuu miseensota mana marii bakka bu'oota uummataaf karaa uummata isaan filateen kennama. Bakka bu'oonni kun aangoo irra turuuf yeroo yerootti uummataa wajjiin marii gaggeessuu qabu. Haa ta'u malee, bakka bu'oonni uummataa kun yeroo isaaniif kenname seeraan kan itti hin fayyadamne yoo ta'e uummatni mirga aangoo irraa buusuu yookiin mulquu qaba. Haaluma kanaan, uummanni aangoo bakka bu'oota isaa ni to'ata.



Fakkii 3.3 Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa yommuu murtii dabarsu.

Yaadadhu: Dimokiraasii kallattii keessatti lammileen wixinee seeraafi murtoo uummataa keessatti kallattiidhaan hirmaatu. Gama biraatiin, dimokiraasii alkallattii keessatti bakka bu'ootni yookiin anga'ootni muraasni murtoo barbaachiisaa uummata bakka bu'uun dabarsu.

3.5 Dimokiraasii Adeemsaafi Seeraa

Xumura Barannoo Kanaan Booda:

- Garaagarummaa dimokiraasii adeemsaafi seeraa ni ibsita.
- Maalummaa dimokiraasii adeemsaa ni himta.
- Yaada dimokiraasii seeraa ni jedhu ibsita.

Gaaffii Yaalii:

- ✓ Garaagarummaan ijoo dimokiraasii adeemsaafi seeraa gidduu jiruu maali?

Dimokiraasii karaalee gurguddoo lamaan hubachuu dandeenya. Isaaniis, dimokiraasii adeemsaafi seeraati. Dimokiraasiin adeemsaa kan irratti xiyyeeffatu yaadota adeemsaafi akaakuu bulchiinsaa yookiin akkaataa uummanni ittiin of-bulchu irrattidha. Qajeeltoowwan dimokiraasii adeemsaa hirmaannaa waliigalaa, wal-qixxummaa siyaasaafi bulchiinsa garee wayyabaa of keessatti qabata. Dimokiraasiin adeemsaa akaakuuwwan dimokiraasii keessaa tokko ta'e, dhiibbaan uummataa kan dimokiraasii walabaa duriiti gadi ta'edha. Gosa dimokiraasii adeemsaa kan adda taasisuu filannoo walabaatiin uummatni bakka bu'aa isaa filachuu isaati. Akka yaada dimokiraasii adeemsaatti anga'ootaaf tayitaa kennuuf kan irratti xiyyeeffatamuu adeemsa filannoo irratti yommuu ta'uu ulaagaaleen yookiin adeeemsi hundinuu hordofamuu akka qabu ibsa. Fakkeenyaaf, Itoophiyaa keessatti filannoon marsaa dhaabbataan gaggeeffamuu irra jireessaan adeemsi isaa ibsituu bu'uuraa dimokiraasii adeemsaati. Haa ta'u malee, biyya keenyatti lammileen umuriin isaanii filannoof gahee hundi filannoo irratti akka hirmaatan eeyyama. Kana jechuun ulaagaalee dimokiraasii seeraa guuteera jechuu miti. Dimokiraasii seeraa jedhanii fudhachuuf, bu'aan filannichaa jijjiirama qabatamaa lammilee biyyaattiif(wal-qixxummaa siyaasaa, badhaadhina dinagdeefi k.k.f) yoo fidedha.

Yaadadhu: Dimokiraasiin adeemsaa kan irratti xiyyeeffatu adeemsa kenniinsa murtii mootummaa irrattidha.

Yaadni ijoon dimokiraasiin seeraa irratti xiyyeeffatu qabatamaatti mootummaan maal akka hojjetuufi hojiirra olmaan imaammata mootummaa yaadota dimokiraasii waliin akka wal qabatu taasisuudha.

Gosti dimokiraasii seeraa bu'aan filannoo uummata akka bakka bu'utti fudhatama. Gama biraatiin dimokiraasiin seeraa fedhii uummataa kan tajaajiludha. Biyyattiin; lammileen hundumtuu umuriin isaani filannoof gahan akka irratti hirmaatan yoo eeyyamte iyyuu, kana jechuun kallatiidhaan ulaagaa dimokiraasii seeraa ni guuta jechuu miti. Dimokiraasii seeraa keessatti dhimma siyaasa uummataa mootummaan akkamiin hojii irra oolchaa akka jiru (kana jechuun mootummaan qofaa isaatti dimokiraasii hundeessa osoo hin taanee, akka qaama tokkootti raawwata) jechuudha. Gosti dimokiraasii kun bu'aa qabatamaa kan fidudha. Xiyyeeffannoon dimokiraasii gosa kanaa gahee mootummaafi hirmaannaa dhugaa ta'e mirkaneessuudha.

Yaadadhu: Dimokiraasiin seeraa bu'aa yookiin jijjiirama murtoo mootummaan dhufe irratti xiyyeeffata.

3.6 Sonawwan Dimokiraasii Xabboo

Xumura barannoo kanaan booda:

- Sonawwan dimokiraasii xabboo ni ibsita.
- Sonawwan dimokiraasii xabboo biyya keenyaa ni tarreessita.
- Gahee sonawwan dimokiraasii xabboo ni addeessita.



Fakkii 3.4 Itoophiyaa keessatti tooftaalee aadaatiin wal-dhabdee furuu

Hundeeffama biyyoota Afrikaa ammayyaafi jalqabbii sirna dhaaba siyaasaa hedduun dura Afirikaa keessatti, Itoophiyaa dabalatee sirni bulchiinsaafi dhaabbileen dimokiraasii xabboo turuun isaanii beekamaadha. Biyyoota Afirikaa hedduu keessatti, Itoophiyaa dabalatee sirni bulchiinsa xabboo sirna bulchiinsa ammaayaa waliin karaa al-idilee ta'een hojii irra oolaa kan jirudha. Sirni bulchiinsa aadaa Afirikaa kan ammayyaa waliin hariiroo cimaa kan qabudha. Yaadni Afirikaanotaa gahee dimokiraasii xabboofi hojii irraa oolmaa isaa akka jiruun tursiisuu qofa osoo hin taane, sonawwan dimokirasii ammayyaa wajjiin walsimsiisuutti ni amanu. Dabalataanis, sirni bulchiinsa aadaa; sirna dimokiraasii ammayyaa cinaatti adeemsa guddina dimokiraasiitiif gumaacheera. Gama biraatiin mootummootni Itoophiyaa hedduun sirna bulchiinsa ammayyaa hojii irra yoo oolchan illee, dhaabbileen xabboo hanqinaalee dhaabbilee mootummaa idilee raawwachuu hin dandeenye keessatuu, naannoo baadiyyaatti jireenya siyaasaafi hawaasummaa uummataa qajeelchuu keessatti shoora olaanaa taphataniiru. Itoophiyaan qaroomina seenaafi aadaan biyya beekamtuudha. Qabeenyi kunis aadaa dimokiraasii bara durii eegalee uummata biyyatti hunda keessatti argamu kan agarsiisudha. Hawaasa biyyatti keessatti qajeeltoowwan bu'uura dimokiraasii kanneen akka marii bal'aa, walii galteefi dhimma marii qopheessuu akkasumas adeemsa murtee kennuu keessatti hirmaannaa taasisuun duudhaa hawaasaa irratti hundaa'uun sadarkaa naannoo jireenya isaaniitti hojii irra oolchaa kan turanidha.

Kanneen armaan gadii hirmaannaa dimokiraasii xabbooti. Isaanis: uummata oromoof “Jaarsummaa”; uummata Amaaraaf “shimgilinnaa”, uummata Guraageef “yejokaa”, uummata walaayittaaf “dee’iraa cimmaa”, uummata Beenishaangul Gumuziif “Enashimaa”, uummata Tigiraayiif “Baayitoo”, uummata Affaariif “mada’aa”, uummata Soomaaliyaaf “xeeriii”fi beekumsawwan xabboo kanneen biroonis ni jiru. Tooftaaleen wal-dhabdeewwan hiikuu xabboo armaan olitti eeraman naannoolee biyya keenyaa bakka adda addaa keessatti walitti bu’iinsa sababa adda addummaa fedhiitiin uumamu furuu keesaatti shoora olaanaa taphateera. Itoophiyaa keessatti, dhaabbilee idilee kanneen akka mana murtii cinaatti dhabbileen xabboo rakkoolee baay’ee furuu keessatti gumaacha olaanaa tasisaniiru.

Gudunfaa

Jechi dimokiraasii jedhu jechoota Girikii lama irraa dhufe kunis; ‘diimoos’ jechuun uummataafi ‘kiraatoos’ jechuun immoo bulchiinsa kan jedhu irraa madde. Kanaaf, hiikni isaas bulchiinsa uummataa jechuudha. Yaadni dimokiraasii kunis bulchiinsa magaalaa Ateensi keessatti eegale. Dimokraasiin sirna bulchiinsaa aangoo olaanaan harka uummataa jirudha. Lammiileen biyya tokko keessa jiraatan karaalee lamaan dimokraasii hojiitti hiikuu danda’u. Inni jalqabaa dimokiraasii kallattii kan lammileen ga’eessota ta’an hundi adeemsa murtee kennuu keessatti hirmaatanidha. Dabalataanis, uummatni biyya tokko keessa jiraatu mirga murtoo uummataa irratti kallattiidhaan hirmaachuu danda’u qabu.

Yeroo ammaa sababoota akka baay’ina uummataa, teessuma lafaa, qabeenya, yeroofi kanneen birootiif dimokiraasiin kallattii hin filatamu. Haata’u malee, dimokiraasiin bakka bu’insaa biyyoota baay’ee keessatti kan beekamuufi bal’inaan hojiirra oolaa kan jirudha. Dimokiraasii al-kallattii keessatti lammileen bakka bu’aa isaanii ni filatu; bakka bu’oonni kunis uummata bakka bu’uun hojii isaani ni raawwatu. Bu’uura kanaan, dimokiraasiin adeemsa keessa kan guddatu ta’u isaa hubachuun barbaachisaadha. Ijaarsi sirna dimokiraasii yeroo kan gaafatu yoo ta’u; qooda fudhattootni adda addaa; aadaa dimokiraasii guddisuuf waliin hojjechuun murteessaadha. Adeemsa dimokiraasii keessatti dhaabbileen siyaasaa, waldaaleen hawaasaa, dhaabbileen sab-qunnamtiifi walgahi hawaasaa gahee guddaa ni taphatu. Dimokiraasiin akaakuuwwan adda addaa irraa ijaarame. Kunis dimokiraasii walabaa, dimokiraasii hawaasaa, dimokiraasii dinagdeefi dimokiraasii misoomawaa fa’a. Dabalataanis, yaada dimokiraasii hubachuuf dimokiraasii adeemsaafi seeraa jechuun bakka lamatti qoodamu. Dimokiraasii adeemsaa jechuun akaakuufi adeemsa murtii kennuu mootummaa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta’uu, dimokiraasii seeraa jechuun immoo qabatamaatti mootummaan maal akka raawwatu kan ibsudha.

Hiika Jechootaa

Dimokiraasii:- Sirna bulchiinsaa maddiifi abbaan aangoo uummata ta'uu agarsiisudha.

Dimokiraasii adeemsaa:- Adeemsa filannoo kanneen akka filannoo marsaa isaa eeggateefi ulaagalee seera filannoo guutee argamuu of keessatti qabata.

Dimokiraasii al-kallatii:- Akaakuu dimokiraasii uummanni karaa bakka bu'oota isaaniitiin dhimmoota siyaasaa keessatti hirmaatanidha.

Dimokiraasii hawaasaa:- Akaakuu dimokiraasii dhimmoota hawaas-dinagdeetiif dursa kennudha.

Dimokiraasii kallattii:- Gosa dimokiraasii lammiilee kallattiin dhimma siyaasaa keessatti hirmaachisudha**.**

Dimokiraasii Seeraa: Dimokiraasiin seeraa qabatamaatti mootummaan maal akka raawwatu irratti xiyyeeffata. Dimokiraasii seeraa keessatti kan ilaalamuu qabatamaatti bu'aa yookiin jijjiirama mul'atedha.

Dimokiraasii walabaa:-Walabummaafi mirga dhuunfaa lammiilee kabachiisuun dhimma dinagdee irratti giddu seentummaa mootummaa kan daangessudha**.**

Gaaffilee Keessa Deebii

I. Kanneen armaan gadii yoo sirrii ta'an 'dhugaa', yoo sirrii hin taane immoo 'soba' jechuun deebisi.

1. Dimokiraasiin sirna bulchiinsa Roomaa duriitti eegaledha jedhamee yaadama.
2. Dimokiraasiin seeraa qabatamaatti mootummaan maal akka raawwatu irratti kan xiyyeeffatudha.
3. Dimokiraasiin Ateensi durii dimokiraasii ammayyaatiif waan tokkoyyuu hin gumaachine.
4. Dimokiraasii bakka bu'iinsaa keessatti uummatni biyya tokkoo kallattiin dhimmoota siyaasaa keessatti hirmaata.
5. Dimokiraasiin hawaasaa uummanni wal-qixxummaafi qoqqoodinsa tokko malee akka jiraatu taasisa.

II.Gaaffilee armaan gadiitiif qubee deebii sirrii ta'e filachuun deebisi

1. Qooda fudhattoota armaan gadii keessaa adeemsa sirna dimokiraatawaaf kamtu barbaachiisaadha?

   A. Dhaabbilee siyaasaa C. Yaada uummataa

   B. Dhaabbilee sab-qunnamtii D. Hunda

2. Dimokiraasii Ateensi durii ilaachisee kamtu sirriidha?

   A. Lammummaan hayyoota muraasaaf kennama.

   B. Dubartootaafi garboota hin hirmaachisu.

   C. Dimokiraasii kallattiiti.

   D. Hunda

3. Gosti dimokiraasii sirna gabaa walabaa jajjabeessuu kami?

A. Dimokiraasii hawaasaa
C. Dimokiraasii walabaa
B. Dimokiraasii misoomaa
D.Dimokiraasii siyaasaa

4. Sirnoota xabboo keessaa jaarsummaan uummata kam biratti hojiirra oola?

A. Oromoo
C. Affaar
B. Tigraay
D. Soomaaliyaa

5. Dimokiraasii ilaalchisee kamtu sirriidha?

A. Dimokiraasiifi dimokiraatawaa ta'uun adeemsadha.
B. Dimokiraasiin hirmaannaa mootummaa qofaan ijaarama.
C. Dimokiraasiin kallattii sirriin kan beekamuu yeroo durii caalaa yeroo ammaati.
D. Deebii hin qabu.

BOQONNAA 4

OLAANTUMMAA SEERAA

Seensa

Boqonnaa sadi keessatti waa'ee dimokiraasii baratteetta. Olaantummaan seeraa qajeelfama bu'uuraa dimokiraasiiti. Biyya dimokiraatawaa taate keessatti mootummaan nagaafi tasgabbii eegsisuu, akkasumas mirga lammilee kabachiisuuf itti gaafatamummaa guddaa qaba. Haata'u malee, kun kan danda'amu yoo olaantummaan seeraa lafa qabatedha. Boqonnaan kun akka waliigalaatti yaad-rimee olaantummaa seeraa, akkasumas hiika isaa, madda olaantummaa seeraa, faayidaafi agarsiiftuuwwan seeraa gadi fageenyaan ni ibsa. Akkasumas, waa'ee garaagarummaa olaantummaa seeraafi olaantummaa gaggeessitootaa ni baratta. Dhuma irrattis, wantoota olaantummaa seeraa cabsuu yookiin sarbuu danda'an ni baratta.

JECHOOTA IJOO

- Barmaatilee
- Dambiilee
- Haqummaa
- Malaammaltummaa
- Olaantummaa gaggeessitootaa
- Olaantummaa seeraa
- Safeeffannaa
- Seera baastuu
- Seera hiiktuu

4.1. Yaad-rimee Olaantummaa seeraa

Xumura boqonnaa kanaan booda:-

- Yaad-rimee olaantummaa seeraa ni beekta.
- Maddoota seeraa adda ni baafatta.
- Faayidaa olaantummaa seeraa ni hubatta.
- Agarsiiftuuwwaan kabaja olaantummaa seeraa adda ni baafatta.
- Olaantummaa seeraafi olaantummaa gaggeessitootaa ni ibsita.
- Wantoota olaantummaa seeraa irratti dhiibbaa godhan ni hubatta.

Xumura barannoo kanaan booda:-

- Jecha olaantummaa seeraa jedhu ni hiikta.
- Jireenya kee guyyaa guyyaa keesaatti haqummaa ni yaadatta.
- Gochaan namootaa haqaafi haqa ta'uu dhiisuu isaa ni xiinxalta.

Gaaffii Yaalii

✓ Olaantummaan seeraa maali?

Seerri, qajeelfamniifi dambiileen hawaasaa kan uummataan hordofamu ta'uu qaba. Seerri; nageenyi hawaasaafi mirgi lammiilee namoota dhuunfaan, dhaabbilee garaagaraa akkasumas mootummaan akka hin sarbamne ni ittisa. Seerri gochaawwaan uummatni guyyaa guyyaan raawwatu ni hooggana. Seeronni waa'ee mirgaafi dirqama keenyaa nu hubachiisu. Akkasumas, wanta nurraa eegamu yoo dalaguu baanne maaltu akka uumamuu malu nutti hima. Gadi fageenyaan yoo ilaallu, olaantummaa seeraa jechuun namni kamiyyuu, sooressaas haa ta'u iyyeessa, gaggeessaas haa ta'u lammiin

seeraa olii miti jechuudha. Bu'uuruma isaarraa, olaantummaa seeraa jechuun walqixxummaa seera duraafi dhabamuu akka feetee aangoo mootummaati. Akkaataa qajeelfama seeraan walqixxuummaan kan ibsu, namni kamiyyuu faayidaa hundaaf hin kennamne argachuu hin danda'u akkasumas, namni kamuu yakka hojjatee seera jalaa miliquu hin danda'u. Kana irraa ka'uun, lammiileen hundinuu seera duratti ija wal-qixaan ilaalamu.

Yaadadhu: Olaantummaan seeraa walqixxummaa seera duraa ni mirkaneessa.




Fakkii 4.1 wal-qixxummaa seera duraa

Caayaa Qo'achuu:

Guyyaa tokko barattoonni akkuma baratame yeroo boqonnaa isaaniitti tapha garaa garaa taphachuutti ka'an. Isaan keessaa ijoolleen muraasni tapha funyoo utaaluu taphachaa turan. Haa ta'u malee, barattoota tapha funyoo utaaluu taphatan keessaa, barattoonni lama wal loluu jalqaban. Barattoonni isaan waliin taphachaa turan wal-dhabdee kana furuuf yaalan iyyuu garuu furuu hin dandeenye. Yeroodhuma sanatti wardiyyaan mana barnootichaa itti dhufee walitti bu'iinsicha tasgabbeessuf yaale. Yeroo kana godhutti, barattoota waldhabdicha keessatti hirmaatan keessaa tokko ilma dura taa'aa mana barumsichaa ta'uu isaa mirkaneeffate. Waardiyyichi sababa daa'imman lamaan ittiin wal-lolan gaafate. Barattoonni biroon

duukaa taphachaa turan akka ibsanitti, ka'umsi waldhabdee kanaa dogongora ilma dura bu'aa mana barnootichaati. Inumaayyuu, barattoonni akka waardiyyichatti himatanitti ilmi dura bu'aa mana barnootichaa yeroo hundaa yeroo isaan waliin taphatu humnatti fayyadama jedhan. Waardiyyichi yakkamaan ilma dura bu'aa mana barnootichaa ta'uu isaa osoo beekuu, barattoota qulqulluu maqaa balleessee bakka duraan turetti deebi'e.





Fakkii 4.2 Barattoota osoo taphachaa jiranii wal-lolan

Gaaffiilee yaalii:

- ✓ Osoo barataa qulqulluu sana taatee maal goota?
- ✓ Akka yaada keetti gochaan waardiyyichaa sirriidha jettee yaaddaa? Maaliif yookin maaliif miti?
- ✓ Yeroon ati mana barnoota kee keessatti ilaalcha qoodinsaargite jiraa? Yeroo sanatti ati immoo murtoo akkamii fudhattee?

Yaadni haqummaa yaad-rimee olaantummaaa seeraa waaliin walitti hidhata qaba.

Kaayyoon seeraa inni olaanaan lammiin hundinuu ija haqaatiin akka ilaalaman mirkaneessuudha. Yaad-rimeen haqaa, safeeffannaa, qajeeltoofi sirrummaa kanneen akka kabajaan uummata tajaajiluu akkasumas namoonni gahee isaanif malu akka fudhatan mirkaneessuudha.

Yaadadhu: Yaad-rimeen haqummaa safeeffannaa qajeelinaafi haqummaa ibsa.

Seerri; saalaan, bifaan, sanyummaan, gulantaaafi k.k.f irratti hundaa'uun garaagarummaa lammiilee gidduutti uuma yoo ta'e akka haqa hin taanetti ilaalama.

Gulaantaa namaa osoo ilaalcha keessa hin galchin seerri hojii irra ooluu qaba. Haqummaan loogii qabaachuu hin qabu.

Gaaffii yaalii:

✓ Garaagarummaan wal qixxummaafi haqummaa maali?

Caayaa Qo'achuu:

Barsiisaan daree keessatti yommuu barsiisu kaayyoon barnootichaa isaaniif galuufi galuu dhiisuu isaa adda baafachuuf barattoota isaa gaafate. Deebii qorannoo kanaa keessatti, barattoonni hedduun harka isaanii baasanii jiru. Akkuma amala isaa barsiisichi barattoota lama duwwaaf akka deebii kennan carraa kenneef. Barattoonni daree sanaa barsiisichi loogiidhaan carraa kana barattoota kanaaf kennuu isaa baran. Battaluma sanatti barataan tokko amala barsiisichi qabatee dhufeen baay'ee waan aareef akka gaaffii qabu ibseef. Barsiisichi gaaffii barataa sanaatti waan baay'ee aareef, baratichaan gaaffii yoo siif eeyyamamee qofa na gaafachuu dandeessa deebii jedhu kenneef. Barataan baay'ee aaree sun barsiisichaan ol ka'ee dhaabbadhee gaaffii qabu si gaafachuun koo dogongora ta'u danda'a, haata'u malee waan ati ija

qoqqooddaatiin nu ilaalteef, osoo ati naaf hin eeyyamiin ka'ee dhaabbachuun dirqama natti ta'eeti jechuun deebise. Nuti hundinuu barattootta kee waan taaneef carraa wal-qixa nuuf kennuuf dirqama qabda. Haa ta'u malee, haala qoqqooddaa qabuun barattoonni lama duwwaan deebii laachuu irratti akka hirmaataniif carraa kennite. Kanaaf ani kanan kabajaan si yaadachiisuu barbaadu, hundumti keenyayyuu gaaffii kee irratti waan hirmaachuu barbaannuuf dirqama hunda keenyaaf carraa wal-qixa nuuf kennuu akka qabdudha jedheen.

Gaaffiilee Yaalii:

- ✓ Dhimma armaan olitti ka'e irratti, furmaanni akkamii fudhatamuu qaba jettee yadda? Furmaaticha eenyuutu kennuu qaba jettee yaadda? Irratti mari'adhaa.
- ✓ Gochi baratichaa sirriidha jettee amantaa?Daree keessatti kallattiin dhimma kee ittiin ibsachuu dandeessu jiraa?
- ✓ Jireenya kee guyyaa guyyaatti haqa akkamitti hojii irra oolchuu dandeessaa?



Fakkii 4.3 Barattoota daree keessatti ija wal qixaan ilaaluu

4.1.1 Maddoota Seeraa

Xumura barannoo kanaa booda:-

- Maddoota seeraa adda ni baafatta.
- Heeraafi Safeeffannaa akka madda bu'uura seeraatti wal madaalchifta.
- Akkaataa ittiin seera baastonni qajeelfamoota barmaatilee gara seeraatti jijjiiran ni xiinxalta.

Gaaffii yaalii:

- ✓ Seerri Itoophiyaa eessaa madde?

Maddoonni seeraa bu'uura seeraati yookiin qajeelfama amalli namootaa ittiin too'atamudha. Maddoonni seeraa bakka afuritti qoodamu. Isaaniis:-

I. Heera:

Heerri qabiyyee bu'uuraa tuuta qajeelfamootaafi caasaalee seerotaa, sirna mootummaa, jaarmiyaalee isaa ibsuufi kallattilee dalagaa isaaniifi walitti dhufeenya isaanii agarsiisudha**.**

Akkasumas heerri akkaataa ittiin aangoon mootummaafi mirgi lammiilee daangeffamu ni ibsa. Kanaafuu, heerri madda bu'uura seeraati.

Yaadadhuu: Heerri madda bu'uura seeraati.

II. Barmaatilee:

Barmaatileen madda seeraa kan durii keessaa isa tokko dha**.**

Barmaatileen kan ibsamu gochaawwan asiin dura raawwatamaa turan yookiin dambiilee hin barraa'in ta'ee kan dirqama hoji irra oolu yookiin amala namoonni dirqama hawaasa keessatti qabanidha.

Barmaatileen walitti bu'iinsa namoota gidduutti uumamu fuuruufi hiikuuf gargaara.

Barmaatileen jalqabumarraa uummataan kan fudhatamuufii isa cabsuun seera hawaasaatiin nama adabsiisa. Jarmiyaaleen hawaasaa barmaatilee fudhatama qaban garaa garaa irratti hundaa'aani ni hojjatu. Dhugaadhumaan, irra caalaan seerota biyyaa kan dhalatan yeroo isaan barmaatilee kanneen gara aangoo qabeessaafi dambii hojiirra ooluutti jijjiramanidha.



Fakkii 4.4 Shamarree maanguddoo gargaartu

Gaaffilee yaalii:

- ✓ Fakkii armaan olii irratti shamarreen argamtu kun maal hojjechaa akka jirtu ibsi. Osoo si ta'e akkana ni gootaa?
- ✓ Akkuma aadaa keenyaatti, barmaatilee gara garaatu jiru. Isaaniin bitamuu(hojirra oolchuu) dhabuun loogii hawaasummaa fida. Hiriyaa kee wajjiin waa'ee barmaatilee hawaasa naannoo keetii yaada wal jijjiiruu dandeessaa? Achumaan irratti mari'adhaa.

III. Amantiifi Safeeffannaa:

Amantiifi seeronni amantii umamumaan kan isaan hawaasa keessatti jalqaban akkuma dhalli namaa amantii ofitti fudhachuu, itti fayyadamuufi humna uumamaa sodaachuu jalqabeeni. Kanaaf, dambiileen amantii akka humna

waaqaa isa olaanaatti fudhatamanii amala namootaa qajeelchuu jalqaban. Amantiin hundinuu dambiilee namoonni dhuunfaa fudhachuufi dirqama hordofuu qaban ni dhiyeessa. Akkasumas qajeelfamoonni safeeffannaa hawaasaa keessatti ni argamu. Safeeffannaan maaltu gaariidha yookiin badaadha, maaltu sirriidha yookiin sirrii miti kan jedhuun hiikamuu danda'a. Amantiin hawaasaafi qajeelfamni dambiilee tooftaalee barbaachisoo gochaalee namootaa biyyi ittiin too'attu ni dhiyeessa. Biyyi qaleelfamoota safeeffannaafi duudhaalee amantii akka seera biyyaatti itti fayyadamuu dandeessi. Kanuma irraa ka'uudhaan amantiifi safeeffannaan maddoota seeraa isaan barbaachisoodha.



Fakkii 4.5 Barattoota qorumsa hataa jiran

Gaaffiilee Yaalii:

✓ Fakkii armaan olii ilaalitii hiriyaa keetti himi. Gochaan barattootaafi barsiistuu kanaa sirriidha moo sirri miti? Barsiisaan gochaa barattoota kana gidduu yoo seenuu baate maal goota? Waa'ee kanaa irratti hiriyoota kee waliin irratti mari'adhu.

IV. Qaama Seera Baastuu:

Akka aadaatti, biyyi barmaatileefi labsii yookiin ajaja mootiin amaloota lammiilee to'atti. Boodarra, qaamni seera baasu qaama hooggansaa ta'ee hundeeffame. Adeemsi seera haaraa karaa kamiinuu baasuu, seera baasuu jedhama. Seera baasuun fedhii seera baastota seerichaa hundumaa ni hammata. Qaamni seera baastuu qajeelfama barmaatilee hawaasaa amala

murtaa'aafi amala qajeelfama hojii irra ooluutti ni jijjiira. Qaamni seera baasu erga moggaafamee booda, qaamni seera baaftuu biyyaafi seerri ba'u madda bu'uura seeraa ta'a.

Yaadadhu: Qaamni seera baastuu madda bu'uura seeraati.

Dambiin ittiin bulmaata barattootaa fakkeenyaf, qajeelfama yeroo manni barnootaa jalqabu qajeelfama mana barnootaa keen siif kennamu ta'uu danda'a. Imaammatniifi qajeelfamoonni barataa, barsiisaafi bulchiinsi mana barnootaa ittin bulan, dambii ittiin bulmaata mannen barnootaa irratti ni ba'u. Akkasumas, qajeelfamaafi ittin bulmaata dhuunfaa kan daree kanneen akka armaan gadii baasuu ni dandeessa.

Qajeelfamootaafi Dambiiwwan Daree Barnootaa

- ☞ Daree barnootaa keessatti yeroon argamuu.
- ☞ Meeshaalee barnootaa qabachuun dareetti argamuu.
- ☞ Uffata dambii mana barnootaa seeraan uffachuu.
- ☞ Ajajoota kennaman seeraan hordofuu.
- ☞ Namoota biroo ija kabajaan ilaaluu.
- ☞ Jechoota arrabsoo hin barbaachisne fayyadamuu irraa of to'achuu.
- ☞ Balfa kuusaa isaa keessatti gatuu.
- ☞ Barnoota irratti hirmaachuufi deebii sirrii deebisuuf yaaluu.

Garee xiqqootti wal qoodaati, hiriyoota isinitti dhiyoo jiran wajjiin waa'ee qajeelfamootaafi dambiilee armaan olii yaada wal jijjiiraa.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Faayidaan dambii daree keessaa qabaachuu maali?
- ✓ Seerri kuni siifi barataa biraa aangoo baay'ee isinii kenne moo isin irraa fudhate? Maaliif kana yaadde?
- ✓ Barattoonni seera ittiin bulmaataa hin hordofan yoo ta'e dareen barnootaa kee maal fakkaata?
- ✓ Yoo barsiisaan kee barattoonni maal gochuu akka qaban hin himu ta'e maaltu uumamuu akka danda'u xiinxali.

4.2 Barbaachisummaa Olaantummaa Seeraa

Xumura barannoo kanaan booda:-

- ➢ Faayidaa olaantummaa seeraa ni xiinxalta.
- ➢ Olaantummaa seeraa yaad-rimee dimokiraasii irratti hundaa'uun ni raawwatta.
- ➢ Hidhata olaantummaa seeraafi bilisummaa gidduu jiru ni dinqisiifatta.

Gaafii yaalii:

- ✓ Olaantummaan seeraa hawaasaaf maal fayyada?

Bilisummaafi Bilisee

Bilisummaafi Biliseen haadha manaafi abbaa manaa baroota dheeraaf waliin jiraachaa turanidha. Mucaan isaanii Lammiin guyyaa tokko konkolaataa mana barnootaa ittiin dhaqu dhabe. Kana irraa ka'uun haatiifi abbaan isaa ofumaa isaaniitii geessuuf murteessan. Bakka daandii qaxxaamuraa; iddoo ibsaan tiraafikaa ifu ga'an. Akkuma isaan achi ga'aniin ibsaa diimaan daandii sun ife. Haata'u malee, abbaan Lammii, to'ataan daandii tiraafikaa waan achi

hin jirreef osoo ibsaa diimaan ifuu daandicha qaxxaamuruuf murteesse. Biliseen, haati manaan isaa, daandii bukkee teessee, abbaan manaa ishee osoo beekuu seeraan ala daandii qaxxaamuruuf yaaluu isaa barte. Kana irraa ka'uudhaan, hanga ibsaan magariisni ifutti akka obsaan eeggatu gorsite. Haa ta'u malee, abbaan manaa ishee, daandicha qaxxaamuruu akka qabuufi hanga magariisni ifutti obsuu akka hin dandeenye itti hime.



Fakkii 4.6 Ibsaa tiraafikaa

Gaaffiilee yaalii:

- ✓ Wayita namni seera eegsisu jiruqofa seera kabajuu qabnaa?
- ✓ Yeroo Bilisummaan daandii qaxxaamuru ibsaan diimaan yoo ife maaltu uumama?
- ✓ Dhibaa'ummaa Bilisummaafi gorsa Bilisee irraa maal hubattan?
- ✓ Namoonni seera hordofuu yoo baatan hawaasni maal fakkaata?

Qabxiileen armaan gadii barbaachisummaa olaantummaa seeraa haalaan ibsu.


A. Dimokiraasii Dagaagsuu

Gaaffii yaalii:

- ✓ Olaantummaan seeraa mootummaa dimokiraatawaaf akka barbaachisu, yookiin dimokiraasiin olaantummaa seeraaf akka barbaachisu ni amantaa?

Olaantummaan seeraa dimokiraasiif barbaachisaadha. Sababni isaas, bu'uurri dimokiraasiin irratti hundaa'u murteessaadha. Akka qajeelfama olaantummaa seeraatti, lammiileen hundinuu seera duratti osoo saalaan, amantiin, afaaniin, sanyiifi bifaan garaagarummaa hin qabaatiin walqixadha. Kun immoo amala murteessaa dimokiraasiiti. Kanaafuu, olantummaan seeraa argama mootummaa dimokiraatawaatiif akka bu'uuraatti ilaalama.

Yaadadhu: olaantummaan seeraa argama mootummmaa dimokiraatawaatiif bu'uuradha.



Fakkii 4.7 Hawaasa Dimokiraatawaa

B. Bilisummaa manneen murtii dagaagsaa

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Akka yaada keetti giddu-galtummaa irraa bilisa ta'uun manneen murtii bu'aa akkamii qaba?
- ✓ Olaantummaan seeraa bilisummaa manneenmurtiitiif gahee maalii qaba?

Bu'aalee olaantummaa seeraa keessaa tokko bilisummaa manneen murtii dhugoomsuudha. Kana jechuun, olaantummaan seeraa yoo haalaan hojiirra oole bilisummaa manneen murtii waan dabaluuf; dhiibbaa qaamota biroo irraa bilisa ta'ee hojjachuu danda'a. Kanuma irraa ka'uun, yoo sirni manneen

murtii bilisa ta'e, abbootiin murtii yookiin abbootiin seeraa dhiibbaa alaa tokko malee murtii seera qofa irratti hundaa'e kennuu danda'u.

C. Bilisummaa namoota dhuunfaa ni dabala

Gaaffii yaalii:

✓ Walitti dhufeenyi olaantummaa seeraafi bilisummaa namoota dhuunfaa maali?

Yoo olaantummaan seeraa jiraate, mootummaan yaada fallaa isaa irraa adda ta'e akka ibsataniif ni eeyyama. Akkasumas, mootummaan bilisummaa midiyaalee kanneen akka Raadiyoo, Televijiinii, Gaazexaafi Miidiyaalee hawaasummaa biroo ni kabachiisa.

Olaantummaan seeraa hin jiru yoo ta'e, namni kamiyyuu dubbachuufi yaada isaa garaa garaa maxxansuu hin danda'u.



Fakkii 4.8 Nama yaada qabu bilisaan ibsachuu hin dandeenye

Gaaffii Yaalii:

✓ Suuraa armaan olii irraa maal hubatta?

D. Akka feeteefi abbaa irrummaa ittisuu

Yoo olaantummaan seeraa hojii irra oole lammiileen mirgaafi bilisummaa isaanii sirriitti ni hubatu. Kun immoo lammiileen mirgi isaanii sarbamuufi sarbamuu dhabuu akka mirkaneeffatan dandeessisa. Akkasumas olaantummaan seeraa akkafeetummaa filatamtoota mootummaafi abbaa irree to'achuuf gargaara.

Bakka olaantummaan seeraa hin jirretti mootummaan abbaa irree fedhii hawaasaa deebisuu irra humna ofii fayyadamuu filata. Mootummmaan abbaa irree biyyaafi uummata isaa sodaachisuudhaan hooggana. Kanarraa ka'uun karaatti bahanii mootummaa abbaa irree balaaleffatu yookiin mormu.



Fakkii 4.9 Mootummaa abbaa irree mormitootaaf deebii kennu

4.3 Ibsitoota Kabajamuu Seeraa

Xumura barannoo kanaan booda:

- Ibsitoota olaantummaa seeraa ni addeessita.
- Namoota murtiin irratti hin murtaa'iniif qulqulluu ta'uu ni falmita.
- Faayidaa qoqqoodamiinsa aangoo mootummaa ni tarreessita.

Yaalii:

✓ Seeraan eegamuufi eegamuu dhabuu kee akkamitti mirkaneeffatta? Barattoota sitti aananii taa'an wajjiin karaalee eegumsa seeraa ibsan waan beektu yaada hiriyoota keef qoodi.

A. Bilisummaa Manneen Murtii

Lammiileen yoo seera kabajuu baatan olaantummaa seeraa kabachiisuun baay'ee ulfaataa dha. Olaantummaan seeraa akka hojii irra ooluuf seera kabajuun barbaachisaa ta'uu lammiileen ni amanu. Bilisummaan mana murtii jiraachuun ibsituu kabajamuu olaantummaa seeraati. Bilisummaa mana murtii jechuun abbaan murtii yookiin abbootiin seeraa dhiibbaa siyaasaafi hawaasummaa irraa bilisa ta'uun murtii kennuu jechuudha.

Olaantummaa seeraa kabajuuf bilisummaan mana murtii ni barbaachisa. Abbaan murtii yoo waan seerri jedhu murteessu; dhiibbaa siyaasaa, fedhii dhuunfaa, yookaan ilaalcha hawaasaatiin dhiibbaan irra gahuu hin qabu.

Yaadadhu: Kabajamuun olaantummaa seeraa akka ibsitu bilisummaa manneen murtiitti fudhatama.

B. Wal-qixxummaa Hojirra Oolmaa Seerotaa

Aangoon akka feetee hin qabne, karaalee olaantummaan seeraa kabajamu isa biroodha. Olaantummaan seeraa sirna seera qabeessa bu'aa gara fuulduraa akeekuu barbaada. Bu'aa akeekuu jechuun namoonni amala wal fakkaataa agarsiisan seerri wal qixa isaan akka tajaajilu abdatu jechuudha. Namoonni yoo dalagaan isaanii bu'aa wal madaalu hin argamsiifnee, dalagaalee isaanii to'achuuf seeratti hin fayyadaman.

Yoo olaantummaan seeraa jiraate, mirgi dhuunfaa ni jiraata, lammiileen mirga isaanii ni hubatu, seerri akka hin cabneef ni dhaabbatu, akkasumas gochaaalee seeraan ala ta'an raawwachuun hin eeyyamamu.

Irra caalaatti, namni kamiyyuu mana murtiitin osoo yakkamaa ta'uun isaa itti hin murtaa'in qulqulluu ta'ee tura. Namni kamiyyuu akka feeteedhaan qabamuu, hidhamuu yookiin qabeenyi isaa irraa mulqamuu hin qabu.

Adabbiin yakkaa dirqama manneen murtiitin kan kennamu, yakkicha kan madaaluufi olaantummaa seeraa kan hordofe ta'uu qaba.

Gaaffii yaalii:

✓ Namniadeemsa himannaa yakkaa keessa jiru, garuu kan yakki kamiyyuu irratti hin qulqulloofneen maal jedhama?

Yaadadhu: Agarsiiftuuwwan olaantummaa seeraa keessaa inni baay'ee barbaachisaan seerri wal qixxummaan hojii irra ooluu isaati.

C. Dagaagina Nageenyaafi Tasgabbii

Biyya dagaaginni nageenyaafi tasgabbii sadarkaa olaanaa irra jiru keessatti olaantummaa seeraa kabajuun ni calaqqisa. Nageenyi namoota dhuunfaa gatii olaanaa argata. Yakki yoo jiraate lammiileen mootummaa isaanii irraa amantaa dhabu.

4.4 Olaantummaa Seeraafi Olaantummaa Hooggantootaa

Xumura barannoo kanaan booda:-

➢ Jecha olaantummaa seeraa jedhu ni hiikta.

➢ Karaalee ittiin olaantummaan seeraafi olaantummaan gaggeessitootaa raawwatu wal madaalchista.

➢ Jiraachuun olaantummaa gaggeessitootaa walitti dhufeenya inni mirga dhuunfaa waliin qabu ni qeeqxa.

Gaaffii yaalii:

✓ Akka tasaa "Waa'ee olaantummaa seeraafi olaantummaa gaggeessitootaa" dhagayuu dandeessa. Garuu maal akka ibsaniifi akkamitti akka adda ta'an beektaa?

Seenaa dhala namaa keessatti, gaggeessitootaafi seera wal-jala jijjiiruun itti fayyadamaa turan; asirratti seerri salphumatti fedhii gaggeessitootaati.

Namoonni hidhamaniiru, qabeenyi isaanii saamameera, akkasumas osoo dhimmi isaanii adeemsa seeraan hin ilaalamiin gidirfamaa turaniiru. Seera akka meeshaa siyaasaatti fayyadamuun olaantummaa gaggeessitootaa ibsa. Kana jechuun hooggantoonni lammilee bulchuuf seera yommuu fayyadaman, seerri tasumaa hooggantoota akka gaggeessuuf hin eeyyamamu. Olaantummaan seeraa olaantummaa gaggeessitootaatin wal faallessa. Yaad-rimeen, olaantummaa seeraa kan ibsu gaggeessitoonni illee seera biyyaaf bitamanii akkaataa seerri jedhuun bulchuu qabu jechuudha. Olaantummaa seeraa jechuun seerri qaama seeraa aangoo qabeessa, seera baasuuf aangoo qabuun ba'a jechuudha. Kunis kan bakka bu'u, olaantummaan seeraa fedhii nama dhuunfaatin ol ta'uu isaati.

Gaaffiilee yaalii:

- ✓ Qajeelfamoonni ijoo olaantummaa seeraa maal fa'a?
- ✓ Mana barnootaa kee keessa olaantummaan seeraa jiraachuu dhiisuu isaa wantoota agarsiisan barreessi.

4.5 Wantoota Cabuu Olaantummaa Seeraatiif Sababa Ta'an

Xumura barannoo kanaan booda:-

- ➢ Qajeelfamootaafi haala qabatamaa hojii irra oolmaa olaantummmaa seeraa ni madaalta.
- ➢ Wantoota cabuu olaantummaa seeraaf sababa ta'an adda ni baasta.


Gaaffii yaalii:

- ✓ Dhiibbaa olaantummaan seeraa manneen hojii mootummaafi jarmiyaalee Itoophiyaa irratti qabu maali?

Olaantummaan seeraa hawaasa dimokiraatawaaf wantoota baay'ee barbaachisan keessaa isa tokkodha. Olaantummaan seeraa eenyuummaa keefi bakka ati jiraattu osoo adda hin baasin nama hundumaa irratti dhiibbaa gaarii ni fida. Olaantummaan seeraa gaggeessitoota mootummaafi garee irratti kallattii garaa garaan dhiibbaa ni qaba. Wantoota olaantummaan seeraa haalaan hojiirra akka hin oolle taasisan keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

1. Malaammaltummaa:

Malaammaltummaa jechuun faayidaa dhuunfaa argachuuf itti gaafatamummaa dhuunfaa yookiin aangoo mootummaatti seeraan ala fayyadamuudha. Malaammaltummaan olaantummaan seeraa haalaan hojii irra akka hin oolleef gufuu guddaa dha. Kanaaf malaammaltummmaan gaaffii tokko malee, wantoonta olaantummaa seeraa cabsan keessaa isa tokkodha. Malaammaltummaa balleessuuf, hatattamaan ilaalcha kirasassaabdummaa hiddaan buqqisuufi hawaasa gochaalee naamusa maleessummaa jibban yookiin balaaleffatan uumuun barbaachisaadha.



Fakkii 4.11 Gocha Malaammaltummaa

Yaadadhu: Malaammaltummaan gufuu haalan hojirra oolmaa olaantummaa seeraati.

I. Carraan barnootaa dhabamuu:

Carraan barnootaa dhabamuun ifatti olaantummaa seeraa irratti dhiibbaa qaba, sababni isaas hir'inni beekumsaa yoo mootummaan seeraan ala raawwatu lammiileen akka callisan sababa ta'a.

II. Gaggeessummaa laafaa:

Dhugaa dubbachuuf, gaggeessitoonni olaantummaa seeraa hin jaalatan, sababni isaas, dandeettii isaan aangoo isaanitti fayyadamani bu'aa dhuunfaa argatan ni daangessa waan ta'eef. Gaggeessitoonni akkasii galmaafi fedhii isaanii guuttachuudhaan uummata cunqursu. Kana irraa ka'uun, gaggeessummaa laafaan sababoota olaantummaa seeraatti gufuu ta'an keessaa isa tokkodha.

III. Jaalala biyyaa dhabuu:

Sababiin biraa olaantummaa seeraa cabsu jaalala biyyaa dhabuudha. Lammiileen jaalala biyyaa hin qabne hundinuu fedhii dhuunfaa isaanii guttachuuf seera cabsu. Kana jechuun, lammiwwan kunniin gocha malaammaltummaa akkasii irraa fayyadamuu barbaadu. Kanaaf, lammiileen jaalala biyyaa qaban gocha sirrii hin taane akkasii faccisuu qabu.

Yaadadhu: Wantoota olaantummaan seeraa akka cabu taasisan keessaa tokko jaalala biyyaa dhabuudha.

Caayaa Qo'achuu

Aadde caaltuun dubartii warshaa buddeena tolchu keessa hojjechaa turte. Guyyaa muraasa booda, warshichi wantoota badaa garaa garaa biddeenaan walitti makee akka gurguru argite. Gochaan kun seerummaa kan hin qabneefi fayyaa hawaasaa balaa irra kan buusu ta'uu isaa hubatte. Aadde Caaltuun, gochicha akka dhaabsisaniifi adabbii seeraa akka itti kennanniif qaama poolisaaf odeeffanno kennite. Akka odeeffannoo kanaatti polisiin dhaabbaticha irratti qorannoo gaggeessee, himannaa irratti banuuf ragaa funaannate. Dhuma irrattis, manni murtii namoota yakkicha raawwatan mana hidhaatti darbee adabe.

Gaaffiileelee yaalii:

- ✓ Dubartiin kun olaantummaa seeraatif gahee ishii taphatteetti jettee yaaddaa?
- ✓ Gochaan aaddee Caaltuu gocha jaalala biyyaa agarsiisu jettee yaaddaa?
- ✓ Osoo isheen qaama poolisaaf hin saaxille ta'ee maaltu uumamuu mala ture?

Gudunfaa Boqonnichaa

Olaantummaan seeraa qajeelfama dimokiraasii isa bu'uuraati. Walqixxummaan seera duraa olaantummaa seeraatin mirkanaa'a. Akka yaad-rimee wal qixxummaa seera duraatti, namni kamuu ija tokkoon ilaalama. Heerri, barmaatileefi amantiin akkasumas amantiifi qaamonni seera baasan maddoota seeraa isaan bu'uuraati. Yoo olaantummaan seeraa haalaan hojirra oole, lammiileen mirgaafi bilisummaa isaanii ni beeku. Olaantummaan seeraa hojiirraa oola, sababni isaas, namoonni baay'een olaantummaa seeraa kabajuun akka fayyadu ni beeku. Hawaasa siyaasaa keessatti olaantummaan seeraa olaantummaa gaggeessitootaa irraa adda. Olaantummaa gaggeessitootaa jechuun hooggantoonni lammilee bulchuuf seera yommuu fayyadaman, seerri tasumaa hooggantoota akka gaggeessuuf hin eeyyamamu.

Karaa biraatin yaadni olaantummaa seeraa gaggessaan seeraaf akka bitamuufi karaa seeraatin akka hoogganu taasisa.

Malaammaltummaan, carraa barnoota dhabuun, hooggansi laafaafi hanqinni jaalala biyyaa, hojiirra oolmaa olaantummaa seeraa wantoota miidhan keessaa isaan muraasaadha. Sababa kanaaf, wantoonni akka mana murtii bilisaa, hooggansa itti gaafatamummaa isaa bahatu, jaalala biyyaafi carraa barnootaa babal'isuu qajeelfamoota olaantummaa seeraa haalaan hojii irra oolchuuf baay'ee barbaachisoodha.

Hiika jechootaa

- **Barmaatilee:** - Jechuun barsiifata yookiin wanta hawaasaan, iddoo yookiin yeroo murtaa'aa keessatti fudhatamu yookiin hojii irra ooludha.
- **Dambiilee:** Qajeelfama qaama aangoo seera raawwachiftuu qabuun bahudha.
- **Haqummaa:-** Jechuun ulaagaaleee madaalawaa, haqa qabeessummaa, loogii irraa bilisa ta'uufi sababa qabeessummaa murtee tokkooti.
- **Malaammaltummaa**:-Gosa amanamummaa dhabuu ta'ee namni yookiin dhaabbatni imaanaa aangoo itti kennametti gargaaramuun faayidaa isaaf hin kennamne argachuu yookiin aangoo seeraan ala dhimma dhuunfaatiif oolchuudha.
- **Olaantummaa Hooggantootaa:-**Jechuun dhabamuu olaantummaa seeraafi dambiin hoogganaa/gaggeessaa gara hojiitti jijjiiramuudha.
- **Olaantummaa Seeraa:-**Jechuun qajeelfama ta'ee namni hundi, jaarmiyaaleefi dhaabbileen dirqama seeraa akka qabaatan kan ummataaf ittiin labsamuufi wal qixa hojii irra ooludha.
- **Qaama Seera Hiiktu:-** Sirna mana murtii ta'ee, kan wal-dhabdee irratti murtee kennu, akkasumas dhimma seeraa keessatti seera hiiku, eeguufi hojirra oolchudha.
- **Safeeffannaa:**- Jechuun qajeelfamoota namoonni dhuunfaa dhimmoota gaarii yookiin badaa, dhugaa yookiin soba irratti qabanidha.
- **Seera:**-Jechuun labsiiwwan garaagaraa qaama seera baastuu paarlaamaa jedhamuun bahu yookiin adeemsa seera haarawaa baasuuti.

Gaaffilee Gilgaala Boqonnaa

1. Gaaffilee armaan gadiitiif sirrii yoo ta'e 'dhugaa', yoo sirrii yoo hin taane immoo 'soba' jechuun deebisi.

1. Olaantummaa seeraa jalatti lammiileen hunduu karaa wal-qixa hin taaneen t ajaajilamu.

2. Akka yaad-rimee olaantummaa seeraatti, hooggantootaafi ummannis seera wal fakkaataaf bitamuu qabu.

3. Heera jechuun akka walii galaatti seera olaanaa biyyaa jechuu dha.

4. Barmaatileen madda seeraa isa duriiti.

5. Jiraachuun aangoo akka feetee mallattoo kabajamuu olaantummaa seeraa keessaa isa tokko.

II. Gaaffilee armaan gadiitiif qubee deebii sirrii ta'e filachuun deebisi.

1. Kanneen armaan gadii keessaa waa'ee olaantummaa seeraa dhugaa kaan hin taane kami?

   A. Jiraachuu mootummaa dimokiraatawaaf haal-dureedha.

   B. Qaamni seera hiiktuu giddu galtummaa dhiibba biraa malee akka hojjetu ni gargaara.

   C. Namni kamiyyuu mirga dubbachuufi barreessuu hin qabu.

   D. Lammiileen biyyaa kabajaafi walqixxummaan jiraatu.

2. Kabajamuun olaantummaa seeraa kan itti ibsamu karaa_____.

   A. Dagaagina nageenyaafi tasgabbii

   B. Wal-qixa hojirra oolmaa seeraa

   C. Bilisummaa manneen murtii

   D. Hunduu deebii dha.

3. Kanneen armaan gadii keessaa dhabamuu olaantummaa seeraatif sababa kan hin taane kami?

   A. Malaammaltummaa

   B. Carraa barnootaa dhabuu

   C. Gaggeessummaa laafaa

   D. Jaalala biyyaa

III. Gaaffiilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni.

1. Itoophiyaan biyya olaantummaa namaatin osoo hin taanee olaantummaa seeraatiin bultu jechuun maal jechuu dha?

2. Walitti dhufeenyi olaantummaa seeraatiifi dimokiraasii maali?

BOQONNAA 5

MIRGOOTA NAMUMMAA

Seensa

Boqonnaan kun waa'ee mirgoota namummaafi isaan wal-qabatan kan ibsudha. Mirgi namummaa; mirga namni kamiyyuu qoodinsa bifaa, koorniyaa, saala, ilaalcha siyaasaafi kanneen biroon osoo gargar hin bahiin dhalootaan qabudha. Haaluma kanaan, boqonnaan kun akkaataa hojiirra oolmaa mirgoota namummaa ibsa. Akkasumas, itti gaafatamummaan jalqabaa mootummaan qabu mirgoota kanneen eegsisuudha. Mootumman kana gochuu yoo hin dandeenye hawaasni idil-addunyaa ittigaafatamummaa namoomaa qaba. Xumura irrattis, boqonnaan kun; tooftaalee mirgootni namummaa ittiin kabajamuufi gahee mootummaan mirgoota kana mirkaneessuuf of-keesatti qabata.

JECHOOTA IJOO

- Mirga lubbuun jiraachuu
- Mirga walabummaa
- Mirga walabummaa dhuunfaa
- Mirga wal-qixxummaa
- Walabummaa amantii
- Walabummaa ilaalchaa
- Walabummaan socho'uu

Xumura Barannoo Kanaan Booda:

- Yaad-rimee mirgoota namummaa ni hiikta.
- Amaloota mirgoota namummaa ni ajaa'ibsiifatta.
- Barbaachisummaa kabajamuu mirga namumma ni ibsita.
- Mirga namummaa ilaalchisee bu'aa safeeffaannaan qabu ni calaqqisiista.
- Jarmiyaalee namummaa Itoophiyaa ni tarreessita.

5.1 Yaad-rimee Mirgoota Namummaa

Xumura barannoo kanaan booda:

- Mirgoota namummaa ni hiikta.
- Fakkeenyota mirgoota namummaa ni tarreessita.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Waa'ee mirgoota namummaa maal beekta?
- ✓ Mirgi namummaa maali? Maddi isaa eessa?
- ✓ Waa'ee mirgoota uumamaakeenya eenyuun gaafachuu dandeenya? Fakkeenyaan deeggari.

Mirgi namummaa; mirgoota bu'uuraa namni kamiyyuu dhala namaa ta'e uumama isaan yookiin isheen qofaa qabaatu/ttudha. Mirgi kun dhala namaa ta'uu keenyaan kan qabaannudha. Yaad-rimeen mirga namummaa kun; dhalli namaa kamiyyuu qoodiinsa tokko malee kan argatudha. As keessatti wanti hubatamuu qabu; mirgaafi walabummaa bu'uura namni kamiyyuu erga dhalatee hanga du'atti qabudha. Mirgi namummaa bakka irraa dhufte, ilaalcha ati qabdu, akkaataa jireenya nama dhuunfaa irratti osoo hin hundaa'iin nama hundaaf kabajamuu qaba. Mirga namummaa jechuun; jireenya namaafi kabaja dhala namaa calaqqisiisuudha. Haata'u malee, mirgiifi dirqamni fuula


adda addaa saantima tokkooti. Namni mirga qabu kamiyyuu dirqama mirga namoota biroo kabajuu qaba. Lammiileen mirga isaanii qofa fayyadamu osoo hin taanee; itti gaafatamummaafi dirqama isaani bahachuu qabu. **Fakkeenyaaf;** namni kamiyyuu mirga walabummaa dhuunfaa namoota biroo sarbuu hin qabu.

Kanneen armaan gaditti tarreeffaman fakkeeyota mirgoota namummaati:

- ❖ Mirga lubbuun jiraachuu
- ❖ Mirga walabummaa qabaachuu
- ❖ Mirga wal-qixxummaa
- ❖ Mirga walabummaa sochii
- ❖ Mirga walabummaa dhunfaa qabaachuu
- ❖ Mirga amantaafi
- ❖ Mirga walabumma ilaalchaati.

Seenessa Mudannoo Addaa

Naannoo giddu galeessa magaalaa tokkootti ijoolleen dhiiraa lama gamoo tokko irra waliin jiraataa turan. Ijoollonni kun hiriyoota gaarii yeroo hunda barnootaan booda waliin taphatanidha. Barattootni kun seenessa yakkaan walqabatu dubbisuufi waan addaa yommuu argan shakkuun ni qoratu. Galgala tokko barattootni kun gamoo isaan irra jiraatan gubbaatti sagalee daa'ima boossu tokko dhagahan. Akkuma sagalee kana dhaga'aniin waliin figaa garas deeman. Akka achi gahanin; maaltu ta'e? "Sagalee nama jeequtu jira", jechuun gaafatan. Qorannoo erga guyyoota hedduuf gaggeessaniin booda daa'imni kun gara jabeenyaan rukutamtee akka boo'aa turte irra gahan. Kana booda erga odeeffannoo argatanii meeshaalee barbaachisu qabachuun tajaajila yookiin deeggarsa battalaa kennaniif. Dhuma irratti, daa'ima dubaraa kana balaafi rakkoo cimaa irraa baraaran. Yaadni ijoon seenessa kana maali? Daa'imman mirgi isaani yommuu sarbamu akkamitti beekta? Yoo namni tokko si miidhe yookiin mirga kee sarbe maal goota?



Fakkii 5.1 Fakkeenya mirga namummaa

Yaadadhu: Daa'imni kamiyyuu mirga maatii waliin jiraachuufi gocha badaa kam irraayyuu walaba ta'uu qaba/bdi. Sarbama daa'imman irra gahu ittisuun gahee mootummaati. Daa'imman kamiyyuu gochaawwan miidhaa geessisaniifi saamicha humnaa irraa baraaruuf; mirgoota bu'uuraa, saamichi daa'immaniifi sarbamni miga isaanii maal akka ta'e akka hubatan taasisuun barbaachisaadha.

5.2 Amaloota Mirgoota Namummaa

Xumura barannoo kanaan booda:

- Amaloota mirgoota namummaa ni tarreessita.
- Amaloota mirgoota namummaa addunyaalessaa ni ibsita.
- Waa'ee mulqamuu dhabuu mirgoota namummaa ni ibsita.
- Amaloota mirgoota namummaa keessaa kan gargar hin qoodamneefi tokko isa kaan waliin hariiroo qabaachuu isaa ni ibsita.

Gaaffilee yaalii:

- ✓ Garee ijaaruun amaloota bu'uuraa mirgoota namummaa irratti mari'adhaa.
- ✓ Mirgoonni namummaa akka addunyaalessaatti fudhatama qabuu?

Mirgi namummaa; mirga namni kamiyyuu nama ta'ee dhalachuu isaatiin qabu yoo ta'u, kunis amaloota armaan gadiitiin kan ibsamudha. Isaanis:

Mirgootni Namummaa Waltaawaa Kan Ta'anidha:

Mirgi namummaa; mirga namni kamiyyuu dhala namaa ta'uu isaatiin qabudha. Mirgoonni kun akka idil-adduunyaatti hundi keenya walqixa kan qabnudha. Kunis; sanyii, bifa, saala, sabummaa, amantaa, afaan, lammummaa, umuriifi kanneen biroon osoo gargar hin qoodamiin kan qabnudha.Waaltawummaan mirga namummaa; mirgoonni kun bakkaafi yeroon osoo hin daanga'in kabajamuu qabaachuu isaa kan agarsiisudha. Uummatniifi biyyootni hanga mirgoota kanneen fudhatan yookiin raggaasisanitti qoodinsa tokko malee walqixxummaan namoota hundaaf haala wal-fakkaatuun hojii irra oolchuu qabu. Kanaafuu, mirgi namummaa uummata hunda addunyaa kana irra jiraatuuf kan kennameefi qoodinsa tokko malee hojii irra ooluuf kabajamuu kan qabudha.



Fakkii 5.2 Waltaawummaa Mirgoota Namummaa

Mirgi Namummaa Kan Uumamaan Argamudha:

Mirgi namummaa kan uumamaan argamu malee kan namni yookiin gaggeessaan tokko kennu miti. Mirgi kun kan bitamu yookiin kennamu osoo hin taane nama ta'uu keenyaan kan qabnudha. Mirgi kun ka'umsa kabaja namummaafi agarsiiftuu kabaja namummati. Kanaafuu, kabaja nama hundaa waliin hariiroo qaba.


Fakkeenyaaf: mirgi walabummaan dubbachuu mootummmaan kan nuuf kennuu hin dandeenyedha. Sababni isaas mirgi kun kan uumamaa waan ta'eef.

Mirgi Namummaa Namarraa hin Mulqamu:

Mirgi namummaa; nama irraa fudhatamuu (mulqamuu) hin danda'u. kana jechuun namni kamiyyuu mirga namummaa dhowwachuufi mirgoota namummaa nama irraa fudhachuu hin danda'u jechuudha. Mirgoonni kun bu'uura adeemsa seeraan alaan nama irraa fudhatamuu hin danda'u.

Mirgoonni namummaa kan gargar hin qoodamneefi wal-irratti hirkatoodha:

Mirgi namummaa kan gargar hin baane yookiin hin qoodamneefi wal irratti hirkatoodha. Mirgi namummaa tokko kanneen biroo irratti kan hundaa'uufi sarbamni mirga namummaa tokko mirgoota namummaa biroo irratti dhibbaa kan fidudha. Mirgoonni namummaa kan gargar hin baaneefi wal irratti hirkachuun isaani mirgoonni kun nama hundaaf barbaachisaa ta'uu isaa kan agarsiisudha. Kana jechuun, mirgi namummaa tokko qofaan kabajamuun guutummaatti mirgoonni hundi kabajamuu hin taasisu. Fakkeenyaaf: mirga jireenya fooyya'aa, jiraachuufi nyaata argachuu qabaachuuf mirgi lubbuun jiraachuu kabajamuu qaba. Gama biraatiin; namni carraa barachuu hin qabne, haqa isaa argachuufi dhimmoota hawaasaa keessatti akka hin hirmaanne dhibbaa uuma.



Fakkii 5.3 Wal-irratti hirkachuufi gargar qoodamuu dhiisuu mirgoota namummaa

Mirgoonni namummaa amaloota addaa kanneen akka waaltawaa ta'uu, kan nama irraa hin mulqamne ta'uu, kan hin dhaalamneefi wal irratti hirkatoo ta'uu qaba.

5.3 Barbaachisummaa kabajamuu Mirgoota Namummaa

Xumura barannoo kanaan booda:

- Barbaachisummaa kabajamuu mirgoota namummaa ni tarreessita.
- Barbaachisummaa kabajamuu mirgoota namummaa ni ibsita.

Gaaffii yaalii:

- ✓ Itoophiyaa keessatti kabajamuun mirgoota namummaa maaliif murteessaa ta'e?

Biyyootni hunduu Itoophiyaa dabalatee mirgoota namummaa hojii irra oolchuun dirqamadha. Kunis biyya keessa jiraannu ijaaruuf nu dandeessisa. Mirgoonni namummaa hariiroo hawaasummaa uummatni qabuuf murteessaadha. Haaluma kanaan maatii keessatti, hawaasa keessatti, mana barumsaatti, bakka hojiitti, biyya keessattiifi hariiroo biyya alaa qajeelchuuf murteessadha. Kanaafuu; mirgoota namummaa kabajuun biyya keenyaaf hedduu murteessadha. Sababni isaa:

- ❖ Dimokiraasii dhugoomsuuf, haqa mirkaneessuuf, guddina ariifachiisuuf.
- ❖ Nageenya itti fufiinsa qabuufi misoomaf akka haal dureetti ni tajaajila.
- ❖ Fedhii bu'uuraa uummataa guutuuf.
- ❖ Sarbama gareewwan akka mirga dubartootaafi da'immanii ittisuuf.
- ❖ Uummatni walabummaan amantaa isaa akka gaggeessu taasisuuf.
- ❖ Carraa hojii wal-qixa qabaachuuf.
- ❖ Ulagaalee addunyaalessaa guutuun mootummootni itti gaafatamumma akka qabaataniifi k.k.fdha.

Kanaafuu; akkuma armaan duratti ibsametti, mirgi wal-qixxummaafi qoodinsa irraa walaba ta'uun fakkeenya mirgoota namummaati.

Gaaffii yaalii:

✓ Itoophiyaa keessatti sabummaa lammilee irratti hundaa'uun qoodinsi yoo jiraateefi wal-qixa tajaajila argachuun yoo hin jiraanne nageenyi itti fufiinsa qabu ni mirkanaa'a jettee yaaddaa?

Gaaffii armaan oliif deebiin, wal-qixxummaan lammilee yoo hin mirkanoofneefi qoodiinsi yoo jiraate misooma itti fufiinsa qabu milkeessuun hin yaadamu. Kanaafuu, walqixxummaafi qoodinsa malee mirgoota hojii irraa oolchuun barbaachisaadha.

Yaadadhu: Mirgoota namummaa kabajuun dimokiraasii dagaagsuuf, haqummaa mirkaneessuufi guddina ariifachisuuf barbaachisaadha.

5.4 Itti Gaafatamummaa Safeeffannaan Mirgoota Namummaa Irratti Qabu

Xumura Barannoo Kanaan Booda:

- Mirgoota namummaa kabachiisuuf eenyu itti gaafatamuu akka qabu adda ni baasta.
- Maalummaa itti gaafatamummaafi itti gaatamummaa mirgoota namummaa kabachiisuu ni ibsita.

Gaaffii yaalii:

- ✓ Mirgoota namummaa kabachiisuuf qaamni itti gaafatamummaa qabu eenyu?

Baroota dheeraaf; mirgi namummaa akka dhimma biyya keessaa qofatti ilaalamaa ture. Kana jechuun; biyyootni biroofi dhaabbileen idil-addunyaa dhimma sarbama mirgoota namummaa irratti duguuggaa sanyii dabalatee gidduu hin seenan jechuudha. Dhaabbileen idil-addunyaa yommuu jennu dhaabbilee akka Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii(Dh.M.G) dhimmoota waloo kanneen akka Mirgoota namummaa, nageenyaafi tasgabbii irratti hojjetanidha.

Adeemsa turtii yeroo keessa haalli kun jijjiiramaa dhufe. Miseensonni Dh.M.G walgayii fulbaana 16, 2005 gaggeeffameen (dursitootni biyyaafi mootummaa) qajeelfama itti gaafatamummaa mirgoota kana eegsisuu mirkaneessaniru. Kunis itti gaafatamummaa eegumsa taasisuu 'Responsibility to protect' kan jedhu ture.

Akkaataa qajeelfama kanaan; biyyootni hundinuu lammiilee isaanii duguuggaa sanyii, yakka waraanaafi yakkoota namummaa raawwataman irraa ittisuu qabu. Bu'uura kanaan; Dhaabbatni Mootummoota Gamtoomanii(Dh.M.G)

lammiilee haala rakkisaa (ulfaataa) kanneen akka duguuggaa sanyii, yakka waraanaafi yakkoota namummaa raawwataman irraa ittisuuf ittigaafatamummaa qabu. As keessatti wanti hubatamuu qabu biyyootni addunyaa hundi mirgoota namummaa kabachisuuf itti gaafatamummaa qabaachuu isaaniti. Haata'u malee, yoo mootummaan yookiin biyyi tokko uummata isaa haalota rakkisoo kana irraa baraaruu hin dandeenye; dhaabbileen idil-addunyaa itti gaafatama namoomaa jechuunis uummata kana eeguu qabu jechuudha. Dhaabbileen idil-addunyaa tarkaanfii qindaa'aa yeroo isaa eeggateefi murteessaa ta'e kara mana marii nageenyaatiin ni fudhatu.

Yaadadhu: Dhaabbileen idil-addunyaa haalota ulfaatoo yookiin rakkisoo kanneen akka duguuggaa sanyii, yakka waraanaafi yakkoota namummaa uummata irratti raawwatamu ittisuuf itti gaafatamummaa qabu.

5.5 Tooftaalee fi Jarmiyaalee Mirgoota Namummaa

Xumura Barannoo Kanaan Booda:

- Waliigalteewwan addunyaaleessaa mirgoota namummaa kabachiisan ni ibsita.
- Waliigalteewwan adda addaa mirgoota namummaa kabachiisan adda baasta.
- Tooftaalee mirgoota namuummaa kabachiisuuf sadarkaa ardiitti bahan ni addeessita.
- Tooftaalee mirgoota namummaa kabachiisuuf sadarkaa Itoophiyaatti jiran ni ibsita.

5.5.1 Tooftaalee Mirgoota Namummaa Kabachiisan

Mirgoota namummaa kabachiisuuf; waliigalteewwan, labsiiwwan madda seeraa mirgoota namummaafi eegumsa mirgoota namummaaf bahan of-

keessatti hammata. Waliigalteewwaniifi labsiiwwan kun qaamolee adda addaa sadarkaa idil-addunyaatii hanga biyyooleessaatti argamaniin hojii irra ooluu danda'a. Kanaafuu, waliigalteefi labsiin akkanaa kun sadarkaa addunyaaleessaa, ardiileefi biyyooleessaatti qophaa'uun hojii irra ooluu danda'a.

Gaaffiilee Yaalii:

- ✓ Tooftaalee idil-addunyaaleessaa mirgoota namummaa kabachiisuuf gargaaran keessaa tokko himi.
- ✓ Maloota sadarkaa ardiileetti mirgoota namummaa kabachiisuuf qophaa'an keessaa tokko himi.
- ✓ Sadarkaa biyya keenyaatti mirgoota namummaa kabachiisuuf maloota fayyadan ni beektaa?

Akkuma beekamu jarmiyaaleen mirgoota namummaa idil-addunyaa biyyoota hedduudhaan raggaasifamanii jiru. Gama biraatiin, biyyoonni baay'een yeroo jarmiyaaleen kun labsaman hirmaatanii mallatteessaniiru. Fakkeenyaaf; labsiin mirgoota namummaa idil-addunyaa seenaa mirgoota dhala namaa keessatti jarmiyaa mirga dhala namaa bu'uura ta'edha. Labsiin kun akka qabiyyeefi ulaagaa waliigalaa namootaafi saboota hundaatti tajaajila. Labsiin mirga namummaa idil-addunyaa jarmiyaa mirgoota namummaa addunyaalessaa yoo ta'u, keeyyattoota 30 qaba.



Fakkii:5.4 Yaa'ii waliigalaa Mootummoota Gamtoomanii Waajjira Muummee Mootummoota Gamtoomaniitti Taasifame

Yaadadhu: Labsiin mirga namummaa idil-addunyaa fakkeenya jarmiyaa mirgoota namummaa addunyaalessaati.

Sadarkaa ardiileetti tooftaaleen mirgoota namummaa kabachiisuuf gargaaran; mirgoota namummaa ilaalchisee hubannoo kennuufi haala eegumsa mirgoota namummaa irratti hubannoo uumuuf shoora olaanaa qabu. Tooftaaleen sadarkaa ardiileetti mirgoota namummaa eegsisuufi kabachiisuuf qophaa'an kun waliigalteewwaniifi labsiiwwan adda addaa sadarkaa ardiileetti qophaa'u ta'ee safuu, duudhaafi haala qabatamaa ardiilee gidduu galeessa godhachuun kan qophaa'uudha. Waliigalteen sadarkaa ardii Afirikaatti mirgoota kana kabachiisuuf qophaa'e Chaartara Mirga Namummaafi Uummata Afrikaa bara 1981A.L.Atti bahedha. Chaartarri sadarkaa ardii Afirikaatti qophaa'e kun ulaagaaleefi qajeeltowwan mirga namummaa waliigalaa bara 1948 A.L.A bahe(Universal Declaration of Human Rights) of keessatti qabata. Chaartarri mirgoota namummaafi uummata Afirikaa tooftaalee mirgoota namummaa kabachiisuuf sadarkaa ardiitti qophaa'e ta'ee keeyyata 68 kan qabudha. Kunis gaarummaa, sonawwan, duudhaa, safuufi aadaa Afirikaanotaa kan calaqqisiisuudha.



Fakkii 5.5 Yaa'ii Biyyootaafi Mootummoota Afirikaa Waajjira Muummee Gamtaa Afirikaatti Taasifame

Yaadadhu: Chaartarri Afirikaa mirgoota namummaafi uummataa kabachiisuuf bahe fakkeenya tooftaalee sadarkaa ardiileetti mirgoota namummaa kabachiisaniiti.

5.5.2 Jarmiyaalee Mirgoota Namummaa Itoophiyaa

Akkuma beekamu tokko sadaffaan(1/3) heera mootummaa RDFI bara 1995 bahe mirgoota namummaa irratti kan xiyyeeffatedha. Kanaaf, mirgootnifi walabummaan bu'uuraa heera kana keessatti ibsameefi waliigaltee, akkasumas labsiiwwaniifi seerotni addunyaaleessaa biyyattiin raggaasifaman qajeeltowwan mirgoota namummaa haala itti fufiinsa qabuun hojii irra ooluu qabu. Dhaabbileen mirgoota namummaa biyya keessaa tooftaalee mirgoota namummaa hojii irra oolchuuf gahee olaanaa qabu. Dhaabbileen mirgoota namummaa biyya keessaa qaamolee biyyatti keessatti aangoo heera yookiin seeraan mirgoota namummaa kabachiisuuf aangoo qabanidha. Tooftaaleen kun biyyatti keessatti beekamti kan qabaniifi baajatni biyyattii irraa kan ramadamuufidha. Dhaabbileen mirgoota namummaa biyya keessaa kun caaccuulee mirga cimaa qabaachuu agarsiisuu qofa osoo hin taane, waldaalee hawaasaafi mootummaa wal-qunnamsisuuf akka riqichaatti tajaajila. Dhaabbileen kun itti gaafatamummaa mootummaan mirgoota lammiilee kabachiisuuf qabuufi seerota biyya keessaa, ardiileefi sadarkaa idil-addunyaaleessaatti jiran wal-simsiisuuf kan gargaarudha. Dabalataanis, dhaabbileen mirgoota namummaa biyya keessaa mootummaan gahee isaa sadarkaa idil-addunyaa irratti sirnaan akka bahatuufi biyyatti keessatti waliigalteefi labsiiwwan raggaasifaman hojii irra ooluu isaanii mirkaneessuuf gahe olaanaa qabu





Fakkii 5.6 Aasxaa koomishinii mirga namummaa Itoophiyaafi dhaabbata abbagaar uummataa

Yaadadhu: Koomishiiniin mirga namummaa biyya keenyaafi dhaabbanni abbagaar uummataa dhaabbilee sadarkaa biyyaatti hundaa'anii mirgoota namummaa kabachiisuuf hojjeettanidha.

5.6 Gahee Mootummaan Mirgoota Namummaa Kabachiisuu Keessatti Qabu

Xumura Barannoo Kanaan Booda :

- Gahee mootummaan mirgoota namummaa mirkaneessuu keessatti qabu ni tarreessita.
- Maalummaa kabajamuu mirgoota namummaa ni ibsita.
- Mirga dhala namaa kabajuu jechuun maal akka ta'e ni addeessita.
- Mirga dhala namaa eeguu jechuun maal akka ta'e ni ibsita.

Gaaffii Yaalii:

- ✓ Garee barattoota 5(shan) hin caalle qabuhundeessuun gahee mootummaan tajaajila guyyaa guyyaa dhiyeessuu irratti qabu; waraqaa, gabatee gurraacha yookiin gabatee adii irratti tarreessi.

Itti gaafatamummaa ijoon mirgoota namummaa kabajuufi kabachiisuu akkasumas, mirgoota kana eegsiisuu mootumma biyyatti gaggeessaa jiru harka jira. Yeroo dhiyoo asitti biyyootni hedduun waliigalteewwan mirgoota namummaa raggaasisaniiru. Mirgoonni kunneen biyyoota adda addaa keessatti raggaa'uun isaa mirgoonni namummaa akka eegamuufi kabajamuu taasisa. Biyyoonni mirgoota kana ni kabaju jechuun faallaa waliigaltee ragga'ee kanaa raawwachuu hin danda'an jechuudha.

Fakkeenyaaf;

- ☞ Mirgi walabummaan hojjechuu mirgoota namummaa keessaa isa tokkodha. Kana jechuun namni kamiyyuu mirga walabummaan dubbachuu ni qaba jechuudha. Kanaaf, mootummaan namni akka hin dubbanne daangeessuu yookiin dhorkuufi yoo dubbate immoo dubbachuu isaa yookiin isheetti adabuu hin qabu jechuudha.

Akkasumas, namni kamiyyuu mirga walabummaa amantii qaba. Akkuma beekamu biy yi keenya bakka garaagarummaan amantaa hedduun kanneen akka; Kiristaanaa, Islaamaa, waaqeeffannaafi kanneen biroo jirudha. Mirga walabummaa amantaa jechuun namni kamiyyuu dhuunfaa isaatiin akka amantaa isaatti akka jiraatuuf mootummaan giddu seentummaa amantaa keessaa bahu qaba jechuudha.

Mootummaan mirga uummataa ni eegsiisa jechuun mirgoonni namummaa akka hin sarbamne tarkaanfii barbaachisaa fudhachuun eegumsa ni taasisa jechuudha. Fakkeenyaaf namni tokko yakka raawwateef mana amala sirreessaa seenuu yookiin seeraan adabamu danda'a. Haata'u malee, tarkaanfiin adabbii qaamaa(rukutamuu) nama kamirratti fudhatamuu hin qabu. Gama biraatiin, mootummaan nageenya uummata isaa eeguuf itti gaafatamummaa guddaa qaba. Kanaafuu, gareewwan shoororkeessitootaa uummata qulqulluu miidhan kanneen akka: Al-Qaayidaa Iraaq, Al-Sheebaab

Soomaaliyaa, Bookoo haaraam Naayijeeriyaa keessattiifi ISIS biyyoota adda addaa keessatti raawwatan irraa uummata baraaruuf mootummaan itti gaafatamummaa guddaa qaba. Mootummaan eegumsa taasisuu qofa osoo hin taanee, barnoota biyyooleessaafi kenniinsa odeeffannoo waliigalaa keessattis hojiilee mirgoota namummaa dagaagsan hojjechuutu irraa eegama. Fakkeenyaaf; carraa barnootaa argachuun mirga namummaati. Lammileen biyya tokko keessa jiraatan carraa barnootaa kan hin arganne yoo ta'e, barnoota karaa kaffaltii irraa walaba ta'eefi dhaqqabamaa ta'een dhiyeessuuf mootummaan dirqama qaba. Kana keessatti wanti hubatamuu qabu, mirga namummaa hojii irra oolchuun adeemsa walxaxaa ta'uu isaati. Kanaafuu, akkuma armaan olitti eerame dhaabbileen mirga namummaa biyyoota hunda keessatti argaman caacculee mirgoota namummaa cimaafi bu'aa qabeessa sadarkaa biyyaatti mirgoota namummaa hojiirra oolchan ta'uun irraa eegama.

Yaadadhu: Mootummaan itti gaafatamummaa kanneen akka; mana barnoota uummataa(mirga barachuu mirkaneessuf), mana yaalaa uummataa(hoospitaala), eeyyama hojii(mirga jiraachuuf), eegumsa mirgootaa(mirga lubbuun jiraachuu,walabummaafi k.k.f) taasisuuf gahee olaanaa qaba. Hundaa'ol, mootummaan mirgoota namummaa eeguuf, dagaagsuufi dhugoomsuuf dirqama qaba.

Gudunfaa

Mirgi namummaa mirga uumamaan dhimmoota akka amantaa, sanyii, saala, sabummaafi kanneen biroo irratti osoo hin hundaa'iin dhala namaa hundaaf kennamudha. Mirga namummaa argachuuf ulaagaan barbaachisu dhala namaa ta'uu qofadha. Qajeelfamootaafi waliigalteewwan mirgoota namummaa waliigalaa biyyootni addunyaa marti Itoophiyaa dabalatee hojii irra oolchuun hedduu murteessadha. Mirgoota namummaa hojii irra oolchuufi akka kabajaman taasisuun lammilee biyya keenyaafi rakkoolee yeroo adda addaa sarbama mirga namummaa irratti mul'ataniif furmaata kennuuf hedduu murteessaadha. Akkasums, kabajamuun mirgoota namummaa nageenyaafi misooma itti fufiinsa qabu mirkaneessuuf barbaachiisaadha. Dabalataanis, dhaabbileen idil-addunyaaleessaa mirgoota namummaa kabachiisuu keessatti shoora olaanaa qabu. Akka waliigalaatti immoo mootummaan mirgoota namummaa kabajuufi kabachiisuu, akkasumas eegumsa lammiileef taasisuun itti gaafatamummaa isa jalqabaati.

Hiika Jechootaa

Chaartara Mirga Namummaafi Uummata Afirikaa: Chaartara Baanjuulitti qophaaye ta'ee, mirgootaafi walabummaa bu'uuraa ardii Afirikaa kabachiisuufi eegsiisuuf bahedha.

Dhaabbata Abbagaar Uummataa:- Dhaabbata qajeeltoowwaan olaantummaa seeraa qaamolee seera raawwachisuun kabajamaa jiraachuu isaafi adeemsa bulchiinsaa keessatti mirgi dhuunfaa lammilee kabajamuu isaa hordofudha.

Itti Gaafatamummaa Eegumsa Taasisuu:- Qajeelfama idil-addunyaa ta'ee, yakkoonni ulfaatoo(olaanoon) kanneen akka; duguuggaa sanyii, yakka waraanaa, yakkoota saba balleessuufi yakkoota namummaa irratti raawwataman ittisuuf dhaabbata mootummoota gamtoomaniin ragga'eedha.

Koomishinii Mirga Namummaa Itoophiyaa: Dhaabbata mirgoota namummaa biyya keenyaa kabachiisuuf mootummaa Itoophiyaatiin hundaa'eedha. Dhaabbanni kun mirga namummaa kabachiisuufi sarbama mirga namummaa Itoophiyaa keessatti raawwatu qorachuufkan qophaa'eedha.

Labsii Mirga Namummaa Idil-addunyaa: Sanadni kun kan qophaa'e gumii waliigalaa dhaabbata mootummoota gamtoomaniin yoo ta'u mirgootaafi walabummaa lammiilee hundaa eegsisuufi.

Mirgoota Namummaa:-Mirgootaafi walabummaa bu'uuraa namni kamiyyuu dhalatee hanga du'utti addunyaa mara irratti qabudha. Mirgi kun kan kabajamuu nama ta'anii uumamuu qofaanidha.

Gaaffilee Keessa Deebii

I.Gaaffilee armaan gadiitiif sirrii yoo ta'e 'Dhugaa' yoo sirrii hin taane immoo 'Soba' jechuun deebisi.

1. Mirgootni namummaa nama hundaaf iyyuu mirga uumamaati.
2. Mirgoonni namummaa lammileedhaaf; mootummaan kennamu.
3. Labsiin mirga namummaa idil-addunyaa bara 1948tti labsame.
4. Heerri mootummaa RDFI 1995; tokko sadaffaan isaa waa'ee mirga namummaa ibsa.
5. Labsiin mirga namummaa idil-addunyaa bara 1948 keeyyata 30 qaba.

II. Gaaffilee armaan gadiif filannoowwan dhiyaatan keessaa deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Kanneen armaan gadii keessaa isa kamtu mirga namummaa miti?

   A. Mirga siyaasaa
   B. Mirgoota hawaasummaa
   C. Mirga dinagdee
   D. Deebiin hin kennamne

2. Kanneen armaan gadii keessaa isa kamtu amala mirga namummaati?

   A. Waaltaawaadha
   B. Kan uumamaati
   C. Mirga dinagdee
   D. Hunda

3. Hojii irra oolmaa mirgoota namummaa yeroo hunda, bakka hundattiifi uummata hundaaf jechuun maal jechuudha?

   A. Wal-qixxummaa
   B. Kan uumamaa
   C. Kan hin mulqamne
   D. Wal irratti hirkatoo

4.Qaamota itti gaafatamummaa dursaa; mirgoota namummaa eegsisuu keessatti qaban adda baasi.

A. Biyyoota

B. Mootummoota Gamtooman

C. Gamtaa Afirikaa

D. Dhabbata falmaa mirga namummaa idil-addunyaa

BOQONNAA 6

DHIMMOOTA HAWAASUMMAA KEESSATTI HIRMAACHUU

Seensa

Boqonnaa shan keessatti, waa'ee bu'uura mirga namummaa baratteetta. Kanuma irraa ka'uudhaan, ammatti faayidaa mirgoota namummaa, dirqamoota safeeffanna mirgoota namummaa kabajuu keessatti, tooftaalee mirgoota namummaafi gahee mootummaan mirgoota namummaa milkeessuuf qabu hubannaa gaarii qabda. Boqonnaa ja'a keessatti, bu'uuraalee dhimmoota hawaasummaa keessatti hirmaachuu ni baratta. Kanatti aansuun, jalqaba irratti hiikaafi yaad-rimeewwan ijoo ni ilaalla. Ittuma fufuun, waa'ee faayidaa hirmaannaa hawaasummaafi bu'aawwan dhimmoota uummataa irratti hirmaachuu waliin ni ilaalla. Dhuma irrattis, haalaawwan hirmaannaa hawaasaa kan hawaasummaa, kan siyaasaafi dinagdee ni baratta.

JECHOOTA IJOO

- ❖ AangessuuAmanamummaa
- ❖ Beekumsa xabboo
- ❖ Hawaasummaa
- ❖ Hirmaannaa hawaasaa
- ❖ Ofitti amanamummaa
- ❖ Rakkoo furuu
- ❖ Tola ooltummaa

Xumura Barannoo Kanaan Booda:-

- Hiika hirmaannaa hawaasummaa ni ibsita.
- Faayidaalee hirmaannaa hawaasummaa ni ibsita.
- Bu'aawwan tajaajia tola ooltummaa ni tarreessita.
- Haalawwan hirmaannaa hawaasummaa ni ibsita.
- Amaloota hiraannaa hawaasaa ni mirkaneeffatta

6.1. Hiika Hirmaannaa Hawaasaa

Xumura barannoo kanaatti:

- Hawaasummaa jechuun maal akka ta'e ni hiikta.
- Yaad-rimee hirmaannaa hawaasaa ni ibsita.
- Himaannaa hawaasummaaf deeggarsa ni taasifta.
- Galma jalqabaa hirmaannaa hawaasaa ni ibsita.
- Faayidaa hirmaannaa hawaasaa ni mirkaneeffatta.

Gaaffii yaalii

- ✓ Jechi " hawaasummaa" jedhu siif maali?

Jechi hawaasummaa jedhu kan dhufe jecha laatin "communies" jedhu irraa yoo ta'u, kana jechuunis " kan waloo" yookiin "kan hiramaachise " jechuudha.

Kunis kan hirmaatu miira, bakka, argama fiizikaalaa yookin bakka fakkeessuun ta'uu danda'a. Hawaasni ji'oogiraafawaa gurmuu namootaa

naannoo qaama dachee walfakkataa kan akka ganda, kutaa biyyaa yookiin ollaa ta'ee waliin jiraatudha. Hawaasni ji'oogiraafawaa hin ta'iin kan uumamu gurmuu namootaan kan fedhiin, yaadaan, hawwiin, eenyummaan, shaakalliifi jaarmiyaalee kanneen akka manaa, dalagaa, mootummaa yookiin sadarkaa ollaatti uummata keessatti gahee waliin qooddataniini.

Yaadadhu: Hawaasni tokkummaa hawaasaa(gurmii lubbuu qabeeyyii), duudhaa, amantii, barmaatilee yookiin eenyummaa waloo kan qabanidha.

Guddina hawaasummaaf, wal-qunnamtiifi walitti dhufeenyi isaan barbaachisoodha. Namoonni hanguma walii walii isaanii wajjiin wal-qunnamaa adeemaan hariiroo gaarii uummatu. Akkuma ati beektu barsiisonni, barattoonniifi qaamni bulchiinsaa mana barnootaa kee keessatti ni argamu. Kun kan ibsu ati miseensa hawaasaa mana barnootaa ta'uu keeti.



Fakkii 6.1. Barsiisota, Barattootaafi Hojjattoota Bulchiinsaa

Gaaffii yaalii:

✓ Hiika armaan olii irratti hundaa'uun dhimmoota hawaasummaa biroo itti yaaduu dandeessaa?

Qabiyyee isaa yommuu bal'isnu, hirmaannaan uummataa; 'hawaasummaa'fi 'hirmaannaa' xiyyeeffannoo isaa dhuunfaa irraa gara walootti jijjiira. Kanaafuu, hirmaannaan hawaasummaa qajeelfama dhimma nama hundumaa ilaallatu irratti hawaasni bal'aan murtoon akkamitti akka murtaa'u yaada qabu ibsachuu danda'uu qaba jechuudha.

Yaadadhu: Hirmaannaan hawaasummaa qajeelfama dhimma nama hundumaa ilaallatu irratti hawaasni bal'aan murtoon akkamitti akka murtaa'u murteessuuf yaada isaa ibsachuu danda'uu qaba jechuudha.

Hirmaannaan hawaasummaa mootummaafi dhaabbiileen waliin hojjachuu akka baraniif, walitti dhufeenya itti fufiinsa qabu fiduuf, uummata akka dhaggeeffataniifi dhimmoota wal-xaxoof furmaata hiika qabeessa akka kennan gargaara.



Fakkii 6.2:- Hirmaannaa Uummataa

Gaaffii yaalii:

✓ Kanaafuu, hirmaannaa hawaasaa inni sirriin maali?

Hirmaannaa hawaasummaa jechuun adeemsa miseensota hawaasaa waliin hojjechuun dhimma nageenya isaanii miidhu furuu jechuudha. Dhugummaatti, hawaasummaa jechuun adeemsa yeroo dheeraa kunis kan barbaadu raawwattoota, biiroolee mootummaa, kennitoota tajaajilaafi miseensota hawaasaa obbolummaa uuman fa'a. Kenniinsa odeeffannoo kallattii tokkoon mootummaa yookiin qaama aangoo qabeessa irraa gara hawaasaatti yaa'uun walfaaallessuun, hirmaannaan hawaasaa adeemsa kallattii lamaaniinuu ta'udha.

Lammiileen "hirmaataniiru" kan jedhamu murtoo kennuu irratti dammaqinaan yoo qooda fudhatanidha. Fakkeenyaaf, manni barnootaa kee mala walqunnamtii kallattii lamaan maatii barattootaa waliin maloota armaan gadiin walqunnamuu danda'a.

- Maatii barattootaa beeksisuu
- Wal-qunnamtii fuulaa fuulaa (Face to face meeting)
- Daawwannaa manaafi k.k.f galteefi yaada maatii barattootaa itti dabaluuf ni fayyadamu.

Gaaffii yaalii:

✓ Akka yaada keetti barbaachisummaan hirmaannaa hawaasaa mana barnootaa keessatti maali?

Qabatamaan, barbaachisummaa hirmaannaa hawaasaaf sababoota hedduutu jiru; haa ta'u malee, sadarkaa kanatti muraasa isaanii qofa ilaalla.

A. Itti Fayyadama Beekumsa Xabboof Oola:

Gaaffii yaalii:

✓ Gargaarsa maatii keetiin, beekumsawwan xabboo yookiin dandeettii hawaasa kee keessatti argamuufi faayidaa inni hawaasa naannoofi kanneen biroof kennu xiinxali.

Yaadniifi shaakalliin naannoo hirmaannaa gaariifi yaada uummataa hirmaachisuun guddachuu danda'a. Qaamni dhimmi ilaallatu yoo kana dalage, uummanni adeemsicha keessa jiraatu itti yaaduufi itti dhaga'amuu danda'a. Kana cinaatti, furmaanni beekumsa xabboo irraa maddu; maddi isaa uummata bal'aa ta'e hojiirra ooluu kan danda'uufi bu'a qabeessadha.

Biyyi keenya beekumsaafi ogummaa xabboo kanneen akka daagaa ijaaruu, barreeffama harkaa, lafti akka gabbatuuf dallaa lafa qonnaa tokko irraa gara isa biraatti jijjiiruu, hojiiwwan gaanfaa, dhagaafi dhoqqee irraa mana ijaaruu akkasumas meeshaalee manaa oomishuufi gurguruu. Hojiilee sibiilaa, mala aadaa ittin wal-dhabdeen hiikkatu, qorichoota aadaafi kan biroon soorettiidha. Kanaafuu, beekumsawwan xabboo kanneen gara hojiitti jijjiiruun karaa hirmaannaa hawaasaa ittiin gaggeeffamu keessaa isa barbaachisaadha.

Yaadadhu: Furmaanni beekumsa xabboo irraa maddu, maddi isaa uummata bal'aa ta'ee hojiirra ooluu kan danda'uufi bu'a qabeessadha.

B. Wal- amantaa Ijaaruu:

Gaaffiilee yaalii:

- ✓ Karaalee bu'a qabeessa hojjettoonni,gandiifi aanaaleen dalaganiifi dalaguuf karoorsan kan atiifi maatiin argitan muraasa maqaa dhahuu dandeessaa?
- ✓ Hirmaannaan hawaasaa; mootummaan maal hojjachaa akka jiru odeeffannoo akka argataniif akkamitti lammiilee gargaara?

Hawaasummaa keessatti hirmaachuun wal-qunnamtiifi wal-hubannaa ni fooyyeessa. Akkasumas, mootummaan naannoofi dhaabbileen hawaasummaa maal hojjachaa akka jiraniifi hojjachuuf akka yaadan hirmaattotaaf odeeffannoo akka argatan taasisa. Walitti dhufeenyi hawaasa naannoo, mootummaafi dhaabbilee miti mootummaa gidduutti wal-amantummaa olkaasa. Addunyaa har'aa keessatti, odeeffannoon kallattii garaa garaan argachuun akka danda'amu beekamaadha. Haata'u malee, maddi odeeffannichaa

adda hin baane yoo ta'e, wal-amantiin paartiilee lamaan gidduu jiru ni laafa. Fakkeenyaaf, manni barnootaa kee maal akka hojjachaa jiruufi maal raawwachuuf akka jiru hin beeksisu yoo ta'e odeeffannoon dogongoraa ni babal'ata. Rakkinni kun furamuu kan danda'u bulchiinsi mana barnootaafi hawaasni hundi waliin sirritti yoo hojjatan qofadha.

Yaadadhu: Hawaasummaa keessatti hirmaachuun wal-qunnamtiifi wal-hubannaa ni fooyyeessa.

Gaaffiilee yaalii:

- ✓ Odeeffannoon ati argatte sirriifi sirrii ta'uu dhiisuu isaa akkamitti mirkaneeffatta?
- ✓ Muuxannoo kanaan duraan, odeeffannoo dogongoraa erga fudhattee booda sirrii ta'uu dhiisuu isaa sitti himamee beekaa? Deebiin kee eeyyee yoo ta'e, odeeffannicha sirrii hin taane sana akkamitti akka balleessite hiriyoota sitti aananii taa'aniif hiri.

C. Lammiilee Aangessuu:

Lammiileen jireenya hawaasummaa isaanii keessatti waan uumamuu danda'uuf itti gaafatamummaa fudhachuuf, karaa hirmaannaa hawaasaatiin ni aangeffamu. Akkasumas, dhimmoota dhuunfaa, kan ollaafi hawaasaa lammiileen akka furaniif ni jajjabeessa. Kanuma irraa ka'uudhaan, bu'aan hirmaannaa hawaasaa inni tokko uummata adeemsa jireenya isaa hunda keessatti aangessuufi tokkoomsuudha.

D. Rakkoo Furuu:

Bu'aa hirmaannaa hawaasaatiin dandeettiin rakkoo furuu lammiilee ni fooyya'a. Hirmaattonni hubannaa waliigalaa dhimmichaa, carraa shaakallii wal-qunnamtiifi dandeetti rakkoo furuu ni horatu. Kanaaf, hirmaannaan hawaasummaa hirmaattoota dandeettiin rakkoo furuu isaanii akka fooyya'u ni dandeessisa.

Gaaffiilee yaalii:

- ✓ Waa'ee mana barnoota kee itti yaaduun, rakkinoota manni barnootichaa qaba jettee yaaddu tarreessi
- ✓ Rakkina manni barnootichaa qabu furuun ni danda'amaa? Deebiin kee ni danda'amaa yoo ta'e, akkamitti akka furamu barsiisaa keef ibsi. Yoo deebiin kee hin danda'amuu ta'e, barsiisaa keef maaliif akka hin danda'amne ibsi.
- ✓ Akka yaada keetti, rakkoo manni barnootichaa qabu eenyutu furuu danda'a.



Fakkii 6.3:- Hirmaannaa Lammiilee Dhimma Hawaasummaa Keessatti

Odeeffannoo Qabatamaa	
Faayidaa hirmaannaa hawaasummaa	Furmaanni beekumsa xabboo irraa maddu, maddi isaa uummata bal'aa ta'ee hojiirra akka ooluufi bu'a qabeessa akka ta'u gochuudha.
Wal-amantaa ijaaruu	Hawaasummaa keessatti hirmaachuun wal-qunnamtiifi wal-hubannaa ni fooyyeessa.
Lammiilee aangessuu	Adeemsa jireenya isaanii keessatti lammiilee ni aangessa, akkasumas ni tokkummeessa.
Rakkoo furuu	Beekumsaafi dandeettii rakkoo furuu ni fooyyessa.

6.2. Faayidaalee Tola ooltummaan Hirmaannaa Hawaasaa Keessatti Qabu

Xumura barannoo kanaan booda:-

- Jecha tajaajila tola ooltummaa jedhu ni hiikta.
- Faayidaalee tajaajila tola ooltummaa ni dhiyeessita.
- Tajaajila tola ooltummaa keessatti hirmaachuun rakkoolee hawaasaa ni furta.

Gaaffii yaalii:

✓ Tola ooltummaan maalii?



Fakkii 6.4 Gochaawwan Tola ooltummaa Irratti Hirmaachuu

Tola ooltummaan kaffaltii malee yeroo ofii, dhamaatiifi fedhii ofii galma barbaadameef gumaachuudha. Salphumatti, tola ooltummaan akaakuu hirmaannaa hawaasaati. Gochi kun gochaawwan dirqamaan yookiin raawwachuuf waligalteen raawwannuu irraa adda. Gochi tola ooltummaa namni dhuunfaan yookiin gareen namootaa beenyaan maallaqaa osoo isaaniif hin kaffalamiin tajaajila kennanidha. Tola ooltummaan hirmaannaa garee namoota dhuunfaan hawaasa keessaatti; dalagaalee arjoominaafi eegumsa naannoo hojjetanidha.

Yaadadhu: Tola ooltummaan gocha namummaa namoonni dhuunfaan yookiin gareen faayidaa maallaqaa malee hawaasaaf tajaajila kennanidha.

Karaa biraatiin, tola oolaan yookiin ooltuun nama osoo beenyaa tokkoyyuu irraa hin eegiin bu'aa namoota biroof waa hojjatudha.Tola ooltonni beekumsa, ogummaafi muuxannoo addaa addaa qabanitti fayyadamuun gumaacha addaa hawaasa isaaniif taasisu.

Gaaffii yaalii:

✓ Umuriin akka ulaagaa tola ooltummaatti ni ilaalamaa?

Galmi tola ooltummaa, gumaachi namootaa wantoota gaariif akka ta'uufi. Dhugaadhumaan, akkuma uumamaafi hiika isaatti dhalli namaa namoota biroo tajaajiluu akka qabuufi dhimma hawaasummaaf wabii ta'uu akka qabu mul'isa. Fedhii namoota dhuunfaafi hawaasaa guutuuf tola ooltummaan mala adda ta'edha.

Gaaffilee yaalii:

✓ Tola ooltummaan nama tola ooluuf hangam akka gaarii ta'e mirkaneefatteettaa?

✓ Hojii tola ooltummaa ta'e dalagdee jirtaa?

Caayaa Qo'achuu: Haadha Ofittoo Hin Taane

Haati of hin jaalanne daa'imman maatii hin qabne kumaan lakkaa'aman guddisti. Haati jaalatamtuun kan abbaa ishee du'aan dhabde yeroo daa'ima waggaa kudha tokko turte humnaan heerumuuf dirqisiifamteetti. Ammatti heeruma waan hin barbaanneef gara magaala Finfinneetti imalte. Magaalaa Finfinnee keessatti maatii gaarii horattee jiraachuu jalqabde. Haati aarsaa kaffaltu deemsa amantii gara Gisheen Maariyaam jedhamuun kan bulchiinsa Walloo keessatti argamu bara 1972 goote. Adeemsa keessa daa'ima lama

sababa hongeetiin du'aa jiran qabattee dhufte. Daa'imman lama osoo qabduu ammallee, daa'imman 21 baruma sana gara mana ofitti dabaltee fudhatte. Gocha kana galateeffachuufi gargaaruu caalaa, hiriyoonni isheefi maatiin ishee akka isheen ijoollee miitutti ilaalan. Kanaafuu, isaan gargaaruufi kunuunsuuf maatii ofii dhiiste. Boodarra haati daa'imman kunuunsitu kun dhaabbata kunuunsaafi guddina daa'immanii; daa'imman kumaatamaan rakkatan gargaaruuf hundeessite. Haati kunuunsituun kun dadhabbii isheef beenyaa homaayyuu hin arganne. Baroota hedduuf haati of hin jaalanne kun kennaawwaniifi faaya baay'ee namoota dhuunfaafi waldaalee addaa addaa irraa argattus tokkoyyuu faayidaa ofiif hin oolchine. Yunivarsiitiin Jimmaa oolmaa isheetif doktoreetii kabajaa bara 2010 kenneef. Haata'u malee, waxabajii 27,2021 haati of hin jaalanne kabajniifi beekamtiin garaagaraa kennameef kun addunyaa kana irraa du'aan boqotte.



Gaaffilee yaalii:

- ✓ Maatii kee irraa yaada gaafachuun seenaan kun kan eenyuu akka ta'e barattoota daree kee wajjiin yaada wal jijjiiri.
- ✓ Seenessa gabaabaa kanarraa maal baratte?
- ✓ Naannoo keetti seenaa wal-fakkaatu dhageessee beektaa? Yoo dhageessee jiraatte hiriyoota kee wajjiin yaada wal-jijjiiri.

Faayidaan tola ooltummaa warreen gargaarsa barbaadaniif mataan isaa ragaadha. Faayidaaleen isaa kunis tajaajilli tola ooltummaa addunyaa irratti akka beekamu godheera. Mee amma immoo ittii dhiyeenyaan faayidaa tola ooltummaa haa ilaallu.

A. Tola Ooltummaan Namoota Biroo Waliin Wal Siqunnamsiisa.

Tola ooltummaan karaa namoota umurii hundaa, sanyii garaa garaafi garee hawaasaa kanneen yeroo biraa walitti hin dhufneen akka wal qunnaman gochuun baay'ee gaariifi gammachisaadha. Sababni isaas, tola ooltummaan hundaafuu banaadha, namoonni hunduu kallattii jireenya garaa garaa irraa akka wal-qunnaman godha. Tola ooltummaan namoota biroo wajjiin wal si barsiisa kunis, kanneen fedhiifi kaka'uumsa kee qooddatan hunda waliini.



Fakkii 6.5 Barattoota Tola Ooltummaa Irratti Hirmaatan

Gaaffilee yaalii:

- ✓ Sababa tola ooltummaatin namoota asiin dura wal hin beekne wajjiin walitti dhufuun si gammachiisaa?
- ✓ Bu'aa guddaan namoota asiin dura wal hin qunnamiin wajjiin wal argu maali jettee amanta?

B. Tola Ooltummaan Dandeettii Ofitti Amanuu Ijaara

Gaaffii Yaalii:

✓ Hojiilee tola ooltummaa garaagaraa irratti hirmaachuun namni gatii ofiif kennu akka dagaagsu odha. Yaada kanatti ni amantaa?

Tajaajila tola ooltummaa irratti hirmaachuun gahuumsa ni dabala akkasumas gatii namni qabus ol-guddisa. Tola ooltummaan waa'ee kee akka waan fooyya'aa yaaddu jechuunis; kan akka waan baratamaa ta'eetti fudhattu, ilaalcha gaarii jireenya kee of fuulduraafi galma qabaattu si godha. Tola ooltummaan karaa gatii qabuufi fageessani ilaaluu kan yeroo gammachuus ta'ee yeroo gadda ati ofitti amanamummaa kee guddifattuudha. Dandeettiin ofitti amanamummaa guddifachuu dandeettii haasawaa fooyyeffachuu wajjiin ciminaan hidhata qaba.



Fakkii 6.6 Ofitti Amanamummaa Barattootaa

C. Tola Ooltummaan Miira Kaayyootiif Barbaachisaadha.

Tola ooltummaan bu'aa baay'ee argamsiisa. Tola ooltummaan carraa rakkoo hawaasaa furuuf si fayyadu akkasumas kan miira gargaaruu si keessatti uumudha. Tola ooltummaan; umuriin yookiin jireenyaan osoo hin danga'iin karaa cimaa jireenya keef kallattiifi hiika haaraa kennudha. Tola ooltummaan dargaggootni hawaasa qunnamuuf akka yaadan, sadarkaa barnoota isaanii

akka fooyyeffataniifi amaloota miidhaa hir'isan irratti akka hirmaatan gargaara.

Yaadadhu: Tola ooltummaan karaa bu'a qabeessa jireenya keetiif hiikaafi kallattii haaraa kennudha.

D. Tola Ooltummaan Gulantaa of Duraatif Gaariidha.

Tola ooltummaan dandeettii gaarii; hojii kanneen akka walitti dhufeenya gaarii, gurmaa'insa, rakkoo furuu, karooraafi hojii dhaabbataa irra akka ati teessu si taasisa. Tola ooltummaan guddina dinagdee keessatti baay'ee faayida qabeessadha. Tola ooltummaan hojjettoota waa hubatan, kan mataa ofitiin kaka'uumsa qabaniifi fedha ofitiin yeroo isaanii addunyaa nama birootif mijattuu taate uumuu fedhan agarsiisa.

Yaadadhu: Tola ooltummaan dorgommii dinagdee keessatti baay'ee bu'a qabeessaadha.

Gaaffii yaalii:

✓ Tola ooltummaa keessatti himaachuun bu'a qabeessa ta'uu ni mirkaneessitaa?

Walumaagalatti, tola ooltummaan qabxiilee armaan gadii akka raawwattu si taasisa;

- ❖ Hariiroo namoota biroo waliin qabdu cimsa.
- ❖ Ofitti amanamummaa kee dagaagsa;
- ❖ Miira faayida qabeessummaa ni guddisa;
- ❖ Carraa hojii of duraatif haalli akka mijatu godha.

Gaaffilee yaalii:

- ✓ Faayidaalee tola ooltummaa armaan olitti ka'aniin alatti kan biroo tarreessuun ni danda'ama. Haaluma kanaan, gargaarsa maatii keetiitiin; faayidaalee dabalataa tola ooltummaa kanneen armaan olii irraa adda ta'an tarreessi, akkasumas kan hiriyoota kee waliin yommuu wal-madaalchistu maal yaadda?
- ✓ Maatiin keessaan kaffaltii malee, dalagaalee tola ooltummaa irratti nama biraa gargaaruuf hirmaatanii beekuu? Maatii kee gaafadhuuti muuxannoo argatte hiriyoota kee wajjiin irratti mari'adhu.

6.3 Haalota Hirmaannaa Hawaasaa

Xumura barannoo kanaan booda: -

- ➢ Haalota hirmaannaa hawaasaa sadan ni mirkaneessita.
- ➢ Haala hawaasni siyaasa keessatti qabu ni tarreessita.
- ➢ Haala hirmaannaa hawaasaa kan dinagdeefi hawaasummaa wal madaalchista.

Hirmaannaan hawaasaa tasa kan uumame miti, akkasumas qajeelfama bu'aa malee gaggeeffamuu miti. Faayidaawwan caqasaman kanaan olittis, tola ooltummaan;

- ➢ Malaafi kaayyoon kan deeggaramedha.
- ➢ Yeroofi qabeenya jiruun kan qoqqoodamedha.
- ➢ Galmaafi kutannoo qabaachuu of-keessatti hammata.

Garaagarummaan hirmaannaa dhimmoota hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee ifa ta'uu baatus, barannoon kun hirmaannaa hawaasaa kanneen akka hirmaannaa hawaasummaa kan dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa irratti xiyyeeffata.

6.3.1 Dhimmoota Hawaasummaa

Gaaffii yaalii:

✓ Fakkeenyaawwan hirmaannaa hawaasummaa dhimmoota hawaasaa irratti qabu kennuu dandeessaa?

Dhimmoota hawaasummaa keessatti, fedhii hawaasummaa uummata tokkoo guutuuf; namoonni dhuunfaan, gareen itti yaadanii akkasumas fedhaan hojjechuun tola ooltummaa keessatti gahee isaanii bahatu. Namoota hundaaf keessattuu immoo dargaggootaaf, dhimmoota hawaasaa guddisuufi raawwachuuf tola ooltummaan isa ijoodha. Galmi isaa tajaajila hawaasaa qulqullina qabuufi murteessaa ta'e fooyyessuudha. Kanaafuu, adeemsa karoora tajaajila hawaasaa keessatti hammatamani jiru. Akka tajaajila barnootaatti; fakkeenyaaf, barattoonni barataa seeraan hin caqafne xiyyeeffannoo keessa hin galchan, barsiisonni hoji gaggeessaa laafaa arguu hin fedhan akkasumas maatiin bu'aafi komii irratti laafuu hin qabu. Kanaaf hirmaannaan hoo'aan qaamolee garaagaraa kanneen akka qonnaan bulaa, barsiisotaa, hawaasaa, jarmiyaalee dhuunfaafi mootummaa akkasumas miti mootummaa ni barbaachisa. Kunis hawaasni barnoota irratti hirmaachuun qajeelfama bu'uuraafi tooftaa guddinaa ta'uu qaba.

Yaadadhu: Hawaasni barnoota irratti hirmaachuun qajeelfama bu'uuraafi tooftaa guddinaa ta'uu qaba.

Gaaffii Yaalii:

✓ Hawaasni dalagaalee mana barnootaa irratti hirmaachuun barbaachisaadhaa? Meehiriyootakeesicinaajiranwajjinbarbaachisummaa hirmaannaan hawaasaa mana barumsaaf qabu mari'adhaa.



Fakkii 6.7 Hirmaannaa Maatii Sagantaa Fooyya'iinsa Mana Barnootaa Irratti

6.3.2 Dhimmoota Siyaasaa

Gaaffii yaalii:

✓ Garee nama shan qabu uumuun, fakkeenyaawwan hirmaannaa uummataa kan siyaasaa tarreessaa.

Hirmaannaan hawaasaa kan siyaasaa qabiyyee barbaachisaa sirna siyaasa dimokiraatawaati. Sagaleen uummataa adeemsa murtee siyaasaa keessatti murteessaadha. Hirmaannaan siyaasaa kan ibsamu sochii kamuu ta'ee, kan siyaasa irratti dhiibbaa qabu, roga itti godhuufi kan hammatudha. Hirmaannaan siyaasaa akka sochii fedhaatti kan fudhatamu ta'ee, miseensonni hawaasaa, kallattiin yookiin alkallattiin hooggansa isaanii filachuufi qajeelfama hawaasaa baasuuf ittin hirmaatanidha.

Fakkeenyonni hirmaannaa siyaasaa kanneen biroon; filannoo irratti hirmaachuu, odeeffannoo argachuu, walgayii irratti hirmaachuu, paartii siyaasaa mallaqaan deeggaruu, hiriira nagaa gaggeessuu, mormii irratti hirmaachuu akkasumas qaama seera baasuufi hooggantoota olaanoo biroo haasofsiisuufi k.k.fdha. Hirmaannaa siyaasaa ho'aa keessaa inni ijoon miseensa dhaaba siyaasaa ta'uun duula na filadhaa gaggeessuu, dorgomtoota galmeessuu, haasaa gochuufi filannoo dorgomuu fa'a.



Fakkii 6.8 Hirmaannaa Siyaasaa Dargaggootaa

6.3.3 Dhimmoota Dinagdee

Gaaffii yaalii:

✓ Yaada maatii keetiin deeggaramtee fakkeenyota hirmaannaa dinagdee kan hawaasaa naannoo keetii tarreessuu dandeessaa? Deebii kee hiriyoota si cinaa taa'aaniin wal madaalchisi.

Yaad-rimeen hirmaannaa uummataa, haala qabatamaa ta'een miseensota hawaasaa mara fayyaduun akkasumas dandeettii dhiibbaa uumuu dagaagsuun akka giddu gala guddinaatti tajaajila. Hirmaannaan hawaasaa; adeemsa guddina hawaasaa itti fufiinsa qabu oomishuuf miseensota hawaasaa garaa garaa of keessatti kan hammatedha. Kanaaf, qaamolee maallaqaafi raawwachiiftuu mootummaas dabalatee qooda fudhattoota baay'ee hirmaachisuun bu'uura hirmaannaa hawaasaati.

Gaaffii yaalii:

✓ Mootummaas ta'ee, miti-mootummaan pirojeektii guddinaa naannoo keetti hojjetaa yoo jiraate gahee maatiin kee pirojeekticha adda baafachuufi raawwachuu irratti qabu maal akka ta'e gaafadhu. Waa'ee muuxannoo gaariifi badaa maatii keetii hiriyaa kee waliin mari'adhu.



Fakkii 6.9 Hirmaannaa Hawaasni Piojeektota Guddisuuf Qabu

Hawaasni kaka'uumsa guddinaa irratti hirmaachuu filatu, gammachuu qofa osoo hin taane bu'aafi faayidaa baay'ee akka waliigalaatti argachuu danda'a. Hirmaannaan haawaasaa carraaqqii guddinaa keessatti eeggamu;

- Baasii pirojeektii xiqqeessa.
- Uwwisa tajaajilaa babal'isa.
- Tarsiimoofi bulchiinsa jijjiiramaa jajjabeessa.
- Raawwiifi bu'aa fooyyessa.
- Fudhatamummaa pirojeektii dabala.
- Bu'aa raabsa haqummaa mirkaneessa.
- Qabeenya naannoo fayyadamuu jajjabeessa.
- Itti fufiinsa pirojeektii mirkaneessa.

Gudunfaa Boqonnaa

Hawaasummaan miira hawaasummaa, argamuu qaamaa yookiin hafuuraa qaba. Guddina hawaasaatiif qunnamtiifi hariiroon baay'ee barbaachisaadha. Namoonni yoo walii isaanii waliin haasa'aniifi wal qunnaman hariiroo uumu. Namoonni dhuunfaan iddoo murtaa'e tokkotti hariiroo olaanaa yoo qabaatan qaama hundeeffama hawaasaa ta'uuf gahee bahatu.

Hirmaannaan hawaasaa xiyyeeffannaa dhuunfaa irraa gara gareetti geeddara. Qajeelfamni dimokiraasii kan dhimmoota hawaasa bal'aa irratti dhiibbaa qabu; hirmaannaan hawaasaa akkamitti murtee haaraan akka uumamu ibsa. Lammiileen hirmaatan kan jedhamu yoo murtee murteessuu irratti dammaqinaan hirmaataniidha. Innis baay'ee barbaachisaadha, sababni isaa namoonni afaan naannoo isaanii akka fayyadaman, amanamummaa akka ijaaran, gareen dadhabina qabu akka humna godhatuufi rakkoo naannoo isaanii akka furan godha.

Tola ooltummaan hirmaannaa hawaasaa keessaa isa tokkodha. Tola ooltummaa jechuun yeroo, humna, beekumsa, qabeenya uumamaafi k.k.f kaffaltii tokko malee waan barbaadamuuf oolchuu jechuudha. Tola ooltummaan; namoonni gahee isaanii waan gaariif akka oolchan godha. Uumamni mataa isaatiin namoonni fedhii nama biraaf gahee isaanii akka bahaniifi rakkoo hawaasaa akka furan gaafata. Tola ooltummaan qaama tola ooluufis ta'ee, hawaasaaf, nama dhuunfaa yookiin dhaabbilee gahee bahataniif faayidaa guddaa qaba.

Hiika Jechootaa

Amanamummaa: jechuun qindaa'ina namoonni amanamoon qabeenya tokko akka maqaatti fudhachuufi faayida ofii isaanirra kan namootaa caalchisuuti.

Beekumsa Naannoo: jechuun kuufama haqaafi hariiroo yaada, amantaafi ilaalcha waliigalaa; sirna uummanni naannoo isaatti fudhatu jechuudha.

Gahuumsa: jechuun akka namoonni wanta fooyya'aa ta'e argatan yookiin cimoo ta'an akkasumas milkaa'an taasisuu jechuudhaa.

Hawaasa: Garee namootaa kan miseensonni wanta waliinii qaban fakkeenyaaf; motummaa waliinii, iddoo, aadaafi hambaa waliinii qabanidha.

Hirmaannaa Hawaasaa: jechuun adeemsa hawaasni dhaabbilee fayyaduufi humna ummataa fooyyessuun hawaasa gara jijjiirama gaariitti fidudha.

Ofitti Amanamummaa: jechuun dandeettii, gahuumsa yookiin murtee dhuunfaa ofii irratti ilaalcha amanuu qabachuudha.

Rakkoo Furuu: jechuun adeemsa rakkoo xiinxaluufi furuun karaa fooyya'aa ta'een haala sana keessatti rakkoo sanaaf furmaata kennuuti.

Tola Ooltummaa: jechuun qajeelfama yeroofi humna faayidaa hawaasaatiif kaffaltii malee arjoomuu jechuudha.

Gilgaala Xumura Boqonnaa

I. Gaaffilee armaan gadiitiif sirrii yoo ta'e "Dhugaa", sirrii yoo hin taane immoo "Soba" jechuun deebisi.

1. Hirmaannaan hawaasaa adeemsa kallattii tokkooti.
2. Wal-qunnamtiifi hariiroon guddina hawaasaatif baay'ee barbaachisaadha.
3. Hirmaannaan hawaasaa akka galma gahuuf, gareen muraasni qofti irratti hirmaachuun dirqama.

II. Gaaffilee armaan gadiitiif qubee deebii sirrii qabatee jiru filachuun deebisi.

1. kanneen armaan gadii keessaa kan hawaasni irratti hundaa'ee hin ijaaramne kami?

   A. Humna C. Fedhii

   B. Yaada D. Eenyummaa

2. Kanneen armaan gadii keessaa tokko faayidaa hirmaannaa hawaasaa kan hin taanedha:

   A. Namoonni akka hammatamanitti of ilaalu.

   B. Namootni murtee qaama aangoo irra jiruu cal jedhanii fudhatu.

   C. Namootni rakkoo isaan mudate kamiyyuu furuuf gahee isaanii ni bahatu.

   D. Haala nama gammachiisuun hawaasni galma gahuumsarratti bu'aa qabu

3. Kanneen armaan gadii keessaa waa'ee tola ooltummaa kamtu sirriidha?

A. Hojii kaffaltiiti

B. Dalagaa dirqamaa yookiin walii galteeti

C. Gocha of jaalachuu miti

D. Hunduu deebiidha.

III. Kanneen armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni.

1. Faayidaa tola ooltummaan nama tola ooluufi hawaasaaf qabu maali?

2. Dhimmoota hirmaannaa hawaasaa sadan wal madaalchisi.

BOQONNAA 7

GADI FAGEENYAAN YAADUU

SEENSA

Boqonnaan 7ffaafi inni dhumaa kun waa'ee gadi fageenyaan yaaduu irratti xiyyeeffata. Jecha "gadi fageenyaan yaaduu" yeroo hedduu ni dhageenya haata'uu malee, gadi fageenyaan yaaduun maal akka ta'eefi akkamitti hojiirra akka ooluu hubannoon baay'een hin jiru. Kanaaf, boqonnaan kun gadi fageenyaan yaaduu jechuun maal akka ta'e siriitti kan ibsudha. Akkasumas, barbaachiisummaan gadi fageenyaan yaaduu ni dhiyaata. Dhuma irrattis, waa'een dandeeettiiwwan bu'uuraa gadi fageenyaan yaaduu bal'inaan dhiyaatera.

JECHOOTA IJOO

- Gadi fageenyaan yaaduu
- Kalaqa
- Rakkoo hiikuu
- Waloon hojjechuu
- Xiinxaluu

Xumura boqonaa kanaan booda:

- Hiika gadi fageenyaan yaaduu ni addeessita.
- Barbaachiisummaa gadi fageenyaan yaaduu ni ibsita.
- Dandeettiwwan gadi fageenyaan yaaduu ni tarreessita.

7.1 Hiika Gadi Fageenyaan Yaaduu

Xumura barannoo kanaan booda:

- Jecha gadi fageenyaan yaaduu jedhu ni hiikta.
- Mala xiinxalaa sababa irratti hundaa'e ni ibsita.
- Maddoota odeeffannoo adda ni baasta.

Gaaffii Yaalii:

✓ Jecha gadi fageenyaan yaaduu jedhuu dhageessee beektaa?

Dandeettiin odeeffannoo xiyyeeffannoodhaan yookiin sababa irratti hundaa'uun xiinxaluufi murtii sababa irratti hundaa'ee kennuu akka gadi fageenyaan yaaduutti ilaalama. Barbaachisummaan xiinxala sababa irratti hundaa'ee dhimmi tokko akka baay'ee hin leellifamne taasisa. Kana jechuun, yeroo odeeffannoo maddoota adda addaa irraa argaman xiinxallu sababa irratti hundaa'uun ta'uu qabaa jechuudha.

Namni tokko odeeffannoo madda tokko qofaan xiinxala yoo gaggeesse sababa qabeessa jechuun hin danda'amu. Murtii sirrii ta'eefi sababa irratti hundaa'e kennuuf odeeffannoowwan maddoota adda addaa irraa walitti qabaman sirriitti qaacceeffamuu qabu. Kanaaf, gadi fageenyaan yaaduun odeeffannoowwaniifi wantoota qabatamoo sirritti madaaluu of keessatti qabata. Addunyaa ammayyaawaa kana keessatti maddoota odeeffannoo hedduutu jiru.

Odeeffannoon hiriyaa, barsiisaa barsiistuu, ollaa, teleevijinii, raadiyoo, gaazeexaawwan, kitaabilee, fiilmii, midiyaalee hawaasaa kanneen akka feesbuukiifi k.k.f. irraa argama. Haa ta'uu malee, odeeffannoon hundi walqixa waan hin taaneef, gadi fageenyaan xiinxaluun hedduu murteessaadha. Kanaaf, maddoota odeeffannoo amanamoofi bu'aa qabeessa ta'aniifi kanneen amanamoo hin taanee midhaa geessisanis ni jiru.

Fakkeenyaaf, barsiisaan yookiin barsiistuun barnoota lammummaa kee sirni bittaa kolonii mirgoota namummaa kabachiiseemoo ni sarbe jettee yaadda jedhuu daree keessatti gaafate/tte. Barattoonni garee "leencaa" sirni kolonii mirga namummaa lammilee kan sarbe ta'uu isaa dhiyeessan, barattoonni garee "qeerransaa" immoo sirni kolonii mirga namummaa dagaagsuufi kabachiisuun walqixxummaafi walabummaa mirkaneessa jedhanii falman. Barattoonni garee leencaa sirni koloonii seenaa keessatti akka garbaatti uummata cunqursaa waan tureef mirga namummaa dagaagsuu hin danda'u yaada jedhuu qabu.

Gama biraatiin, barattoonni garee qeerransaa immoo biyyoota sirna kolooniin qabatan keessatti daandiifi riqicha adda addaa hojjetaniru jedhu. Kanaafuu biyyootni boodatti hafoon kolooneeffamuu qabu yaada jedhu qabu. Barattoonni garee leencaa garuu miidhaan sirna koloonii faayidaa isaa waan caaluuf biyyootni hiyyeeyyiin kolooneeffamuu hin qaban jedhu. Akkasumas, daandiifi riqicha adda addaa kan ijaaraniif qabeenya uumamaa saamuuf malee, uummataaf yaadanii miti jechuun yaada isaanii golaban. Garee kamtu yaada amansiisaa dhiyeesse? Yaada garee kami deeggarta?


Sirni kolonii walqixxummaa lammilee kan sarbe, mirgoota namummaafi walabummaa bu'uraa kan sarbeefi qabeenyi uumamaa akka saamamuu kan taasisedha. Lammiileen biyyoota adda addaa kolooneeffattootaan qabaman walqixxummaan ilaalamaa hin turre. Sababa kanaaf, yaadni gareen leencaa dhiyeessee kan fudhatama qabuufi amansiisaa ta'edha.

Lammiileen kolooneeffattootaan bulaa turan seera duratti wal-qixa ilaalamaa hin turree, yaada isaanii walabummaan ibsachuufis mirga kan hin qabnedha. Kana jechuun walabummmaan yaada isaanii ibsachuu hin danda'an jechuudha. Kana irraa kan hubannuu sirni kolonii sirna saamichaafi

cunqursaa ta'uu isaati. Qabeenyi uumamaa biyyoota Afiriikaa hedduun sirna kanaan saamameera. Akkasumas, biyyootni Afirikaa sirna kanaan hedduu cunqurfamaniru.

Akkuma beekamuu biyyi keenya Itoophiyaan, ciminaafi gootummaa akkasumaas, wareegama qaalii abbootiifi haadholiin keenya duraanii kaffalaniin bittaa sirna kolooniin hin qabamne. Biyyi keenya akkuma biyyoota biroo sirna kolooniin osoo qabamte qabeenyi uumamaa biyya keenyaas ni saamama ture.

Murtii sirrii kennuufi xumura irra gahuuf sirrummaa odeeffannoo madaaluun murteessaadha. Gadi fageenyaan yaaduun rakkoo furuuf, murtii sirrii kennuuf, gudunfaa sababa irratti hundaa'e irra gahuufi odeeffannoo bu'aa qabeessaafi miidhaa gessiisu adda baasuuf barbaachiisaadha. Namni gadi fageenyaan yaadu wantoota dhugaa ta'aniifi soba ta'an kan sirritti adda baasuu danda'uudha. Gadi fageenyaan yaaduun odeefannoo walitti qabu qofa miti. Dabalataanis, dandeettii yaadachuu gaarii qabaachuufi wixinee gaarii qabaachuun qofti gadi fageenyaan yaaduu hin fidan. Namootni gadi fageenyaan yaadan oddeeffannoo akkamitti akka fayyadamaniifi rakkoo hiikuuf, maddoota odeeffannoo adda addaa irraa odeeffannoo funaanuun murtii sababa irratti hundaa'e kanneen kennanidha.



Fakkii 7.1 Gadi fageenyaan yaaduu

Caayaa Qo'achuu:

Tolaan barataa yuunivarsiitiiti. Akka yaada isaatti hiriyootaafi firoottan bakka adda addaa jiran wal-qunnamsisuuf sab-qunnamtiin hawaasaa kan akka feesbuukii barbaachiisaadha jedhee amana. Tolaan odeeffannoo argachuuf feesbuukii qofa fayyadama. Akka yaada isaatti odeeffannoowwan sab-qunnamtii hawaasaa irra naanna'an hundii faayidaa qabeessaafi amanamaadha. Kanaaf, feesbukii akka madda odeeffannoo amansiisaatti fudhata. Yeroo hunda odeeffannoowwan hunda sab-qunnamtii kana irraa argatu akka bu'a qabeessaatti ilaala.

Gaaffiilee Yaalii:

- ✓ Akka ilaalcha keetti odeeffannoo hunda miidiyaalee hawaasaa kanneen akka feesbuukii irraa fudhachuun faayidaa qabeessa jettee yaaddaa?
- ✓ Odeeffannoowwan sab-qunnamtii hawaasaa irraa argannu yeroo hunda akka dhugaa ta'aniifi amanamoo ta'anitti fudhachuu qabnaa?

Akka barataa yuunivarsiitiitti, Tolaan odeeffannoowwan kana maddoota adda addaa waliin wal-bira qabuun madaalee sirrummaa isaanii mirkaneessuu qaba. Feesbukiin maddoota odeeffannoo keessaa isa tokko yoo ta'eyyuu, odeeffannoon dhugaa hin taanee jiraachuu akka danda'u hubachuu qaba. Namootni miira itti gaafatamummaa hin qabnee, odeeffannoo soba ta'e yookiin sirrummaan isaa hin mirkanoofnee tamsaasu.

Qaamoleen akkasii sab-qunnamtii hawaasaa isaanii irratti odeeffannoo isaanii sirriitin hin fayyadaman. Kanaaf, odeeffannoo muraasa sirrii ta'e dhiyeessuun, xiinxala gahaa osoo hin gaggeessiin wanta dhugaa hin taane, dhugaa fakkeessanii dhiyeessu.

Akkuma armaan dura ibsinetti, odeeffannoo maddoota adda addaa irraa argannu xiinxaluun qaama gadi fageenyaan yaaduuti. Kanaaf, seenessa armaan olii irraa Tolaan barataa gadi fageenyaan yaaduu miti. Sababni isaas odeeffannoo madda tokko qofa irraa fudhata, dabalataanis, odeeffannoo argate sirnaan hin xiinxalu.

7.2 Barbaachisummaa Gadi fageenyaan Yaaduu

Xumura barannoo kanaan booda:

- Barbaachiisummaa gadi fageenyaan yaaduu ni tarreessita.
- Rakkoolee gadi fageenyaan yaaduu dhabuun fidu ni tarreessita.
- Garaagarummaa odeeffannoo sirriifi sirrii hin taanee gidduu jiru ni ibsita.

Gaaffii Yaalii:

- ✓ Rakkoolee gadi fageenyaan yaaduu dhabuun uumamaniif fakkeenya kennuu dandeessaa?

Gadi fageenyaan yaaduun faayidaa hedduu qaba. Barannoon kun barbaachisummaa gadi fageenyaan yaaduu irratti kan xiyyeeffatedha. Yeroo ammaa kanatti, hawaasni kan bara durii caalaa carraan odeeffannoo maddoota adda addaa irraa argachuu isaa bal'aadha. Akkuma armaan duratti ibsame odeeffannoowwan bu'aa qabeessa ta'aniifi kan faayidaa hin qabnees ni jiru.

Yaadadhu: Gadi fageenyaan yaaduuf odeeffannoo dhugaa ta'e argachuun hedduu murteessaadha.

Odeeffannoo sobaa yookiin qabatamaa hin taane irratti hundaa'uun murtii kennuun murtii badaa yookiin sirrii hin taaneefi jireenya keenya miidhuu danda'u akka murteessinu taasisa.

Fakkeenyaaf, yeroo qormaata barattoota biraa irraa garagalchuun/hatuun sirrii ta'uufi dhabuu isaa mirkaneeffachuu barbaaddu; maddoota adda addaa lama irraa odeeffannoo argatte odeeffannoo jalqabaa hiriyoota kee, kan lammataa immoo barsiisaa/stuu kee irraa argatte haa jennuu. Barattootni muraasni yeroo qormaata hatuun gaarii akka ta'eefi barsiisaan/tuun kee immoo namni kamiyyuu qormaata hatuu akka hin qabnee gorsa kennan kana murteessuun dura sirrummaa maddoota odeeffannoo mirkaneessuun barbaachiisaadha.

Sababni isaas hiriyoota keenya irraa odeeffannoo sirrii hin taane fudhannee yoo murteessine qormaata hatuu/nama irraa garagalchuu akka gaarii ta'eetti murteessuu dandeenya.

Kanaaf, hatuun/barattoota biroo irraa qormaata garagalchuun sirrii akka hin taanee xiinxaluun gorsa barsiisaa/stuun odeeffannoo dhugaa dhiyeessan irratti hundaa'uun yoo murteessine, murtii sababa irratti hundaa'ee dabarsuu dandeenya. Kanaaf, murtii kennuun dura sirrummaafi amanamummaa odeeffannoo ilaaluufi xiinxaluun hedduu murteessaadha. Barattoonni muraasni odeeffannoo sirrii hin taane irratti hundaa'uun murtii dogongora ta'e dabarsan. Kanaaf, hiriyyoonni kee akka hattuuf yookiin hachisiistuuf yoo si gorsan, kun gocha sirrii akka hin taaneefi eenyuullee kan hin fayyadne ta'uu isaa hubachisuu qabda.

Barattoonni hatanii qormaata yoo darbanillee, miidhaan isaa turtii keessa hawaasa bal'aa irratti kan raawwatu ta'uu isaa hubachuun barbaachiisaadha. Fakkeenyaaf, ogeessi fayyaa tokko qormaata nama biroo irraa garagalchuun darbee, buufata fayyaa keessatti hawaasa tajaajiluuf yoo ramadame, ogeessi kun rakkoo hawaasaa furuu caalaa miidhaa inni hawaasa sana irratti fidutu caala. Sababni isaas, ogeessi haala kanaan darbe kun sirnaan dhukkubsattoota yaaluu hin danda'uu waan ta'eefidha. Kana jechuun beekumsaafi dandeettii ogeessi fayyaa tokko gonfachuu qabu osoo hin argatiin baha waan ta'eefi.

Gaaffii Yaalii:


✓ Yaadota armaan olii irraa maal hubatte? Murtoon kennamee odeeffannoo qabatamaa irratti kan hundaa'eedha?

Gadi fageenyaan yaaduun gaaffilee bu'uuraafi rakkoolee uummata keessa jiran kaasuuf barbaachiisaadha. Gadi fageenyaan yaaduun rakkoolee adda addaa hawaasa keessatti mul'atan akka hubannuufi gaafannu nu taasisa. Kanaaf, rakkoolee wal-xaxaa ta'an furuuf ilaachaafi yaadota adda addaa keessaa filachuu, tilmaamaafi agarsiistuu yaada keenyaa akkasumas bu'aa qabatamaa mul'atu madaaluufi namoota waliin sirriitti waliigaluuf hedduu barbaachiisaadha.

Biyya keenya keessatti sonawwan bu'aa qabeessa ta'an hedduun akkuma jiran barmaatileen hin barbaachifnees ni jiru. Fakkeenyaaf, kittaanaa shamarranii yeroo ammaa hanga ta'e hir'achaa dhufeefi kanneen biroos gutuummaatti dhabamsiifamuu qaban jiru. Kanaaf, barmaatileefi gochaawwan akkasii irratti qabsaa'uufi hawaasaa keessaa dhabmsiisuun barbaachisaadha.

Yaadadhu: Gadi fageenyaan yaaduun adeemsa dimokiraatawaa dagaagsuu keessatti shoora olaanaa qaba.

Boqonnaa sadaffaa keessatti akkuma ibsametti uummatni maddaafi abbaa aangooti. Sirna dimokiraasii keessatti lammiileen mirga sagalee kennuu, imaammata madaaluu, waliin ta'uun hiree isaanii murteessuuf mirga qabu. Kanaaf, lammileen odeeffannoo qabatamaa irratti hundaa'uun murtii sababa irratti hundaa'e kennuun barbaachisaadha. Rakkoolee wal-xaxaa yeroo ammaa hawaasa mudachaa jiran kanneen akka: hiyyummaa, faalama naannoo, walitti bu'iinsa sabummaa, safuun hawaasaa cabuu, malaammaltummaa, mirgootni bu'uuraa (mirgootni namummaa) sarbamuu, buqqa'iinsa uummataafi k.k.f gadi fageessanii yaaduu dhabuun kan uumamudha. Kanaafuu, gadi fageenyaan yaaduun rakkoolee armaan olitti eeraman furuuf hedduu murteessaadha.



Fakkii 7.2 Marsaa gadi fageenyaan yaaduu

7.3 Dandeettiiwwan Gadi Fageenyaan yaaduu


Xumura barannoo kana booda:

- Dandeettiiwwan gadi fageenyaan yaaduu ni tarreessita.
- Maalummaa xiinxaluu ni ibsita.
- Maalummaa gamtaan hojjechuu ni ibsita.
- Barbaachisummaa gamtaan hojjechuu ni tarreessita.
- Malummaa rakkoo hiikuu ni ibsita.
- Kalaquun maal akka ta'e ni himta.

Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Gadi fageenyaan yaaduun maali?
- ✓ Akka barataa/ttuu tokkootti dandeettiiwwan gadi fageenyaan yaaduu qabdaa?

Barattootni dandeettiiwwan gadi fageenyaan yaaduu armaan gaditti eeraman qabaachuun irraa eegama. Kanaaf, jireenya keessan keessatti dandeettiiwwan kana fayyadamuu qabdu. Akkasumas, dandeettiiwwan kun barnoota keessanitti akka milkooftaniifi rakkoolee yeroo ammaa biyya keenya keessatti mul'achaa jiran furuuf barbaachiisaadha. Dabalataanis, rakkoolee sadarkaa biyyaa, ardiifi idil-addunyaatti mul'ataniif dandeettiiwwan kun murteessoodha. Dandeettiiwwan gadi fageenyaan yaaduu kun kanneen armaan gaditti dhiyaataniidha. Isaaniis;



Fakkii 7.3 Dandeettiiwwan gadi fageenyaan yaaduu

7.3.1 Xiinxaluu

Dandeettiiwwan gadi fageenyaan yaaduu keessaa kan jalqabaafi murteessaa ta'e dandeetti xiinxaluuti. Xiinxaluun dandeettii wanta tokko gadi fageenyaan qorachuuti. Akkuma armaan duratti ibsinee yeroo ammaa odeeffannoo maddoota garaagaraa irraa arganna. Fakkeenyaaf, hiriyaan kee tokko namoota hunda amantaan, afaan, aadaa, korniyaa, sanyiifi k.k.f irratti osoo hin hundaa'iin akka kabajuu qabdu gorsa sif kenne. Hiriyaan kee biroon immoo, maatii kee qofa kabajuu akka qabdu gorsa sif kenna. Kanaaf, Akkuma fakkeenya kana irraa hubachuun danda'amutti filannoo lama qabda; namoota hunda kabajuu yookiin immoo maatii kee qofa kabajuu. Kanaafuu, gorsi kennamee lamaan kun wal-qixa barbaachiisaa ta'uufi dhiisuu isaanii xiinxaluu qabda. Gorsi jalqaba kennamee, namni kamiyyuu dhala namaa ta'uu isaatiin kabajamuu qaba kan jedhu caalmaattti amansiisaadha.

Gama biraatiin, gorsi maatii kee qofa kabajuu qabda jedhu immoo namootni biroon maatii keetiin ala jiran kabajamuu hin qaban yaada jedhuu waan qabuuf gorsa gaarii miti. Kanaafuu, filannoowwan lamaan keessaa xiinxaluun tokko murteessuun itti gaafatamummaa keeti. Murteessuun dura garuu yaadota dhiyaatan kallattii adda addaan ilaaluun murteessaadha. Kallattii adda addaan ilaaluuf immoo sirrummaan odeeffannoo murteessaadha. Kanaaf, kallattii adda addaan qorattee yoo kan murteessitu ta'e, murtoon kee nama dhuunfaa hanga biyyooleessaatti bu'a qabeessa ta'a.

Caayaa Qo'achuu:

Daree barnootaa ati barattuu keessa barattoota walitti bu'iinsa qaban lamatu jiru. Yeroo barattoonni kun wal-lolan (rukutan) barattoonni muraasni gidduu seenuu dhiisani ilaalu, barattootni dhaabbatanii ilaalan kun walitti bu'iinsi barattoota lamaan gidduutti uumame kun karaa humna fayyadamuun qofa furmaata argataa jedhanii yaaduu. Gama biraatiin, barattootni kanneen biroon immoo barattootni waldhaban kun humna fayyadamuu dhiisanii dhimmicha irratti karaa nagaatiin marii gaggeessuun furmaata akka argatu barbaadu. Barattootni kun walitti bu'iinsi karaa nagaatiin waliin mari'achuun furamuu danda'a jedhanii amanu. Haa ta'uu malee, barattootni wal dhaban lamaan garuu karaa nagaatiin osoo hin taanee, humna isaanii fayyadamuun walitti bu'iinsa kana furuu barbaadu.

Gaaffii Yaalii:

✓ Akka ilaalcha keetti walitti bu'iinsi barattoota kanaa akkamittiin furamuu qaba? Maaliif? Gareedhaan irratti mari'adhaa.

Walitti bu'iinsi sababoota adda addaatiin barattoota gidduutti uumamuu danda'a. Haata'uu malee, walitti bu'iinsi yeroo uumamuu humna fayyadamuun osoo hin taanee, karaa nagaatiin furuun barbaachiisaadha. Ati barattoota kana dhaabattee ilaaluumoo gidduu seentee karaa nagaatiin mari'atanii akka furan barbaaddaa? Amma yaada filannoo lama qabda; tokko dhaabattee daawwachuu, inni lammataa immoo barattoonni kun rakkoo

isaanii akka mariin furan gargaaruudha. Kanaaf, yaada kamtu barbaachiisaa akka ta'ee murteessuu qabda. Barattoota kana dhaabattee ilaaluu filatte taanaan, murtii sirrii hin taane murteessite jechuudha. Sababni isaas, walitti bu'iinsi kun miidhaa qaamaa, akkasumas jeequmsa waan uumuuf adeemsa baruu-barsiisuu ni gufachiisa.

Barattootni kun walitti bu'iinsa isaanii kana mariidhaan akka furan yoo murteessite immoo murtii sirriidha. Sababni isaas, wal-miidhuun gocha bu'aa hin qabneefi adeemsa baruu barsiisuu kan gufachiisuu waan ta'eefidha. Kanaafuu, walitti bu'iinsa humnaan furuuf yaaluu irraa mariidhaan karaa nagaa furuutu barbaachiisa. Barattootni walitti bu'an kun karaa nagaan mari'atanii rakkoo isaanii akka furan murteessuun kee dandeettii xiinxaluu qabaachuufi gadi fageenyaan yaaduu kee kan agarsiisuudha. Kanaafuu, hiriyootni kee yeroo walitti bu'iinsi uumamu karaa nagaatiin akka hiikan gorsuu qabda. Barattootni dandeettii xiinxaluu qaban wanti tokko barbaachiisaa ta'uufi dhiisuu isaa, ka'uumsi isaa maal akka ta'ee kan hubataniifi, agarsiistuu dhimmichaa barattoota birootiif kanneen ibsanidha. Dabalataanis, Barattoonnii dandeettii akkasii qaban miidhaa walitti bu'iinsi fiduu danda'uu kan beekaniifi barattoota biroos kan hubachiisanidha.

7.3.2 Gamtaan Hojjechuu

Gaaffilee yaalii:

- ✓ Muuxannoo gareen hojjechuu qabdaa?
- ✓ Gareedhaan maal fa'a hojjettu?
- ✓ Bu'aa akkamii argatte?

Dandeettiiwwan gadi fageenyaan yaaduu kan biraan akka barataa/ttuu tokkootti sirraa eegamuu hiriyoota waliin gamtaadhaan hojjechuudha. Gareedhaan hojjechuun akkuma beekamu adeemsa baruu-barsiisuu milkeessuuf itti fayyadamna. Fakkeenyaaf, barsiisaan/stuun kee hojii garee yoo isiinif kennan waliin hojjechuun barbaachiisaadha. Akka miseensa garee tokkootti barattoota kanneen biroo waliin qindaa'uufi waliigaltee uumuun

rakkoolee adda addaa furuu keessatti hirmaachuu qabda. Barattootni hundi yoo waliin hojjetan hojii itti keenname sirnaan xumuruufi irraas fayyadamaa ta'u. Gocha kana barattootni karaa adda addaatiin calaqqisiisuu danda'u. Fakkeenyaaf, mana barnootaa keessatti, karoora waloo kan garee qopheessuu, hojii garee gamtaan hojjechuu, raawwii isaanii madaaluufi hojii itti kenname yeroon xumuranii galii taasisuu fa'a raawwatu.

Barattootni marii bu'aa qabeessaa taasiisuu keessatti, bakka yaadootnifi ilaalchootni adda addaa keessatti calaqqiisifaman keessatti wal kabajuun ni hirmaatu akkasumas ni madaaluu. Barattootni muraasni hojii kennamee akka hojii isaani jalqabaatti yoo fudhachuu baatan illee mormii xiqqaadhaan miira gamtaan hojjechuufi bu'uura kaayyoo waloo isaanitiin xumuramuu danda'a. Itti gaafatamtootni garee haala mijeessitoota hojii gareeti. Kanaafuu, miseensootni garee hunduu kaayyoo waliin qaban galmaan gahuuf walkabajuudhaan marii irratti ni hirmaatu akkasumas, dalagaa itti kennamee waliin hojjetanii xumuru.

Hojii garee qulqullina qabuu raawwachuuf dursiitootni garee adeemsa murtii kennuuf haala mijataa uumuufi deeggarsa barbaachisu taasisuun irraa eegama. Waliigalteen baay'ee filatamaadhaa, garuu yeroo hunda immoo hin danda'amu. Gamtaadhaan hojjechuun miira waldeeggarsaafi hariiroo cimaa uumuuf barbaachiisa. Kanaaf, amalootaafi dandeettiiwwan armaan gadii hojiirra oolchuun murteessaadha. Isaanis:

- ❖ Wal-deeggarsaan hojjechuu
- ❖ Miira itti gaafatamummaa
- ❖ Carraaqqii adda addaa taasisuun, yaadaafi gorsa kennuun gareedhaaf gumaachuu
- ❖ Qunnamtii gaarii uumuu
- ❖ Yaadota, duudhaaleefi garaagarummaa dhuunfaa walii kabajuudha.

Gaaffilee yaalii:

- ✓ Hojii waloo keessatti dhimmi baay'ee si gammachisuu maali?
- ✓ Hojii waloo keessatti wanti baay'ee rakkisoo/ulfaatoo ta'e maali?



Fakkii 7.4 Barattoota Gareedhaan Mari'atan

Caayaa Qo'achuu:

Akkuma armaan dura ibsameetti hojiin garee milkaa'ina adeemsa baruu barsiisuuf murteessaadha. Gareen kubbaa miilaa biyyooleessa Itoophiyaa (waaliyaan) garee biyyooleessa biyyoota biroo waliin yommuu taphatuu televijiniin daawwattee beektaa? Barataan/ttuun garee isaa keessatti akkuma taphattoonni kubbaa miilaa waliin hojjechuun galchii murteessaa garee isaaniif lakkoofsiisan hojii garee isaaniif kennamee gamtaadhaan hojjechuun xumurutu irraa eegama. Tapha kubbaa miilaa keessatti injifataan galchii akka lakkoofsiisuuf taphattoonni garee isaa dirree keessatti argaman hunduu qindoominaan hojjetanii kubbaa xumuraa isaan gahu, injifataaniis gara galiitti jijjiira. Barsiisaan/tuun, barattoonni akkamitti barattoota biroo waliin akka hojjetan qofa osoo hin taanee, barannoo sana sirritti akka hubatan barbaadu. Kanaafuu, barattootni hundi adeemsa baruu barsiisuu keessatti yoo qindoominaan hirmaataniifi hojjetan fooyya'iinsa qabxii barattootaaf gumaacha olaanaa qaba.

Gaaffii Yaalii:

✓ Qo'annaa caayaa armaan olitti dhiyaate irraa maal baratte?

7.3.3 Kalaqa

Dandeettiiwwan gadi fageenyaan yaaduu barbaachiisaa ta'an keessaa kan biroon, dandeettii kalaqaafi argannooti. Kalaqni/argannoon furmaata yookiin mala kanaan dura rakkoo tokko furuuf hojii irra hin oolle dhiyeessuudha. Akkasumas, hojii yookiin furmaata kanaan dura jiruu fooyyeessanii dhiyeessuufi haaraa kalaquun rakkoo mul'atuuf dandeettii furmaata kennuu of keessatti qabata. Akka barataa/ttuutti hojii/gocha siif kenname tokkoof yaada haaraafi adda ta'een dhiyeessuun amala waa kalaquu qabaachuu agarsiisa.



Fakkii 7.5 Kalaqa

Caayaa Qo'achuu:

Daree barnootaa ati barattuu keessa barattoota 35tu jiraa haa jennu. Barattoota kanneen keessaa barataan tokko maatii harka qalleessa irraa kan dhufeefi kitaaba wabii barnoota isaa deeggaruu bitachuu hin danda'u. Kitaaba kana bitachuun barattoota hundaaf baay'ee muteessaa akka ta'e hubadhu. Barattoota baay'ee keessaniif kitaaba kana maatiin keessan isiinif bitan haa jennu. Sababni isaas maatiin keessan kana raawwachuuf humna dinagdee waan qabaniifidha. Barataan maatii harka qalleessaa irraa dhufe garuu kitaaba wabii kana waan hin qabneef bu'aan/firiin inni galmeessisee hamma barbaadamuufi hojjechuu danda'uu gadi bu'aa deeme. Wanti hubachuu qabdu, isin sababa kitaaba wabii kana qabaachuu keessaniin baay'ee fayyadamaa taatanii jirtu.

Kanaafuu, barattootni daree keessanii hiriyaa isaanii deeggaruuf murtee tokko irra gahan; murtiin kunis, barattootni hundi maatii isaanii irraa qarshii akka fidan gochuun barataa kanaaf kitaaba wabii bituudha. Maatii keessan irraa qashii 35(soddomii shan) maallaqa Itoophiyaa walitii qabdan haa jennu. Baay'inni barattoota maallaqa kana walitti qabanii 34(soddomii afuri)dha. Kana jechuun barataan/ttuun tokko gahee barataa/ttuu lamaa gumaacha taasiseera/teetti. Haaluma kanaan amma yeroo gara kuusaa kitaabaa naannoo keessanitti argamuu deemuun kitaaba wabii hiriyaa keessaniif bittanidha. Namni kitaaba gurguru maallaqa kanaan kitaaba wabii bituu akka hin dandeenye isinitti hima. Gatiin kitaaba kanaa qarshii 40(afurtama) yommuu ta'uu qarshiin isiin qabdan immoo 35(soddomii shan) qofa. Haa ta'uu malee, kitaaba kana bituun dirqamadha haa jennuu. Kaanaaf, carraaqqii taasistan abdii kutattanii dhaabdumoo kalaqa yookiin mala biraa fayyadamuun kitaaba kana bittuu?

Barataan daree keessanii tokko yaada haaraa dhiyeesse. Innis carraa biraa yaaluu akka qaban hiriyoota isaa amansiise. Barataan kun, dhaabbanni barattoota maatiin isaanii harka qalleessa ta'aniif deeggarsa kitaaba wabii taasisuu naannoo isaanitti akka argamuufi dhaabbata kana mariisisuu akka qaban yaada isaa barattoota dareef dhiyeesse. Yaada dhiyaatee irratti barattoonni hundi waan waliigalaniif dhaabbata naannoo isaanitti argamu gaafachuun kitaaba wabii hiriyaa isaaniif kennuun, barataa yaada haaraa dhiyeesseefi dhaabbata gargaarsa taasisee galateeffatanii gammachuudhaan waliin taphachaa deeman.


Gaaffilee Yaalii:

- ✓ Caayaa armaan olitti dhiyaate irraa barnoota akkamii argatte?
- ✓ Barattootni akkamitti yaada kalaqa haaraa dhiyeessuu danda'u?

7.3.4 Rakkoo Hiikuu

Rakkoo hiikuun dandeettiiwwan gadi fageenyaan yaaduu keessaa tokko ta'ee, keessattu barattoonni kan dagaagfachuu qabanidha. Daandii milkaa'inaafi hojii keenya irrattii gufuuwwan mudatan malaan keessa darbuun dandeettii rakkoo hiikuu qabaachuu agarsiisa. Kanaaf, dandeettiin rakkoo hiikuu jireenya keenya keessatti rakkoolee mul'ataniif dandeettii furmaata kennuu qabaachuudha. Naannoo mana barnootaattis rakkooleen hedduun sochii keenya guyyuu keessatti jiraachuu danda'a. Kanaaf, rakkooleen nu muudatan kun sadarkaa isaanitti furmaata kan barbaadan ta'uu isaa hubachuun barbaachiisaadha. Haaluma kanaan, walitti dhufeeenyaafi hojii keenya keessatti rakkoolee uumaman hundaaf furmaata kennuun nama hundaaf barbaachisadha. Fakkeenyaaf, ati ragaa barattoota/hiriyoota kee walitti bu'aniiti haa jennu. Walitti bu'iinsi kun osoo hin uumamiin dura barattoonni walitti bu'aniifi atii wal deeggaruun waliin qo'attuu ture. Mana barnootaa keessatti atiifi hiriyoonni kee waliin qayyabachuun beekamtu. Haa ta'uu malee, sababa walitti bu'iinsi kun hiriyoota kee gidduutti uumameen akka duraanii waliin qayyabachaa hin jirtan. Walitti bu'iinsi hiriyoota kee gidduutti uumamee kun obboolummaa keessaniifi qabxiin barnootaan galmeessistan akka gadi bu'u taasiseera. Kanaafuu, walitti bu'iinsi kun kan hiriyoota waan ta'eef waliin taatanii furuun isinirraa eegama.Walitti bu'iinsa kana furuu yoo hin dandeenye milkaa'ina barbaadamu irra gahuun ni ulfaata. Kanaaf, rakkoo uumame kana furuufi hiriyoota kee walitti fiduuf murteessitee haa jennu. Haa ta'uu malee, kana raawwachuun dura sababa walitti bu'iinsa hubachuun barbaachisaadha. Sababoota hiriyootni kee dhiyyeessani sirritti dhaggeeffachuu qabda. Kanaaf, carraa itti yaada isaanii dhiyeessan kennuufin yaada isaanii akka ibsatan taasisi. Yaada isaanii sirritti erga dhaggeeffatteen booda, furmaata hiriyoota kee lamaaniif qubsaafi amansiisaa ta'ee

wiixineessuun haala mijeessuun sirraa eegama. Kana raawwachuuf immoo sababa irratti hundaa'uun walitti bu'iinsa hiriyoota kee gidduutti uumame furuu dandeessa.



Fakkii 7.6 Rakkoo hiikuu

Gudunfaa:

Dandeettiin odeeffannoo xiyyeeffannoon yookiin sababa irratti hundaa'uun xiinxaluufi murtii sababa irratti hundaa'e kennuu akka gadi fageenyaan yaaduutti ilaalama. Kunis, maddoota odeeffannoo adda addaa kanneen akka wantoota qabatamoofi qabatamoo hin taanee sakatta'uu gaafata. Addunyaa si'anaa keessatti maddoota odeeffannoo hedduutu jiru. Odeeffannoon hiriyaa, barsiisaa/stuu, ollaa, teleevijinii, raadiyoo, gaazeexaawwan, kitaabilee, fiilmii, sab-qunnamtii hawaasaa kanneen akka feesbuukiifi k.k.f. irraa argama.

Gadi fageenyaan yaaduun odeeffannoo walitti qabu qofa osoo hin taanee, sirrummaa odeeffannoo xiinxaluun murtoo kennuu kan gaafatudha.

Gama biraatiin, beekumsa qabaachuufi dandeetti yaadachuu cimaa qabaachuun qofti gadi fageenyaan yaaduu hin mirkaneessuu. Namni dandeettii gadi fageenyaan yaaduu qabu; bu'aa beekumsaa kan beekuu, rakkoo hiikuuf odeeffannoo akkamitti akka fayyadamuu kan hubannoo qabaachuufi maddoota odeeffannoo amanamoo irraa kan odeeffannoo fudhatuudha. Gadi fageenyaan yaaduun faayidaa hedduu qaba. Isaan keessaa; gadi fageenyaan yaaduun rakkoolee adda addaa hawaasa keessatti mul'atan akka hubannuufi gaafannuu taasisa. Kanaaf, rakkoolee wal-xaxaa ta'an furuuf ilaachaafi yaadoota adda addaa keessa filachuu, tilmaamaafi agarsiistuu yaada keenyaa akkasumas bu'aa qabatamaa mul'atu madaaluufi namoota waliin sirriitti waliigaluuf hedduu barbaachiisaadha. Dabalataanis, rakkoolee wal-xaxaa yeroo ammaa hawaasa mudachaa jiran kanneen akka: hiyyuummaa, faalama naannoo, walitti bu'iinsa sabummaa, safuun hawaasaa cabuu, malaammaltummaa, mirgootni bu'uuraa (mirgootni namummaa) sarbamuu, buqqa'iinsa uummataafi k.k.f gadi fageessanii yaaduu dhabuun kan uumamudha. Kanaaf, dandeettiiwwan gadi fageenyaan yaaduu dagaagsuun rakkoolee kana furuuf murteessaadha.

Hiika Jechootaa:

Gadi fageenyaan Yaaduu:-Dandeettii waan tokko sababa irratti hundaa'uun xiinxaluufi murtii kennuuti. Kunis, of danda'anii yaaduu of keessatti qabata.

Gamtaan hojjechuu:-Tuuta gochaawwanii gareen raawwatamuu ta'ee, galmaafi kaayyoo tokkoof raawwachuudha. Kunis, qindoominaan kan raawwatamuu ta'ee waliin hojjechuun dhuunfaan hojjechuu caalaa bu'aa argamsiisa yaada jedhu kan qabudha.

Kalaqa:-Dandettii waan haaraa yookiin mala addaa kan kanaan dura hin turre rakkoo furuuf gargaaruu dhiyeessuuti.

Rakkoo furuu:- adeemsa yookiin gocha rakkooleef fala barbaaduuti.

Xiinxaluu:-adeemsa wanta tokko xiyyeeffannoon hubachuufi kallattii adda addaatiin qorachuudha.

Gaaffilee Keessa Deebii

I. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif yoo sirrii ta'e "dhugaa" yoo sirrii hin taane immoo "soba"jechuun deebisi.

1. Maddootni odeeffannoo hundi amanamoodha.
2. Gadi fageenyaan yaaduun odeeffannoo walitti qabuu qofa.
3. Odeeffannoo tokko osoo hin xiinxaliin fudhachuun balaa qaqqabsiisuu danda'a.
4. Gadi fageenyaan yaaduun faayidaalee hedduu qaba.
5. Gamtaan hojjechuun dandeettiiwwan gadi fageenyaan yaaduu barattoota hundaaf barbaachiisudha.

II. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii sirrii ta'ee filachuun deebisi.

1. Kanneen armaan gadii keessaa gadi fageenyaan yaaduu ilaachisee kamtu sirriidha?

   A. Gadi fageenyaan yaaduun dandeettii odeeffannoo xiinxaluuti

   B. Gadi fageenyaan yaaduun dandeettii bal'isanii yaaduu dagaagsa

   C. Gadi fageenyaan yaaduun dandeettii adeemsa dimokiraatawaa babal'isa

   D. Hunda

2. Dandeettiiwwan gadi fageenyaan yaaduu keessaa dandeettii waan tokko gadi fageenyaan qorachuu kan ibsu kami?

   A. Kalaqa C. Gamtaan hojjechuu

   B. Xiinxala D. Rakkoo hiikuu

3. Dandeettiiwwan gadi fageenyaan yaaduu keessaa dandeetti namoota biroo waliin hojjechuu qabaachuu kan agarsiisuu isa kami?

A. Rakkoo hiikuu
C. Kalaqa
B. Xiinxala
D. Gamtaan hojjechuu

4. Dandeettiin yaada haaraa kanneen biroo irraa adda ta'ee dhiyeessuu maal agarsiisa?

A. Gamtaan hojjechuu
C. Xiinxala
B. Kalaqa
D. Rakkoo hiikuu

5. Daandii milkaa'inaa yookiin hojii raawwannuu keessatti guufuuwwan nu muudatan furuun keessa darbuu kan nu dandeessisuu isa kami?

A. Rakkoo hiikuu
C. Xiinxala
B. Kalaqa
D. Gamtaan hojjechuu

BARNOOTA LAMMUMMAA KITAABA BARATAA

KUTAA 7FFAA